

Og-Aartiiwan

Kitaaba Barattootaa



Kutaa 6



Kitaaba Kana Haala Gaariin Qabachuun itti Fayyadami !!



**Kitaabni kun qabeenya keefi kan mana barnootaa
keetii waan ta'eef, akka hinbanne yookiin hinciccinne
haala gaariin qabadhu. Kana gochuuf immoo,
qabxiilee armaan gadii hojirra oolchi:**

1. Kitaabicha wantoota akka laastikii, gaazexaafi waraqaalee adda addaan gama-li/haguugi.
2. Yeroo hundaa kitaabicha bakka qulqulluufi gogaa kaa'i.
3. Yeroo kitaaba qabattu harka jiidhaafi xuraawaan hintuqin.
4. Kitaabicha irratti hinbarreessin.
5. Kitaabicha keessa dabtara yookaan kitaaba biroo hinkaa'iin.
6. Fuula kitaabichaa kamiyyuu keessaa kuttee hinbaasin.
7. Fuula cite yookaan tarsa'e kamiyyuu hapheessuun suphi.
8. Kitaabicha yeroo boorsaa (kaalixa) kee keessa kaawwattu of eeggannoon iddo qabsiisi.
9. Kitaabicha yeroo namatti laattus ta'u yeroo keessu hindarbatiiin.
10. Yeroo fuula kitaabaa garagalchitu roga isaa qabachuun garagalchi. Kun immoo, kunuunsa qola kitaabichaaf fayyada.

Barreessitoota:

Kabbabush Lammeessaa

Lammii Beenyaa

Lubaabaa Jamaal

Gulaaltota:

Damee Tolinaa

Danda'aa Boggaalaa

Taaddasaa Dinquu

Madaaltota

Dhaqqaboo Guyyee

Dirribaa Maammoo

Ismaa'el Hasan

Giraafiksii:

Taaddasaa Dinquu



© Biirro Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

Kitaabni kun walta'iinsa Biirro Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii
Barnoota Barsiisotaa Asallaatiin bara 2014/2022 qophaa'e.

Mirgi abbummaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama
Biirro Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e muraasan
maxxansuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

Baafata

Qabiyyee

Fuula

BOQONNAA 1 HUBANNOO ARTISTAWAA.....	1
1.1 . Wixineen bu'uura barnoota Og-Argaa	3
1.2. Furtuu Meejariifi Maayinarii.....	10
1.3. Og-Tiyaatiraafi Og-Fiilmii.....	20
Boqonnaa 2 DANDEETTII KALAQAA	53
2.1. Yeedaloo Rukuttaa Sasalphaa Kileefota Irratti Barreessuu	55
2.2. WIXINEE DIBA HALLUUFİ MAXXANSAA.....	64
2.3. Ibsa yaadaa Tiyaatiraafi Suur-Sagaleen.....	71
Boqonnaa 3 HAALA QABATAMAA AADAAFI SEENAA....	79
3.1 Seenessa Og-tiyaatira Fayyadamuun Agarsiisuu	80
3.2 Meeshaalee Muuziqaa Aadaafi Shubbisa Aadaa.....	83
3.3. Dur-durii Og-argaa Fayyadamuun Fakkeessanii Agarsiisuu.....	88
Boqonnaa 4 Hawwanna Ogaartiiwanii.....	94
4. Beekumsa Xabboo Hawaasaa Ogaartiiwaniiin.....	94
4.1. Beekumsa Xabboo Hawaasaa Og-tiyaatiraan Raajeffachuu.....	95
4.2. Beekumsa xabboo hawaasaa og-argaan raajeffachuu.....	102
4.3 Beekumsa Xabboo Hawaasaa Muuziqaan Raajeffachuu.....	111

Boqonnaa 5 Hidhata Og-aartiiwanii.....118

5. Hariiro Og-Aartiiwan dhimmoota Bilbiltuu Wajjiin qaban	118
5.1. Og-aartiiwan akaakuu barnoota biroo waliin walitti Hidhuu.....	119
5.2. Hariiroo Og-aartiiwan Dhimmoota Bilbiltuu Waliin Qabu.....	133

BOQONNAA 1

HUBANNOO ARTISTAWAA

1. AMALOO TA HOJII OG-AARTIIWWANII

Bu'aawwan Barannoo Boqonnaa Kanaa:

Xumura Barnoota Boqonnaa kanaatti:

- Hiika wixinee nibeekta.
- Hidhata wixineen akaakuuwan og-argaa kan biro wajjiin qabu niraajeffatta.
- Faayidaa wixineen akaakuuwan og-argaa kan biroo keessatti qabu adda nibaafatta.
- Furtuu meejariifi maayinarii adda baastee nibeekta.
- Piichiifi mallattoon furtuu maal akka ta'an nihubatta.
- Maalummaa og-tiyaatiraafi og-filmii ni ibsita.
- Qophii tiyaatiraa ni hubatta.
- Adeemsa bartaphee barreessuu nibarta.
- Maalummaa taphee nihubatta.

Seensa

Wixineen ka'uumsa hojii og-argaa hundaa ta'ee, namni tokko hojiiwan og-argaa tokko hojjechuun dura yaada isaa wixineen gabbifata. Wixineen wanta naannoo keenyatti uumamaan yookiin nam-tolcheen argamu tokko akkaataa hiika qabeessa ta'een/ ergaa dabarsuu

danda'utti waraqqaafi wantoota biroo wixineen irratti hojjetamuu danda'u irratti fakkeessuu ta'ee, karaa yaada, miira, fedhiifi hawwiin sammuu namaa keessatti uumame tokko gara qabatamaatti ittiin jijiiramudha. Kunis, meeshaalee kanneen akka qubeessaa, cilee, boronqii, kobbeefi kan kana fakkaataniin wantoota hojiif mijatoo ta'an fayyadamuun kan ittiin hojjannuudha.

Akkasumas, hiikaafi akaakuwwan caacculee muuzigaafi shubbisaa, kileefota irratti maqaa nootaalee moggaasuu, iskeelota furtuu meejariifi maayinarii hanga tokko, ga'eefi faayidaa isaan muuziqaa barachuu keessatti qaban barattee jirta. Barnoota boqonnaa kanaa keessatti immoo furtuu meejariifi maayinarii itti aananii jiran, akkasumas, piichiifi mallattoo furtuu hiikaafi faayida isaanii nibaratta.

Dabalataan caacculee bartaphee tiyaatiraaf barbaachisan barattee jirta. Waan kutaalee darban keessatti baratte yaadachuun barnoota kutaa kana keessatti barattuuf bu'uura siif ta'a. Qabiyyee mata duree kanaa jalatti maalummaa og-tiyaatiraa, taphee, qophii, haala itti bartaphee barreessaniifi maalummaa og-tiyaatiraa kan barattu ta'a.

1.1 Wixinee Bu'uuraa Barnoota Og-Argaa

Ga'umsa barachuu yoo xiqlaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura barnoota mata duree kanaatti:

- Hiika wixinee nihimta.
- Akaakuuwan wixinee nitarreessita.
- Wixineetti gargaaramuun wantoota sasalphaa ta'an nihojjetta.
- Faayidaa wixineen akaakuuwan og-argaa kan biroo keessatti qabun ni ibsita.

1.1.1. WIXINEE

Gocha 1.

Fakkii qubeessaan yookiin kobbeedhaan yeroo namni biroo hojjatu argitee beektaa? Ati hoo hojjattee nibeektaa? Yoo kan beektu ta'e, kan akkamiiti? Akkamiinis hojjatama?

Wixineen tooftaa hojiin og-argaa ittiin jalqabamu, karoorsamuufi hojjetamu keessaa isa tokko ta'ee, sararaafi boca irratti xiyyeffachuun kan dalagamuudha. wixineen wantootaa sarara qofaan kan bakka buusuuf hojjetamu jechuudha.

Wixinee jechuun wanta naannoo keenyatti uumamaan yookiin namtolcheen argamu tokko akkaataa hiika qabeessa ta'een mala qubeessaa, cilee, boronqii, kobbeefi kan kana fakkaataniin fayyadamuun waraqqaifi wantoota biroo irratti adeemsa fakkii isaanii bakka buusuun fakkeessuti.

Kunis, karaa yaadni sammuu namaa keessatti uumame tokko gara qabatamaatti ittiin jijjiiramu yoo ta'u, hojjaafi dheerina qofa kan

qabuufi kallattii tokko qofaan kan mul'atudha. Kuniis, dirra diriiraa/wal qixxaataa ta'e waan qabuuf ol kaasamuun hin danda'u jechuudha.

Wixineen ogummaa jaalatamaafi isa bu'uraa namoonni yaada isaanii (gammachuu, gadda, hawwii, miira, seenaa, aadaafi kan kana fakkaatan) ittiin ibsataniidha. Wixineen seenaa nutti hima, nuhubachiisa, nudadammaksa, nubashannansiisa, odeeffannoo gahaa ta'e nuuf dabarsa. Ilmi namaa yeroo holqa/bowwaa keessa jiraachaa turelleee dirra holqaafi dhagaa fuula diriiraa ta'e qabu irratti dhagaa qara qabuufi cilee gargaaramuun yaada isaa ibsachaa tureera.

Wixineen ka'uumsa akaakuu og-argaa hundaa yoota'u, namni wixinee sirriitti wixineessuu hin danda'u taanaan diba halluu, bobboca, maxxansafi kan kana fakkaatan sirriitti hojjechuuf nirakkata/itti ulfaata. Kanaaf, namni hojii og-argaa hojjechuu barbaadu tokko dursee wixinee sirriitti shaakaluun isa ijoofi barbaachisaadha. Kana jechuun, wixineen gosoota og-argaa kan akka: Diba halluu, giraafiksii, koolaajii, moozaayikii, bobbocaafi kan kana fakkaataniif bu'uura. Fakkeenyaaaf, namni tokko jecha tokko yookiin hima tokko barreessuuf qubeewwan jiran beekuun akka isa irraa eegamu hunda, hojii og-argaa qindaa'e tokko halluun miidhagsuuf yookiin bobbocaan hojjechuuf wixinee shaakaluun baay'ee barbaachisaadha.

Wixinee bakka gurguddaa lamatti goodnee ilaalla. Isaanis: **Wixinee Meeshaalee safara qabu gargaaramuun kan hojjetamu fi wixinee harkaa bilisaan hojjatamu (meeshaa safara qabu osoo hin gargaaramiin kan hojjetamu) jechuudha.**

1. Wixinee Meeshaalee Safari Qabu Gargaaramuun Kan Hojjetamu:

Wixinee meeshaalee safara qabuun hojjattamu yeroo jedhamu, sarara

tokko sararuuf sarartuutti kan gargaaramnu yoo ta'e, akkasumas geengoo tokko geengessuuf meeshaa kan birootti kan fayyadamnu yoo ta'e, meeshaa safara qabu fayyadamu keenya ibsa jechuudha. Fakkenyaaf, fakkiiwan kanneen akka kaartaafi kan kana fakkaatan kaasuuf mala iskuweeriitti gargaaramnee kan hojjennu yoo ta'e jechuudha. Akkasumas wixineen haala kanaan hojjetamu kofti isaa kan beekamufi salphaatti kan safaramudha. Kunis, yeroo baay'ee danaalee ji'oomeetiriifi hojii arkiteekcharii (sirna ijaarsa manaa) keessatti kan itti gargaaramnuudha.

2. Wixinee Meeshaalee Safari Qabu Osso Hin Gargaaramiin Kan Hojjetamu:

Meeshaa safari hin qabne jechuun sarartuufi kan kana fakkaatan osso hin gargaaramiin harka keenyaan qubeessa, kobbee, cileefi kan kana fakkaatan fayyadamuu wixinee hojjetamu jechuudha. Meeshaalee safaraf oolan osso hin fayyadamni wixineen hojjetamu kofa isaa salphaatti safaruufi adda baasuf kan nama rakkisu ta'uun danda'a.

Akkaataa ittiin hojjetamu irratti hundaa'uun wixineen garaagarummaa niqaba. Wiixineen daawwachaa wixinamu, wanta fakkeeffamu tokko waliin caalaatti wal fakkeessuuf tooftaa isa filatamaadha. Fakkiin daawwachaa wixinamu kun akkaataa lamaan wixinama. Isaanis:

- A. Wixinee saffisaan hojjetamu**
- B. Wixinee suuta qo'annaan hojjetamu**

A. Wixinee Saffisaan Hojjetamu

Gosti wixinee kanaa baay'inaan kan fayyadu wantoota sochii ariifachiisaa irra jiran battaluma ijaan ilaaluun sararoota qofatti fayyadamuu kan wixinnuudha. Akkasumas, yaada sammuu keenya keessatti yaadne tokko atattamaan osso yaadni sun nujalaan hin badin/ hin irraanfatin

yaada keenya waraqaa irra kan ittiin kaawwannu jechuudha.

Wixineen kun saffisa daqiqaa muraasa keessatti kan hojjetamu yoo ta'u, wixineen haala kanaan hojjetamu miiraafi sochii wantoota sararootatti fayyadamuun bifa salphaa ta'een waraqaa/waan irratti hojjechuuf mijatu/ irratti karaa ittiin mul'isnuu jechuudha. Wixineen akaakuu kanaan hojjetamu akka wixinee suuta itti yaadamee qo'annaan hojjetamee guutuu miti.

Fakkeenyaaaf, fakkii asii gadii kan yeroo ilaalluu wantoonni fakkicha irrattii mul'achuun irraa eeggamu kan akka miiraa, ifaafi gaaddisaa, lallaafinnaafi shaakara'inna dirraafi kan kana fakkaatan otoo hin ibsamiiin hojjatameera.



Fakkii 1:1. Fakkii wixinee saffisaan hojjetame agarsiisu

B. Wixinee Suuta Qo'annaan Hojjetamu

Gosti wixinee kanaa, wanta fakkeeffamu tokko akka wanta hojjatamu barbaadame sana fakkaachu dada'uutti /gara dhugaatti siquutti/ fakkeessuuf fayyada. Wixineen suuta qo'annaan hojjetamu xiyyeeffannaafi xiinxala guddaadhaan yeroo dheeraa fudhannee akkaataa miidhagaafi ergaa guutuu ta'e dabarsuu danda'utti itti yaadamee kan hojjetamudha.

Akkaataan hojii kanaa kan irratti xiyyeffatu hanga waan fakkeeffamu sanaa haalaan madaaluu, amala lallaafinaafi jajjabinaa eeggachuu, ifaafi gaaddisni sirriitti agarsiifamuu isaa, sochiifi miira ibsamuu barbaadame sana haala gaariin adeemsa ittiin hojjetamuudha.



Fakkii 1:2. Fakkii wixinee suuta hojjetamee agarsiisu.

Shaakala 1.

Fakkii wixinee saffisaan hojjetame, asii gadii kana ilaali qubeessaadhaan irra deddeebi'uun wixiniitii dareef dhiyeessi. Erga dhiyeessiteen booda, barattoonni daree keefi barsiisaan/tuun irraa yaadni fooyya'insaa **siif kennamu** hojii kee isa itti aanu midhaagsitee akka hojjettuuf sigargaara.



Fakkii1:3. Fakkii wixinee saffisaan hojjetame

Shaakala 2.

Fakkii wixinee suuta hojjetame asii gadii kana ilaali qubeessaa gargaaramuun wixinii dareef dhiyeessi. Barattoonni dareekeefi barsiisaan/tuu Yaada siif kennan irratti hundaa'uun ciminaafi hanqinakee of madaali.



Fakkii 1:4. Fakkii wixinee suuta qo'annaan hojjatame

1.2. Furtuu Meejariifi Maayinarii

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura barnoota mata duree kanaatti:

- Furtuu meejariifi maayinarii adda baastee nihimta.
- Iskeelii meejariifi maaynaarii ni ijaarta
- Hariiroo furtuu meejariifi maayinarii iskeelii gidduu jiru ni ibsita.

Gaaffiwwan Hubannoo 1

- Furtuu maayinarii sagalee muuziqaa miira akkamii ijaaruudhaaf fayyadamina?
- Waa'ee iskeelii meejariifi maayinarii maal beekta?

Furtuu muuziqaa meejariifi maayinarii adda baasanii beekuun dandeettii muuziqaa isa bu'uuraati. Muuziqeessaan yookiin namni muuziqaa qindeessu/taphatu tokko muuziqaa sirrii ta'e uumuuf garaagarummaa furtuuwan lamaan gidduu jiru adda baasuun barbaachisaadha. Furtuuwan kana Karaa salphaa lamatti fayyadamuun garaagara baasuun nidanda'ama. Isaanis:

Inni jalqabaa, Yeroo muuziqaa dhaggeeffannu miira sagaleen sun nu keesssatti uumu irratti hundaa'uun gargar baasuun nidanda'ama. Kana jechuun furtuu meejarii kan jennu yeroo muuziqaan taphatamu sagalee olka'aa ta'ee kan akka miira gammachu, miira nama jajjabeessu, hamilee namatti horuufi nama kakaasu itti uumamaniidha.

Furtuu maayinarii kan jennu immoo yeroo muuziqaan taphatamu iddo sagaleen gadi bu'aa itti uumamu kan argisiisuudha. Inni lammaffaan, furtuu meejariifi maayinarii sagalee nootaa jalqabaa/ka'uumsaafi

iskeelii itti fayyadaman irraa ka'uun adda baasuun nidanda'ama.

Iskeeliin: Tuuta piichiawan muuziqaa tartiibaan dabalaan deemuu yookiin hir'isaa deemuun barreeffaman ykn taphatamaniidha. Kana jechuun iskeeliin tartiiba sagalee qindaa'aa ta'eeti jechuudha.

Gocha 2.


1. Iskeeliin maali?
2. Iskeelii meejariifi maaynaarii akkamitti adda baasuun danda'ama?

Akkuma olitti ibsametti, iskeeliin tartiiba sagalee qindaawaa ta'ee, innis akkuma aadaa biyya tokkootti akaakuwwan garagaraatu jira. Fakkeenyaaaf iskeeliin warra dhihaa biratti beekamu diyaatoniiki iskeelii yoo ta'u piichiawan garagaraa torba of keessaa qaba. Innis tartiibni isaa tarkanfii guutuufi tarkanfii walakkaa of keessaa qaba.

Oktaavii jechuun immoo, sagalee saddeettaffaa irratti qal'atee kan of deebisu jechuudha. Furtuu piyanoo akka fakkeenyatti yoo fudhanne fageenyi furtuu adiifi gurraacha gidduu jiru tarkaanfii walakkaa (semi tone) yeroo ta'u, fageenyi furtuu adii lama gidduu jirufi tarkaanfii guutuu (tone) yoo ta'u, furtuu adii walitti aanan lamaan (**B** fi **C**, **E** fi **F**) gidduu jiru garuu tarkaanfii walakkaadha.

Akkumas, fageenyi furtuu gurraacha tokkoofi kan biroo itti aanu gidduu jiru tarkaanfii guutuudha. Isaaniis, furtuu meejarii yeroo ijaarru sagalee **3^{ffaa}** fi **4^{ffaa}** akkasumas **7^{ffaa}** fi **8^{ffaa}** gidduu yeroo hundaa tarkaanfii walakkaa yeroo ta'u kan hafan hundi tarkaanfii guutuudha.

Innis, adeemi tartiiba isaa guutuu- guutuu- walakkaa- guutuu- guutuu- guutuu-walakkaa (tone, tone, semitone, tone, tone, tone, semitone) ta'a jechuudha. Akaakuu furtuu piyanoo irratti akka asii gaditti Kaa'ame ilaali adda baafadhu.



Fakkii 1:5. Fakkii Kiboordii tartiiba furtuuwwan sagalee irra jiru agarsiisu

Fakkeenyaaaf iskeeliin A meejarii A-B-C#-D-E-F#-G#-A ta'a. Akkuma iskeelii meejarii, iskeeliin maayinariis tartiiba tarkaanfii murtaa'aa ta'e tokko hordofeetu qindeeffama. Innis, guutuu-walakkaa-guutuu-guutuu-walakkaa-guutuu-guutuudha.

Fakkeenyaaaf, iskeeliin a-maayinarii, **a-b-c-d-e-f-g-a** ta'a.

Tarkaanfiwwan guutuufi walakkaa sagalee nootaa jalqabaa /ka'uumsa/ irratti hundaa'uun bifa gara garaatiin yeroo tartiibeffamman iskeelii meejariifi maayinarii muuziqaa kan miira addaa sagalee jabaafi laafaa qabu uumu. Kun immoo furtuun muuziqaa miira akkasii uuman akka furtuu meejariifi furtuu maayinariitti qoodaman taasisa.

1.1.2. Furtuu Meejarii

Akkaataa ijaarsa furtuu meejarii kiiboordiifi gabatee muuziqaa asii gadii irratti kaawwaman walsimsiisuun qayyabadhu.

A diagram showing a piano keyboard with notes C through C. Below it is a musical staff with a treble clef, eight notes labeled 1 through 8, and a circled 1 at the end.

Fakkii 1:6. Fakkii Hariiroo kiiboordiifi gabatee muuziqaa agarsiisu

Tarkaanfiwwan furtuu B^b filaatti meejarii gabatee muuziqaa gadiirra jiran qayyabadhaa.

The musical notation consists of a single treble clef staff with seven notes. The notes are represented by vertical stems with small circles at the top. Below each note, there is a label: 'G', 'G', 'W', 'G', 'G', 'G', and 'W'. The notes are connected by thin horizontal lines between them, forming a continuous melody.

5. Iskeelii B^b meejarii gabatee muuziqaa irratti agarsiisu

Furtuu kiiboordiifi gabatee muuziqaa olii wal-bira qabuuntarkaanfiwwan gadii qayyabadhu.

1. C - D gidduu -tarkaanfii guutuu(G)tu jira
2. D - E gidduu -tarkaanfii guutuu(G)tu jira
3. E - F gidduu -tarkaanfii walakkaa(W)tu jira
4. F - G gidduu -tarkaanfii guutuutu(G) jira
5. G - A gidduu -tarkaanfii guutuutu(G) jira
6. A - B gidduu -tarkaanfii guutuutu(G) jira
7. B - C tarkaanfii walakkaa(W)tu jira

Gabatee muuziqaa gadii irratti mallattoon nootaa barreeffame iddo ka'uumsaa maqaa furtuuti.

Fakkeenya

Furtuu C Meejarii

The musical notation consists of a single treble clef staff with one note. The note is a circle with a vertical stem and a small circle at the top, positioned near the bottom of the staff.

Furtuu D Meejarii

The musical notation consists of a single bass clef staff with one note. The note is a circle with a vertical stem and a small circle at the top, positioned near the middle of the staff.

Furtuu F Meejarii

The musical notation consists of a single treble clef staff with one note. The note is a circle with a vertical stem and a small circle at the top, positioned near the middle of the staff.

Furtuu B^b Meejarii

The musical notation consists of a single bass clef staff with one note. The note is a circle with a vertical stem and a small circle at the top, positioned near the bottom of the staff.

Furtuu G Meejarii



Furtuu A Meejarii



Gocha 3

1. Maqaa furtuu meejarii nootaalee gadii fakkii kiiboordii irratti, gabatee muuziqaa kaasuun immoo bakka argamiinsa isaanii nootaa walakkaa fayyadamuun agarsiisi.

1. DM → D E F[#] G A B C[#], D
2. AM → A B C[#] D E F[#] G[#] A
3. GM → G A B C D E F[#] G

2. Sagaloota muuziqaa gadii ka'uumsa taasifachuun gabatee muuziqaa irratti nootaa guutuu ykn wolakkaan fayyadamuudhaan meejar iskeelota ijaarii agarsiisi.

- E^bMeejarii
- E Meejeri
- A^bMeejarii

1.2.2. Furtuu maayinarii

Furtuun maayinarii iskeelii hariiroo kallattii meejar iskeeliitti waliin qaba. Furtuu kana akkaataan itti ijaarru (tartiiba sagalee isaatiin yeroo keenyu) akkuma furtuu meejarii tarkaanfii guutuufi walakkaan fayyadamnee ijaarra. Yeroo hunda maayinar iskeeliin kan ijaaramu, sagaleewan ijaarsa iskeelii isaa keessatti lammaffaafi sadaffaa (2-3), akkasumas shanaffaafi ja'affaa (5-6) gidduu tarkaanfii walakkaa ta'eeti.


Fakkii 1:7. Fakkii Furtuu c maayinar c d eb f g ab bb c agarsiisu

Fakkii 1:8. Fakkii Furtuu e maayinar e f[#]g a b c d e agarsiisu


Furtuu maayinarii asii gadii irra deddeebiin qayyabadhuutii hiriyoota keef ibsi.

Hubachiisa: Gabatee muuziqaa gadii irratti mallattoon nootaa bareeffame iddo ka'uumsa maqaa furtuu maayinariiti.


Furtuu a, maayinarii




Furtuu b, maayinarii




Furtuu d, maayinarii



Furtuu g, maayinarii



Furtuu e, maayinarii



Furtuu f#maayinarii



Gocha 4

1. Sagaloota muuziqaa gadii ka'uumsa taasifachuun, istaafii Jii kileefii irratti nootaa guutuu fayyadamuun maayinarii iskeelii ijaaruun agarsiisi.

- ☞ C maayinarii
- ☞ C# maayinarii
- ☞ f maayinarii

1.2.3. Piichiifi Mallatoo Furtuu

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuun qaban

Xumura mata duree kanaatti:

- Faayidaa piichiin muuziqaa keessatti qabu nihimta.
- Sagalee ol ka'aafi gadi bu'aa adda baastee nidhageessista.

A. Piichi

Gaaffii hubannoo


1. Piichiin maali?
2. Muuziqaa keessatti gaheen inni qabu maali?

Piichi kan jennu, olka'iinsa yookiin gadi bu'iinsa sagalee uumamee adda baasuun kan nutti argisiisuudha. Kana jechuun piichiin akaakuu deddeebii dambalii sagalee uumame irratti hundaa'uun kamtu olka'ee

yookiin gadi bu'ee akka sagaleeffamu kan adda baasuudha.

Furtuuwan adii (Natural keys) yoo ta'an, maqaa qubeewwan torbaa jechuunis: C, D, E, F G, A fi B tiin kan bakka bu'aniidha.

Maqaan piichiawan nootaalee shaarpiifi filaattii (furtuu gurraachaa) immoo, furtuu shanan jiran maqaa lamaan kan moggaafamaniidha. Isaanis: furtuun waloo tokko maqaa lama kan qabu yoo ta'u, walduraa duubaan yoo tarreeffamu; **C#/D^b, D#/E^b, F#/G^b, G#/A^b, fi A#/B^b** dha. Kana hubachuufis fakkeenyaa qabatamaa gadii kiiboordii irratti agarsiifame sirriitti ilaali.



Fakkii 1:9. Maqaa furtuulee piyaanoo/kiiboordii

B. Mallattoo Furtuu

Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqlaate gonfachuu qaban

Xumura mata duree kanaatti:

- Hiika mallattoo furtuu ni ibsita.
- Mallattoo furtuu adda baastee ni agarsiista.

Gaaffii Hubannoo 3


1. Mallattoon furtuu muuziqaa dalaguu keessatti ga'ee akkamii qaba?

Mallattoon furtuu, amala iskeelii tokkoo kan agarsiisu ta'ee, ijaaramni iskeelichaa shaarpii meeqaa yookiin filaattii meeqaan akka ijaaramuu malus nuhubachiisa.

Kana malees, mallattoon furtuu sagalee muuziqaa (shaarpii/filaattii) kamtu sararaafi iddo duwwaa gabatee muuziqaa irratti akka argamu kan nutti himuudha. Iskeeliin muuziqaan sun ittiin barreeffamu shaarpii/filaattii meeqa akka qabus nutti agarsiisa.

Yeroo mallattoon furtuu shaarpii/filaattiin, kileefiitti aanee sarara yookiin iddo duwwaa gabatee muuziqaa irratti taa'u, nootaan hundi sarara/iddoo duwwaa irratti argaman, maqaa shaarpii/filaattii achirratti barraa'ee san qabaata/ittiin waamama jechuudha.

Fakkeenya gadii ilaala:



Istaafii asii olii irraa akkuma hubachuun danda'amutti, mallattooleen furtuu filaattii ta'anii ka'amani sagaloota istaafii irratti barreeffaman hundasaanii sagalee walakkaadhaan gadi akka bu'an taasisuun, maqaa nootaalee kanneeniis jijiiru. Kana keessaa F meejarii akka fakkeenyaatti yoo ilaalle, kan asii gadii ta'a.

F Meejar iskeelii

F G A **B_b** C D E F

F# Meeiar iskeelii

F# G# **A#** B **C#** D# E# F#

Isataafii olii kana irrattis, mallattooleen furtuu shaarpii ta'anii ka'aman sagaloota istaafii irratti barreeffaman hundasaanii sagalee walakkadhaan ol akka ka'an taasisuun, maqaa nootaalee kanneeniis jijjiiru. Kana keessaa A meejarii yoo ilaalle, akka gadii ta'a.

A Meejar iskeelii

F# G# A B C# D E F#

Ibsa olitti kenname irraa hubachuun kan dandaa'amu, mallattoo furtuu qofa ilaaluun ijaarsa iskeelichaa karaa salphaan beekuun nidanda'ama jechuudha.

Gocha 5

1. Mallattoon furtuu maal akka ta'e hiriyyoota keetiif ibsi.
2. Mallattoolee furtuu jiran hunda hojjadhuu agarsiis.

1.4. Og-Tiyaatiraafi og-Fiilmii

Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqaate gonfachuu qaban:

Xumura barnoota mata duree kanaa Booda:

- Garaagarummaafi walfakkeenya og-tiyaatiraafi fiilmii ni hubatta.
- Maalummaa bartaphee, tapheefi qophii og-tiyaatiraafi og-filmiif nibarta.

Gaaffii hubannoo 6

1. Sochii jiruuf jireenya ilma namaa tiyaatiraadha jechuu ni dandeenyaa? Maaliif?
2. Waltajjiirratti seenaa nama tokkoo bakka bu'anii agarsiisuun maal akka jedhamu nibeektaa?

1.4.1 Og-Tiyaatira

Qorattooniifi hayyooni tiyaatiraa yommuu tiyaatiraaf hiika kennan yaadota garaagaraan ibsu. Gariin tiyaatirri kan jalqabame baroota dhiyoo as ta'uun isaa himu. Kaan immoo jalqabbii tiyaatiraa dhalachuu ilma namaa waliin walqabsiisuun ibsu.

Namni yommuu lafa kana irratti dhalatee kaasee sosochii adda addaa taasisu akka tiyaatira agarsiisuutti kan yaadamu yoo ta'u, lafti immoo akka waltajjiitti fudhatama. Lafa kana irratti kan mul'atan bu'aa waltajjiifi taatotaa keessaa kan hinbaane ta'uun, agarsiisa argaa jiruuf jireenya dhala namaa taasisuun tiyaatira ibsu. Kana jechuun og-tiyaatirri taateewan dhalli namaa taasisu, gochaa, waan gaariifi hamaa, bu'aa ba'ii jireenya, gaddaafi gammachuu, dhihuufi bari'uu

lafaa, dandeettiwwan kalaqaafi tattaffii jirenyaa fooyeffachuu, wal dhabdee jirenyaa, balaa tasaa, du'aan walirraa adda ba'uu, gaa'ela, namoonni daran wal jaallatan sababa garaagaraan yemmuu itti adda ba'anifi walitti dhufan, walumaagalatti, kan darbe kan keessa jiraniifi kan egeree karaan itti dhalli namaa gochoota akkanaa agarsiisuufi keessatti daawwatu kun tiyaatira.

Haa ta'u malee, jalqabbiin tiyaatiraa akkaataa yookaan foormii mataa isaa danda'eefi saayinsii tiyaatiraan yeroo jalqabaaf kan beekame biyya Girikii keessatti. Hundeen moggaasa tiyaatiraas jecha Girikii yoo ta'u, '**Theatron**' irraa Kan madageedha. '**Theatron**' jechuun bakka itti wanta tokko daawwatan yookaan ilaalan jechuudha.

Tiyaatirri gochaawan guyyuun dalagnuufi keessa jiraannu karaa nuti ittiin ibsannuufi keessatti daawwannuudha. Tiyaatira keessatti gochaan mul'atu yookaan raawwiin nuti daawwannu sun diraamaa jedhama.

Diraamaan dalaguun yookaan gochaan agarsiisuun rawwachuu jechuudha. Akkuma tiyaatirri hundeen jecha isaa '**theatron**' irraa dhufe; diraamaanis jecha Girikii '**dran**' irraa kan dhufedha. Hiikkaan isaa dalaguu yookaan gochaan agarsiisuu jechuudha. Diraamaan gochaan agarsiisuun dura bifaa barruu barreeffamaan kan qophaa'uu yommuu ta'u, sana irraa og-tiyaatira waltajjii gubbaatti, bakka dooyyaafi meeshaalee og-tiyaatiraaf barbaachisan qopheessuun yeroo daawwattootaaf kallattiin dhiyaatu tiyaatira ta'a jechuudha.

Kana irraa wanti nuti hubannu garaagarummaa tiyaatiraafi diraamaati. Tiyaatirri galma tiyaatiraa, meshaaleefi kan taatotni itti fayyadaman, kanneen akka uffanna taatotaa, ibsaa, golgaafi miidhagsituu kanneen kun walitti dhufuun bakka agarsiisaa yookaan waltajjii dabalatee

tiyaatira jedhama. Akkasumas, tiyaatirri waltajjiirratti tiyaatira yemmuu jedhamu, diraamaan ammoo waraqaarratti diraamaa jedhama. Kanaafuu, tiyaatirri, diraamaa kan gochaan agarsiifamu, taphee, saayinsii diraamaa of keessatti qabateen kan qophaa'u yookaan immoo caacculee og-barruu, caacculee teekinika tiyaatiraa kan of keessatti hammate ta'uu isaati.



Fakkii 1:10. Fakkii tiyaatira waltajjiirratti dhiyaataa jiru agarsiisu.

1.4.2. Taphee

Tapheen barreeffama tiyaatirri tokko keessatti namoonni fakkaattii bakka bu'uun waltajjiirratti dhiyaatanii agarsiisa gochaan argisiifamudha. Tapheen guddina seenaa ilma namaa waliin kan jalqabedha.

Tapheen dur akka ammaatti ammayyummaan kan dhiyaate osoo hinta'in, ilmi namaa jiraachuuf sochii amantii adda addaa yoo godhu, gochaa kana keessa kan guddateedha. Fakkeenyaaaf, kabaja amantii adda addaa ayyaaneffachuuf ayyaanarratti sirba, daandii irratti dhiichisuun, tapha adda addaa agarsiisuun sochii taasisamu keessatti

bu'uurri taphee dhalatee guddate. Biyyi jalqaba tiyaatiraafi jalaqaba tapheetiin maqaan ishii waamamu biyya Giriikiiti.

Namoonni uumaa isaanii galateeffachuuf, akkasumas, ayyaana amantii isaanii kabajuuf jedhanii gocha taasisan keessatti tapheen dhalatee guddate.

Haalakanaantapheen bal'inaanseeraafi heeraan hojjatamuujalqabamee sadarkaa amma irra jirurra ga'e. Yeroo ammaa tapheen akka yeroo durii dhimma kabaja ayyaana amantaaf qofa waan hojjatamu osoo hinta'in, dhimma ogummaatiin dandeettii gochaa irratti hundaayee hojjatamaa jira.

Qarooma dandeettii raawwii gochaa jechuun tapha diraamaa keessatti beekumsaaf dandeettii ofin hojjatanii yeroo barbaadametti agarsiisuudha. Kunis, tapha adda addaa shaakaluun baruu, hojii qabatamaa ta'es tooftaa ofitiin dandeettii ofi agarsiisuuf baruu jechuudha. Kana malees, hojiin diraamaa dimshaashumatti hojii aartii dinqisifamaa ta'an ilaaluun, hojii ofi agarsiisuu tas-taphee adda addaa hojjachuun (gochaa) agarsiisuu, diraamaa sochiin, sagaleen, daansiin (shubbisaan), muziqaan agarsiisudha.

Ogummaa Taphee

Agarsiisni taphee tiyaatira tokko tolee miidhagee daawwatoota bashannansiisee akka gammachiisu kan godhu keessaa adda dureen taatota qophii tiyaatira sana keessatti qooda fudhataniidha. Agarsiisa tokko keessatti, nam-fakkiiwan waraqaa irra jiran lubbuu itti horanii daawwatoota kan boo'anii boossisan, gammadanii gammachiisan, agarsiisa dhiyeessanii daawwatoota fuulduraatti kan mul'atan taatota waan ta'aniif qoodni isaanii guddaadha. Kanaaf, taatoon tapheerraadadda ba'anii ilaalamuu hinqaban.

Madda Ogummaa Taphee

Gaaffii marii 7

Taatonni ogummaa taphee eessaa argatu jettee yaadda?

Dandeettiin ogummaa taphee kan ittiin dhangi'aman dhalootaan ta'ee, taatonni dandeettii isaanii kana barumsaan, leenjiin, muuxannoo barumsatiin caalatti fooyyeessanii guddifatu.

Taatonni dandeettii ogummaa taphee guddifachuuf hojii agarsiisaatti osoo hinseenin dura ogummaawwan gadii kanarratti xiyyeffachuu qabu.

- ✓ Hubannoo daawwannaan
- ✓ Yaadata
- ✓ Sadaa
- ✓ Tas-taphee
- ✓ Qalbeeffata xiyyeffannaa
- ✓ Sochii

Taatoon tokko iddo guddaa ga'uuf qabxiileen asii olii kun bu'uura. Qabxiilee kanas tokko tokkoon haa ilaalluu.

Hubannoo Daawwannaan

Taatoon nam-fakkii bakka bu'anii taphatan sana maal akka fakkaatan, maal akka yaadan yookiin keessoo isaanii; miira isaanii: gammachu, aarii isaaniifi kkf hunda akkam ta'uun haala irra jiru hunda xiinxalanii hubatanii ilaalutu irra jira.

Fakkeenyaaaf, taatonni nam-fakkiin bakka bu'anii taphatan nama dargaggeessa moo jaarsa? Nama amala qabeessa moo nama rakkisaa?

Namni kun maal jaalata? Maal jibba? Xiin-sammuun isaa maal fedha? jedhee xiinxalee akkaataa itti dubbatu, tarkaanfatu ilaaluu, fuul-miir ibsaafi kkf hunda baldhinaan gadi fageessanii yoo xiinxalanii hubatan waan taphatan dafanii tolchanii akka salphaatti beekan isaan taasisa. Kanaaf, taattonni dandeettii goch-ta'ummaa gabbifachuuf naannoo isaanii haala jiru hunda sirriitti xiinxalutu isaan irraa eegama.

Taattonni yeroo hunda iddoo namaa qofa bakka bu'anii taphachuu osoo hinta'in, horii, bineensaafi kkf bakka bu'anii taphachuun waan jiruuf waan argan, waan taasisamu, waan hojjatamu, waan jiru hundayuu gocha adda addaa haalaan iddoo hundumatti xiinxalanii hubachuutu isaanirra jira. Kanaafuu, hubannoona daawwanna taatota biratti bakka guddaa qaba.

Yaadannoo

Yaadannoona ogummaa taphee keessatti isa guddaa taattonni sirritti beekuu qabaniidha. Ogummaa taphee keessatti taattonni waliin dubbiifi gochaan alatti agarsiisa tokko agarsiisuun rakkisaa waan ta'eef, rakkoo kana hiikuuf yaadannoof iddoo guddaa kenuun barbaachisaadha. Yaadannoo yeroo jennu taatoonni nam-fakkii bakka bu'an sana miira barbaachisuun taphachuun kan isaan rakkisu yoo ta'e, muuxannoo jiruuf jirenya isaanii yaadachuun amala nam-fakkii bakka bu'an sanaatiin wal bira qabuun muudannoowwan miira addaa itti uumuu danda'an filachuun nam-fakkii sana ta'anii taphachuudha.

Nam-fakkiin namoota bartaphee keessatti ummata lafa kanarra jiraatu bakka bu'an waan ta'aniif seenaan isaanii seenaa taatootaatiin wal simuu danda'a. Wal-tajjiirratti kolfuufi boo'uun qormaata guddaa taatota qunnamudha. Kanaaf, taatoon muuxannoo jirenyaa garagaraa tapha isaanii keessatti itti fayyadamuu danda'u.

Fakkeenyaaaf, taatoonni nam-fakkii boo'u bakka bu'an yoo boo'uu dadhaban jirenya isaanii keessatti haati yookiin namni akka malee jaalatan yoo jalaa du'eera ta'e ta'ii sana yaadachuun akka boo'an of gochuu danda'udha. Kolfis yoo barbaachise ta'ii yeroo hunda nama kofalchiisuu danda'u yaadachuun kolfuun ni danda'ama.

Sadaa

Dandeettii ogummaa taphee gabbifachuuf sadaan taatota baayyee gargaara. Sadaa jechuun, sammuu keessatti haala, fakkii uumuudhaan yaadata uumuu jechuudha. Taatoon tokko akkeessee, fakkesesee fakkaattii dooyaarratti dhiyeessu (taphatu) bareechee taphachuuf qaama isaatiin, jechuun harkaan, lukaan, sagaleen, ijaan, fuulaafi kkf qaama isaa hundaan dhimma ba'uu qaama isaaf sagalee isaa waan ta'eef, qaamni isaa qophaa'ee dammaqee si'aayee argamuutu irra jira. Kana hundumaa gochuuf sadaan baayyee isa gargaara. Sochii qaamaatiin taatoon leenjii fudhatee qaama isaa kana jabeessee dandeetti ogummaa isaatitti dhimma ba'uuf qaamni isaa meeshaa guddaadha.

Taatonni dooyya/wal-tajjiirratti tapha isaanii osoo hinjalqabin duraan dursanii waan hojjachuu qaban, deebi'anii yaadachuun sammuu isaanii keessatti sadaa guddisuu jechuudha. Taatota sadaa isaanii guddisuuf kan isaan gargaaru kanaa gaditti kan caqafamaan hubachuun barbaachisaadha.

- Waan tokko sammuu keessatti uumuu.
- Tokko tokkoon gochaaf iddo kennuu.
- Gaaffii gaafatamaniif tartiibaan iddo kennuu.
- Sammuu keessatti waan uumamu maalummaa isaa keessa isaa tolchanii qorachuun hubachuu.
- Sadaa ofii karaa kallattii adda addaa ilaaluu.

- Fakkaattii of danda'e tokko sammuu ofi keessatti uumuu.
- Fakkaattiin kun warra kaan irra tokkummaa isaaf adda addumaa isaa baruu.

Seenaa uumuu, gocha guddisuu, taatota akka gaaritti taphatan ta'uuf yaada gaarii adda addaa burqisiisuun barbaachisaa ta'uu baruu. Sadaan burqaa bu'uura yaada haaraaf guddina yaadichaati akkasumas bu'uura uumeetti yaadataniifi xiinxaluun waan argame sadaan guddisanii ibsuun nidanda'ama.

Waan tokko sadaa keessatti dhimma ba'uudhaan uumnee hojjachuu nidandeenya. Hanguma sadaa gabbifachuun danda'amu hojii uumee guddisuun nidanda'ama. Kunis, kan ta'u karaa suuraa sammuu ofi keessatti uumuudhaan waan hojjatamuu barbaadame tokko duraan dursanii ilaaluun barbachisaa ta'uu isaa taatonni hubachuu qabu. Kanaaf, taatonni sadaa isaanii guddisuuf bu'uurawwan kana gaditti caqafaman hubachuun isaan barbaachisa.

- Mil'uu tokko sammuun ibsuu /sammuu keessatti uumuu/
- Mil'uu keessa nam-fakkiowan jiran xiinxaluu.
- Ciminaan gaaffii barbaachisaa ta'an kaasuu.
- Mil'uu tokko tokkoon qalbiin hubachuu.
- Mil'uun suni mil'uu kaan waliin adda addumaa isaaf tokkumma isaa beekuu.

Tas-taphee

Tas-tapheen sochii, dub-taphee fakkaattii, sagaleefi kkf hunda osoo sirriin hinshaakalin, hingophaa'in qo'atanii tasa lafaa ka'uudhaan qorannoofi qo'annoo irratti osoo hinlundaa'in diraamaa shaakala malee hojii quubsaa hintaane agarsiisu hojjachuu jechuudha.

Tas-taphee taphattoota barumsa qabanis ta'ee warra amataroota dandeetii ogummaa isaanii guddisuuf baay'ee isaan gargaara. Kanaaf, taattonni duraan dursanii gara barumsa taphatti yoo seenan tas-taphee adda addaa osoo hinshaakalin akka taphatan gochuun barumsaafi dandeetii ogummaa isaanii suuta suuta akka salphaatti akka guddisan taasisa. Kana malees, dura barataan taphee barumsa taphee yoo jalqabu sodaa qabu ofirraa balleessuu nidanda'a.

Qopheessaan tokkos akka salphaatti dandeettiifi fedhii taatotaa akkaataa bartaphee walirraa qolatan, akkaataa socho'an, sagalee baasaniifi kkf hunda qopheessaan akka raawwatan gochutu isaan irraa eegama.

Taatota haala taphee walirraa qolachuu danda'an duraan dursanii yoo waa'ee diraamaa baratan shaakaluu, dura tas-taphee taphatanii dandeetii isaanii guddisuutu isaan irra jira. Diraamaa tokko keessatti qolannoont bartaphee iddo gudda qaba.

Qalbeeffata

Qalbeeffata jechuun, waan hojjatamu fi hojjatame hunda tokko tokkoon akkaataa tartiibaatiin taphataan (hojjataan) akka maal hojjatan, eessatti akka hojjatan, qophii isaanii eenyuuf akka dhiyeessan, yaadaan hubatanii qalbeeffachuuun isaan barbaachisa. Kunis, waan yaadaanis ta'ee waan ifatti hojjatan akka salphaatti akka qabatan (baratan) isaan gargaara.

Taattonni barreeffama taphee dubbisuu duwwaan bartaphee sirriitti beeku jechuun waan hindanda'amneef, gadi fageenyaan waan bartapheen sun jechuu fedhe tokko tokkoon qalbeeffatanii ega beekanii booda, gochaan agarsisuun barbaachisaadha. Taattonni duraan dursanii hojji isaanii osoo hinjalqabiin qaamaa ho'ifachuu

qalbeeffata isaanii guddisuuf waan gargaaruuf yoomiyuu yoo ta'e taphattooni sochii qaamaa hojjachuun isaan barbaachisa. Sochiin qalbeeffata akka salphatti bal'inaan sammuu namaa keessatti kuusa jechuun nidanda'ama.

Taatonni bartapheen akka maal jedhu fakkaattiin waliin hojjatan akka maal ta'e akka maal barbaadu akkamitti dooyyarratti/waltajjiirratti socho'u deemuufi kkf hunda yaadaan qalbeeffachuu seera taphee diraamaa hundatti egaa qalbeeffatiin taphattootaaf hojii gammachiisaa quubisaa bareedaa ta'e kan hojjisiisu. Hojii sammuuf hojii qaamaa ta'uus isaa hubachuun barbaachisaadha. Taatonni dooyyaan/waltajjirratti waan hojjatan qalbiin suuta jedhanii fuulaan ibsuuf qalbeeffanni meeshaa cimaadha.

Taatonni baayyeen bartaphee isaanii kennameef nam-fakkii bakka bu'anii hojjatan maalummaa isaaaf eenyummaa isaa osoo hinbarin, hinxiinxalin, hingalbeeffatin bartaphee dooyyaa irratti erga ba'anii booda sadarkaa taphaa gad buusan dursanii gad fageenyaan waan hingalbeeffanneef gochi kun immoo daawwattoota akka amantii taatota irraa dhaban godhee ilaalcha qophii sanaa tuffachisuu danda'a. Kanaaf, kun hundi akka hin uumamneef qalbeeffachuu ogummaa isa guddaadha.

Sochii Qaamaa

Sochii qaamaa yoo jennu, kan qaama taatota cimsu, jabeessu qaama isaanii diddiriirsee akka fedhanitti ajajan kan gargaaru jechuudha. Sochiin qaamaa taatoon tokko nam-fakkii bakka bu'ee taphatu sana qaama isaatiin, dubpii isaatiin, fedhii isaatiin waan hundaanuu fakkeessee taphachuuf qaamni isaa akka barbaadetti ajajamutu irra jira. Kana ta'uus baannaan nam-fakkii iddo bu'e sana ta'ee taphachuun

rakkisaa ta'a. Waan kana ta'eef, taatonni sochii qaamaa hojjechuun dirqama isaaniiti. Kanaaf, taphattooni yoomiyuu hojii isaanii osoo hinjalqabin duraan dursanii kan hojjechuun isaan irraa jiru sochii qaamaati.

Taatoon tokko qaama gaarii, sagalee bareedaa, taphataa cimaa ta'uuf shaakala sagalees hojjechuun dirqama isaati. Dooyya/wal-tajjiirratti qaamni taatoo yoo suntuure nidhiphata. Yeroo kana nam-fakkii iddo bu'ee taphatu sana irraanffachuun waa'ee rakkoo isaa, jechuun waa'ee irree luka, harka, fuula, dugda, qoonqoo (sagalee) fi kkf san yaada. Sochii qaamaa yoo hojjetan dhiigni qaamasaanii keessa jiru akka salphaatti qaama keessa faca'uudhaan qaama fayyaa jabaa akka qabaatan taasisa.

Dimshaashumatti, sochiin qaamaa taatootaaf:

- ★ Sagalee qulquelleessa.
- ★ Irree diddiriirsa.
- ★ Irree jabeessa.
- ★ Gammachuun akka taphatan taasisa.
- ★ Dhiiga akka qaama keessa faca'u taasisa.
- ★ Qaama akka fedhanitti akka ajajan taasisa.
- ★ dhiphina hambisa.
- ★ Fedhii ofii qaamaan akka ibsan gargaara.
- ★ Tapha keessatti madaala qaama isaanii eeguuf gargaara.
- ★ Sammuu, fuula, ija, harka, luka, somba, sagalee, dugda, morma, mataa, arrabaafi kkf sirriitti akka itti fayyadaman taasisa.

Shaakala Sagalee

Taphee tokko keessatti waa'ee sagalee yoo dubbannu, sagalee taatota sagalee muuziqaa, sagalee meeshaa yookaan waan adda addaa gurraan

dhaga'aman jechuudha. Sagalee taatotaa yoo fudhanne haala lamaan ilaaluu dandeenyaa. Inni duraa taatonni sagalee adda addaa baasuu akka danda'aniif shaakala sagalee hojjatamudha.

Shaakalli sagalee akkuma sochii qaamaa agarsiisa yookiin shaakala tiyaatiraa dura kan gaggeeffamudha. Taatonni sagaleen isaanii sirriitti qulqulla'ee akka dhagahamu, jechoonni isaanii adda bahanii akka beekaman sagaleen humna taasisatee akka olkaasanii dhageessisan isaan gargaara.

Inni lammaffaan, dhiibbaa sagaleen taatoo tokkoo taatoo biroo irratti qabudha. Kana jehuun, haallifi hangi sagalee taatoo tokko keessaa bahu miira taatota biroo irratti dhiibbaa uumuun haala deebii itti kennuu qabaniif karaa saaqa. Kanaaf, akkaataan sagaleetti fayyadamnu miira taatotaa jijiiruu keessatti shoora guddaa waan qabuuf, taatonni ogummaa taphee irraa gabbifachuu danda'u.

Gama biraatiin, taphee keessatti sagaleen mataa isaa kan danda'e tajaajila guddaa qaba. Kana keessattis sagaleenis lubbu qabeettiifi lubbu dhabeettii jedhameeti iddo lamatti ramadama. Lubbu qabeettii kan jedhaman dooyyaa/wal-tajjiirratti osoo hojjataman kan dhagayaman, fakkeenyaaaf, dooyyaa/wal-tajjiirratti sagalee kottee taatotaa, sagalee adda addaa kan akka karra rukuchaa, saanqaa cufuufi banuu, waamicha bilbilaafi kkf.

Lubbu dhabeettii kan jedhaman dooyyaa/wal-tajjiirratti mul'achuu kan hindanda'amne sagaleen isaa qofti kan dhaga'amu jechuudha. Fakkeenyaaaf, Kan akka sagalee xiyyaaraa, makiinaa baaburaa kkf hunda gocha taphaa keessatti tajaajila guddaa waan kennuuf guddinni isaa qulqulinnisaa, kallatiinifi yeroon itti fudhatu hundi baramee eegamuu qaba.

Gocha taphaa keessatti sagaleen iddo gudda waan qabuuf taatoon kana beekuudhaan sagalee barbaachisaa ta'e baruudhaan shaakala sagalee yeroo hundaa dalaguu qaba.

Gosoota Taphee

Tapheen akaakuu lama qaba. Isaanis:

- a. Taphee keessoofi
- b. Taphee irra keessoo jedhamu.

a. Taphee keessoo: Taphee keessoo jechuun, xiin-sammuu ilaalcha yaada, fedhii, amala, beekumsa, sammuufi kkf kan ittiin buusani baasanii, gulaalanii, cuunfanii, gingilchan, miira keessoo nam-fakkii irratti hundaa'uun taphachuu jechuudha. Gosni taphee kun miira hubannoo guddaa barbaachisa. Kana jechuun, miira nam-fakkii sirriitti xiinxaluun ofif miireeffachuun daawwattootatti baasanii agarsiisuu danda'udha.

Tooftaan tapha kanaa taatoon tokko seenaa nam-fakkii bakka bu'ee sana keessa of kaa'uun 'osoo ana ta'ee' maalin jedha? akkamittin dubbadha? Miirri kiyya akkam ta'uu qaba jedhanii erga xiinxalaniin booda gochaan agarsiisuudha. Akaakuu taphee tooftaa 'keessaa gara alaa' jedhamuun beekama.

b. Irra keessoo: Irra keessoo jechuun, miira agarsiisuuf sagaleefi qaama fayyadamuudha. Gosni taphee kanaa mala miira 'alaa gara keessoo' jedhamun beekama. Kana jechuun, taatonni jalqaba irratti wanta jechuufi gochuu qaban irratti akka xiyyeeffatanitti amanama. Miirri immoo jechaafi gochaan booda dhufa.

1.4.3. Bartaphee barreessuu

Mata duree kana keessatti maalummaa bartaphee, tooftaa bartapheen ittiin barreeffamuu danda'ufi rakkowwan barreessaa haaraa mudatan kan barattuudha.

Gochaa 8

1. Bar taphee jechuun maali?
2. Tooftaalee bartaphee barreessuuf gargaaran tarreessi!

Bartapheen tiyaatiraa ijaarsa barreeffama ogbaruu seenaansaa waltajjiif akka qophaa'uuf barreeffamuudha. Bartapheen agarsiisaaf dub-taphee (waliin dubpii) wal harkaa fuudhuurratti hunda'udhaan taatoofi taphee sochii qaaman walsimachiisa.

Barruun kun bu'aa kalaqa barreessaa barreessuuti. Barreessaan barruu kana kalaqu barreessaa barruu diraamaa jedhamuun beekama. Barruun diraamaa waliin dubpii taatota gidduutti taasifamu, ofin dubpii taatoon qofaatti taasisu, ibsa sochii, akkaataa taatonni, ibsa waa'ee wanta waltajjiirratti agarsiifamuufi agarsiifamuu hinqabnee (argaa daawwatootaa duubatti ta'uq qabuu) fi kkf of keessaa qaba.

Caasaa Bartaphee

Seenaan bifa garagaraan bartaphee keessa jiru raawiifi miil'uu tti qoodamee caaseeffama. Raawiin tokkoon isaa jalatti miil'uu adda addaatu argamu. Raawiin bartaphee tokko dhumeer gara raawiisaa biraatti darbuuf qabiyyeen, bakki/iddooniifi gochi guutumatti jijiiramuu qaba. Garuu, miil'uu jijiiruuf wantoota olitti tuqaman keessaa tokko qofaan jijiiramuun gahaadha.

Bartapheen iddoo tokkoo ka'ee iddoon itti boqotu kun 'raawwii/boqonnaa' yoo ta'u, as keessatti gegeddarama yaadaa, iddoofi yeroottu mul'ata. Kana malees, dawwatoota yeroo itti boqochiisaniidha. Yeroo boqonnaa golgaan cufamuudhaan yookaan ibsaan dhaamuun doyyaarra/waltajjiirratti jijjiramni barbaachisu toftaa dooyyaatiin taasifama.

Bartaphee tiyaatiraa guddaa keessatti raawwiin yoo xinnaate lama yoo baay'ate sadii caaluu hinbarbaachisu. Miil'uu keessatti yeroo gabaabaafi jijjiramni xixinnaan nimul'ata. Kana malees, nam-fakkiin adda addaa yeroo seenaniifi yeroo bahan geddarri taasisamu miil'uu jedhama.

Akaakuu Bartaphee

Bartaphee akaakuu lamatu jiru. Isaanis

1. Bartaphee raawwii gabaabaafi
2. Bartaphee raawwii dheeraati.

Tooftaalee Bartaphee Barreessuuf Gargaaran

Tooftaaleen gadii kun bartaphee barreessuuf kan nu gargaaranidha.

Yaada ijoo: Yaada ijoo jechuun dhimma waan barreessinuu jechuudha. Dhimma ijoo barreessinu argachuuf hawaasa barreessinuuf keessa seenuuun irratti qorannoo taasisuudha.

- Yaada baballisuu
- Taphachuu (tapha jiru keessatti qooda fudhachuu)
- Addunyaa naannoo ofii ilaaluu.
- Gaaffifi deebii namoota waliin taasisuu.

Barreessaa Bartapheerraan maaltu eegama?

Barreessaa tokko uummata keessa jiraatu akka hawaasattis ta'e akka nama tokkotti gad fageenyaan itti dhiyaatee qoratee beekuu qaba.

Barreessaan jirenyaaasaa keessattis muudannoo isa qunnamurraa ka'eetuu barreessa. Jirenya ilma namaa keessattis yeroo hunda gammachuu, badii, badhaadhina, jibba jaalala, miidhaa, roorroofi kkf hundi dhala nmaa kan quunnamuudha. Barreessanis miseensa dhala nmaa kana waan ta'eef waan uummatarra gahu kana hubatee ifa baasuu qaba.

Kana malees, ilaalcha falaasama hawaasa keessaa jiraatuu ifa baasee qarooma dandeettisaatti dhimma bahuudhaan dhugaa jiru midhagsee ummatarraa fuudhee artii dingisiisaa ta'een deebisee uummataa dhiyyeessuutu irraa eegama. Hojiin barreessa yoormiyuu bu'urrisaa uummataa keessa jiraatu keessaa ala ta'uu hinqabu. Namni waa barreessuf kitaabilee waan irratti barreessuu dubbisuu qaba.

Yoo kitaaba adda addaa dubbisan beekumsa baayyee argachuun muuxannoo waa barreessuu guddifatu. Kana malees, barreessan tokko karra cufatee icciidhaan kan barreessuu osoo hinta'in hojiisaa ogeessotatti agarsiisee ogeessotarraa yaada fooyya'aa fudhatee fooyessee barreessutu isa gargaara.

Barreessaan dandeettiisaa cimsachuuf wantoota irraa eegamu.

- Yaada ogeessotarraa fudhachuu.
- Kitaaba ogummaa taphee adda addaa bal'inaan dubbisuu.
- Abdii otoo hinkutiin deddebisee barreesuu.
- Hawaasa keessa jiraatu gadifageenyaan beekuu.
- Tiyaatiraa adda addaa yoo agarsifamu ilaaluu, bartaphee dubbisuu.
- Hojii isaan kaan warri kaan barreessan wajjiin wal bira qabee ilaaluu (madaaluu).

- Sadaa ofii guddisuu.
- Nam-fakkii uume gadi fageenyaan beekuu; jechuunis eenyumaasanii, afaan, aadaa, yaad qalbii falaasama amantaasaaniifi kkf hunda waan jaalataniifi jibban hunda gadi fageenyaan dursee hubatee beekuu qaba.
- Ilaalcha nam-fakkiisaa malee ilaalcha (fedhii) mataasaa baayyisee calaqqisisuurraa of quachuu.
- Yaadannoosaa irratti yeroo hunda mudannoo jiruuf jireenya isaa galmeeffachuuun barreessaa cima ta'uu danda'a.

Akaakuu Bartaphee

Yeroo ammaa akaakuu diraamaa baayyeetu jiru. Haa ta'u malee yeroo hedduu dooyyaarratti/wal-tajjiirratti dursani kan beekamaniifi kan mul'atan kan maqaan isaanii waamamu afurtu jiru.

Isaanis:

- Tiraajedii
- Komeedii
- Qosee
- Raajee

Tiraajedii

Tiraajedii kan jedhamu yeroo taatoo jabaan rakkoofi xaxaa keessa seenuun gufuun itti baayyatee galma gahumsa isaatirraa kufuudha. Adeemsa kana keessatti daawwattootni waliin gadduufi dhiphachuun miiraa isaanii agarsiisa. Karaa biraatiin tiraajedii diraamaa dhumnisaa nama gaddisiisu jechuudha.

Koomedii

Komeedii kan jedhamu yeroo taatoo jabaan rakkoo, shiraafi haala xaxaa

ta'e moo'atee galma gahu kan agarsiisuudha. adeemsa kana keessatti daawwattoonnis moo'achuu taatoo jabaa kanaatiin gammachuufi fuula ifa ta'etu irraa mul'ata. kanaaf, koomeediin diraamaa dhunni isaa daawwattoota gammachiisuudhan dhumuudha.

Qoosee

Qooseen akkuma maqaansaa ibsu bartaphee qoosaan itti baay'atedha. Bartaphee kana keessatti jaargocha/sabta'umsa, fincila jiruuf seera bar taphee eeguu, barumsa cimaa dabarsuufi baayyee yaaduun hin mul'atu. Kan cimee mul'atu kolfan bashannanaa qoosaan daawwattoota gammachisani bashannanisuudha. Rakkoo dhiphina kana jedhamu fakkatti inni uumeerra gahee dawwatoon wajjin rakkachuu kan jedhamu siruma hin mul'atu.

Raajee

Diraamaan kun akkuma tiraajedii dura coraa dukkanaan, dhiphinaan guutamee fakkattiin rakkoo keessa yoo galu argama. Booda keessa garuu haala amansiisaa hintaanen raajiidhaan rakkoo seene keessaa yoo bahu argama. Kun maaliif ta'e gaafii jedhufi deebii kenuufi hinrakkatu. Garuu, tiraajediifi komeedii keessatti kun maaliif kan jedhuuf deebii quubsaa/amansiisaa ta'etu kennama. Raajee keessatti sababaafi ta'umsaa dhugaafi barumsa kan jedhuufi guddaa yaadun hinmulatu.

Fakkeenya bartaphee ittiin barreessinu

Bartapheen akkuma seeraafi heera mataa isaa eegee barreeffamu, seeraafi adeemsa kanas kan mirkaneessu sirni tuqaalee jiraachuu barbaachisa. Sababni isaa bartaphee tokko keessatti barreessaan yaada taatotaa yeroo ibsaa deemu miira sana sirna tuqaaleetti

gargaaramuuun miira sanaaf seenaa sana guutuu taasisaa deema. Kanaaf, sirni tuqaalee bartaphee barreessuu keessatti seerota of eeggannoон barreessaан bartaphee dhimma itti yaadee barreessuudha.

Fakkeenya gadii kana ilaali!

Bakki isaa mana obbo Qaanqureeti. Yeroonsaa ganama waktii birraa yeroo barattootni mana barnootaaatti bareedanii imalaniidha

Taliilee: (*Ijaan gara fuulashee dura ilaaaltee*) Wayyoo huuccuun sun maaloo akkam bareedaa!

Tolaa: (Ni kolfa) Ajaa'iba! Amma yeroon yeroo itti huuccuu ilaalaniidhaa?

Fakkeenyi olitti kennae sirni tuqaalee akkamitti bartaphee barreessuu keessatti akka fayyadu barsiisa.

Fakkeenya gadii kanas hubadhu.

Leensaa: Nagaadha ati? (*nama daandii cinaa taa'u tokko*)

Gaaddisaa: Anaa? Anaan jechaa jirtaa (*fuula keessa ishee ilalaalaa*)

Leensaa: Eyyeen

Gaaddisaa: (*ni kolfa*) Ani hoomaa miti. Homaa!

Leensaa: Maaliif akkas jette?

Gaaddisaa: Sababni isaa dhugaadha.

Leensaa: (*calleensa xiqqoo*) Dhuguma dandeessee itti hin amantu?

Gaaddisaa: Haadha koofi abbaa koo gaaffadhu.

Leensaa: Maal jechaa jirta?

Gaaddisaa: Isaan na jibbu. Ana hin barbaadan.

Leensaa: (Takka erga calliste) Umuriin kee meeqa?

Gaaddisaa: Kudha shan. Akka ani yaadutti. Sun illee rakkoo hinqabu.

Leensaa: Akka ati yaadutti kudha shan.

Gaaddisaa: Eeyyee.

Leensaa: Hubachuu hin dandeenye.

Gaaddisaa: Maatiin koo ciccimoo sun umurii koo natti hin himne.

Leensaa: Mana barnootaa deemtee?

Gaaddisaa: Yeroo tokkoof deemeera.

Leensaa: Eessa jiraatta?

Gaaddisaa: An nama tokko waliin iyyuu hin jiraadhu.

Leensaa: Maal jechuudha?

Gaaddisaa: Mana hin qabu. Karaarran jiraadha.

Bakki hirriba koo, bakki nyaata
koofi, bakki bobbaafi fincaan koos daandii dhuma
kanarra.

Leensaa: Maqaan kee eenyu?

Gaaddisaa: Gaaddisaadha.

Leensaa: Jireenya kee jijiiruuf maal taasisaa jirta?

Gaaddisaa: (ni kolfa) Anatti baacaa jirtaa?

Leensaa: Baacutti hin jiru. An Leensaan jedhama. Waldaa gargaarsa
daa'imman daandii irra jiraatanitti an hayyuu dureedha. Gargaarsa
siif godhuun dura si gorsuu barbaadeni.

Fakkeenya kana irraa wanti hubachuun danda'amu, waliin dubbiin tooftaa ittiin bartaphee barreessan keessaa tokkodha. Keessumaa hawaasa keessa jiraannu keessatti waliin dubbiifi gaaffiifi deebii taasisuun karaa yookaan tooftaa ittiin bar-taphee gaarii barreeffamuudha.

Kanaafuu, faayidaan waliin dubbiin bartaphee barreessuu keessatti qabu:

- Taatota adda baasa.
- Jaargocha/sab-ta'umsa bu'uuressa.
- Haala mijataa uuma.

Tooftalee bar-taphee barreessuuf oolan hubachuun seenaan taphee barreessuuf baayyee murteessaadha.

Bartapheen tokko yemmuu barreeffamutti caacculee bartaphee qabaachuu dabalatee akkataa ittiin barreeffamu kan mataa isaa danda'e qaba. Bartapheen barreeffamee xumurame qolli isaa seera hordofee barreeffamu kan mataa isaa qaba. Isaanis, Fuula jalqabaa irratti maqaa barreessaa bartapheefi teessoo isaatu barreeffama.

Fuula lammaaffaa irratti immoo mata duree bartapheetu barreeffama. Fuula itti aanurratti immoo hariiroo taatootaa, jaargocha, yoomessa, akaakuu bartaphee, boca bartapheefi k.k.f seerota bartapheen sadarkaa qola isaa hordofu eeguun barreeffama. Fuula sadaffaa irratti gochaafi mul'ata barreessuun bartaphee barreessuun itti fufa.

1.4.4. Qophii Tiyaatiraa

Qophii tiyaatiraa yoo jennu akkaataa tiyaatirri tokko itti qophaa'ee ga'umsa argachuun qindeeffamee waltajjiirratti daawwattootaaf dhiyaatu jechuudha. Hojichis kanqindaa'uqopheessaatiyaatirichaatiini.

Qophii tiyaatira tokko keessatti qopheessaan nama beekumsa tiyaatiraa qabu, ogeessa waltajjiifi bartaphee tiyaatira garagaraa dubbisuun nama taatota qajeelchuudha. Waan barreessaan tokko ogummaafi beekumsatti fayyadamee sammusaa keessaa yaada baasee buusee, cuunfee, ginglichee kan inni barreesesse, qopheessaan immoo yaada barreesichaa bu'uura godhachuun ummee mataa isaa itti dabaluun bareechee akka daawwattoota hawwatutti dhiheessa.

Qopheessuun hojii og-tiyaatiraa keessaa isa tokko ta'ee, ga'ee olaanaan nama qopheessuu irra kan jiruudha. Qopheessaan beekumsa tiyaatiraa qabaachuu kan qabuufi taphee dubbisuun akkaataa waltajjiirratti dhiyaatu dursee nama beekudha. Qajeelchuu keessatti ga'een qajeelchaa bartaphee dubbisuufi yaada isaa itti dabaluun bartaphee qaaccessuun taatota kan qopheessudha.

Itti gaafatamummaan hojii qopheessa tiyaatira keessatti, taatota shaakalsiisuu, meeshalee barbaachisaan adda baasuu, yaadannoo itti fayyadama waltajji bocuufi taatota qajeelchuu, akkaataa gochaan taphee keessa jiru waltajjiirratti miidhagsuu.

Dur kan nama tokkoon barreeffamee qophaa'ee dhiyaachaa ture yeroo ammaa kana keessa haalli kun jijiiramee bifaa ammayyumaan tiyaatiriin ogeeyyota adda addaan qindeeffamee akka qophaa'ee dhihaatu ta'ee jira.

Kanaafuu, barreessaan tokko ogummaafi beekumsasaatti fayyadamee

sammuusaa keessaa baasee buusee, cuunfee, gingilchee, kan barreesesse; qopheessaan immoo yaada barreesichaa bu'uura taasifachuun kalaqa mataa isaa itti dabaluun taatota ogeessa sagalee, ogeessa ibsaa, ogeessa dibataa, dooyyaa/waltajjii, uffannaafi kkf hunda qindeessuun yaada ogeeyyanii waliin yaadasaa dabalee qindeessuun fedhiin qindeessee dawwattootaaf dhiyeessa.

Hojiin qopheessaa tiyaatira, tiyaatira ammayyaa keessatti iddo guddaa qaba. Garuu, qopheessaan tiyaatira ammayyaa dooyyaa tolchee dhiyeessu akka ogummaa tokkootti ammayummamaa horatee kan beekame jaarraa 20^{ffaa} keessatti. Ogummaan kun osoo akka ammaa hinbeekamin hojiin qopheessaa kun kan hojjatamaa ture barreessaa tiyaatiriitiini.

Qopheessaan qarooma dandeetti sammuusaatiin fayyadamee sadaa waan ilaaluufi muuxannoo ofii qabu itti dabalee dandeettii ogummaa qaroomina mataasaatti dhimma bahuun tooftaa adda addaa barreessichi uume xiinxaluun, ofisaatiifis yaadaafi kalaqa isaa itti ida'ee qindeessuun dooyyaa/waltajjiirratti dawwattootaaf hojiin isaa miidhagsee qulqulleessee naamusa ogummichaatiin akka dhiyaatuu taasisa. Kanas, yeroo hojjetu fedhiifi dirqama mataa isaa qabaachuu qaba. Duraan dursee gaafa barreeffamni taphee isa harka gahee eegalee wantoota qophii artii dingisiisa godhu hojjechuun itti dabaluun mi'eessuun irraa eegama.

Qopheessaan barreessatti aanee kallattiin maqaan isaa kan waamamuudha. Qophii tiyaatira keessatti qopheessaan maal qopheessa? kan jedhu gaaffiin ka'u nidanda'a. Hojiin qopheessan hojjetu waan tokko qofa osoo hinta'in teeknika adda addaa jechuun dub-taphee, sochii, gocha, sagalee, ibsaa, dooyyaa, nam-fakkii, siinariifi

kkf mara haala ogummaaniifi naamusni tiyaatira ajajutti hojjechiisa. Kana gochuuf dursee qopheessaarrraa wanti eegamu:

- Bartaphee filachuu.
- Bartaphee filate xiinxalee hubachuu.
- Taphee filachuu.
- Bar-taphee dubbisiisuu.
- Bar-taphee irratti taatota waliin mari'achuu.
- Shaakala eegaluu.
- Taatota qopheessuu. Kana jechuunis dub-taphee sochii nam-fakkii keessa galuu dooyyaa muuziqaa, miidhagina sagalee, ibsaa, uffannaa, dibata, ijaarsaa dooyyaa/waltajjii, wantoo, siinariif kkf hunda taatotaafi ogeeyyiwan kanniin waliin qindeessanii qopheesuudha.

1.4.5. Og-Fiilmii

Gaaffii hubannoo

1. Fiilmii daawwattee beektaa? Eeyyee yoo jette akkamitti qophaa'a jettee yaadda?

Fiilmiin akkuma tiyaatiraa kan argaa mul'atuufi oguma argaa iskiriini waliin kan walitti hidhateedha. Iskiriiniin wanta kaameraan waraabe mul'isa. Kaameraan meeshaa suura muullisuufi waraabuu, kallattiin bakka birootti dabarsuufi kuusuu danda'uudha. Suurri kunis suur-sagalee yookaan viidiyoofi footogiraafidha.

Moggaasni maqaa kaameraas jecha Laatinii 'dark chamber' yoo ta'u hiikkaan isaas jalqaba mul'istuu yookaan agarsiistuu suuraa jechuudha. Yeroo ammaa kana keessatti suur-sagaleen karaa ittiin addunyaa fuulaa fuulatti ilaalan keessaa isa olaanaadha. Akka gaaritti taatee

yookaan gochaa qabatamaa tokko fageenyaan osoo hindaangeffamin daawwachuu, muuxannoo ittiin wal jijiiruufi ergaa barbaadame ittiin dabarfachuu, kana malee, akka meeshaalee barnootaa tokkotti suur-sagaleen tajaajilaa jira.


Fiilmuin jalqabbii isaa irraa ka'ee hanga ammaatti guddinaafi teekinoolojii haaraan fooyya'aa deemuun guyyaa har'aa beekamaafi dhimmoota garaagaraaf kan itti fayyadamnu ta'ee jira. Bu'aan kunis adeemsa kalaqa xiqqaalaa irraa jalqabeeti.

Bara 1834 namichi '**William Horner**' jedhamu, diraaamii naannessuun sochii mul'isuu kan danda'u **zoetrope** kan jedhamu kalaqe. Yommuu diraaamii (dibbee) naanneeffamu suurri muullatu guluffii farda socha'u kan agarsiisudha. Sochiin mul'atu kunis suura farda diraaamii irratti maxxansuun wiili irra naannessuunidha.



Fakkii 1:11. Fakkii Diraamii suurri fardaa irratti maxxansuun naanneeffamu agarsiisu.

Edward Muybiriji nama Biritish lammii Ameerikaa kan ta'e, Bara 1872-1877 suura fardaa kaameraa 12 guluffii fardaa kottee arfaniin si'a tokkicha lafa tuquun nama yeroo jalqabaaf fiilmii kalaqeedha. Seenaajalqabbii suur-sagalee keessattis kan maqaan isaa angafummaan waamamuudha.



Fakkii 1:12. Fakkii Suura Fardeen Suur-Sagalee Edward Maybirijii agarsiisu.

Walumaa galatti, fiilmiin uumamuu kan danda'e hundeen isaa kaameraa ta'uu isaati. Og-fiilmiin akkuma tiyaatirri xiyyefffannoон isaa waltajjii irratti ta'ee, fiilmiin immoo xiyyefffannoон isaa kaameraa irratti.

Fiilmiin tokko jalqabaa hanga xumuraatti humna guddaa barbaada. Meeshaalee ittiin hojjetamu yookaan dalagamu dabalatee cinaatti humna nmaa barbaada. Kana jechuun kanneen filmicha keessatti qooda fudhatan kanneen akka taatotaa, altaatotaa, ogeeyyii garaagaraan fiilmiin hojjetamee xumurama. Keessumatti meeshaleeen filmiin ittiin hojjetamu baay'ee murteessaadha.

Meeshaaleen kunis kanneen akka kaameraa, ibsaa suur-sagalee, sagalee waraabduu, kanneen akka komputaraafi meeshaalee kaameraa baattu, meeshaa mallatloo addaan kuttu, baattuu sagalee waraabduu, kanneen kana fakkaatan heeddutu jiru.




Fakkii 1:13. Fakkii meeshaalee filmii hojjechuuf oolan muraasa agarsiisu.

CUUNFAA BOQONNAA 1

- Wixinee jechuun wanta naannoo keenyatti uumamaan yookiin nam-tolcheen argamu tokko akkaataa hiika qabeessa ta'een waraqaa yookiin wantoota biroo irratti fakkiin uumuu jechuudha.
- Wixineen sararaafi boca irratti xiyyeffachuun kan hojjetamuudha.
- Wixineen ka'uumsa/jalqaba akaakuu og-argaa hundaati.
- Namni tokko wixinee sirriitti wixineessuu hin danda'u taanaan diba halluu, bobboca, maxxansa sirriitti hojjechuu hin danda'u.
- Wixinee meeshaalee akka qubeessaa, cilee, boronqii, kobbeefi kkfniiin dalagamudha.
- Akaakuwwan wixinee lamatu jiru. Isaaniis, Wixinee Meeshaalee safara qabu gargaaramuun kan hojjetamuufi wixinee harkaa bilisaan hojjatamudha. kanaa malees, wixinee harkaa bilisaan hojjatamu immoo iddo lamatti goodama. Isaaniis, Wixinee saffisaan hojjetamuufi Wixinee suuta qo'annaan hojjetamudha.
- Furtuu muuziqaa meejariifi maayinarii adda baasanii beekuun dandeettii muuziqaa isa bu'uuraati.
- Muuziqeessaan tokko muuziqaa sirrii ta'e uumuuf garaagarummaa furtuuwwan gidduu jiru adda baasuu barbaachisa.
- Piichiin deddeebii dambalii sagalee uumame irratti hundaa'un kan olka'eefi gadi bu'ee sagaleeffamu adda qooda.
- Iskeeliin tokko osoo oktaavii itti aanee dhufutti hin deebi'in sagaleewwan garagaraa torba of keessaa qaba.
- Fageenyi furtuu gurraacha tokkoofi furtuu gurracha isatti aanu

kan biroo gidduu jiru tarkaanfii guutuudha.

- Furtuun maayinar iskeelii meejar iskeelii waliin hariiroo kallattii qaba.
- Maqaan furtuu shaarpiifi filaattii (furtuu gurraachaa), qubeen waloo tokko maqaa lama kan qabu yoo ta'u baayinni isaanii oktaavii tokko keessatti shan yoo ta'an, walduraa duubaan duubaan immoo akkaataa gadiitti tarreeffamu. $C^{\#}/D^b, D^{\#}/E^b, F^{\#}/G^b, G^{\#}/A^b, \text{ fi } A^{\#}/B^b$



- Tiyaatirri gochaawan guyyuun dalagnuufi keessa jiraannu karaa ittin ibsannudha.
- Hundeen moggaasa tiyaatiraa jecha Girikii 'Theatron' irraa kan madaqedha.
- Tapheen seenaa barruu diraamaa barreeffamaa bifaa waliin dubbiin qophaa'ee kan taatotni dawwatootaaf agarsiisanidha.
- Tiyaatirri waltajji irratti gochaan kan agarsiifamudha; Fiilmiin immoo erga hojjetame xumuramee booda karaa iskiriiniitiin kan daawwatamudha.
- Itti gaaffatatummaan hojii qopheessaa tokko taatota shaakalsiisuudha.
- Bar-taphee barreessuun dura yaada barreeffamuufi akaakuuwwan taphee beekuun barbaachisaadha.

GILGAALA BOQONNAA 1


I. Gaaffilee gadii yoo sirrii ta'an 'Dhugaa' yoo dogoggora ta'an immoo 'soba' jechuun deebisi.

1. Wixineen tooftaa hojiin og-argaa ittiin hojjetamudha.
2. Wixineen irra caalaa sararaafi halluu irratti xiyyeffachuu kan hojjetamudha.
3. Wixineen harka bilisaatin hojjatamuuf sarartuu fayyadamuun barbaachisaadha.
4. Wixinee jechuun karaa yaadni sammuu namaa keessatti uummame tokko gara qabatamaatti ittiin jijjiiramudha.
5. Wantoota wixineen irratti hojjetamu keessaa inni tokko waraqaadha.
6. Akaakuuwan hojii og-argaaf wixineen ka'uumsa miti.
7. Diraamaa, Og-fiilmiifi Og-tyaatirri garaagarummaa hinqaban.
8. Fiilmiin kallattiidhaan waltajjiirratti daawwatootaf dhihaata.
9. Faayidaan waliin dubbii tiyaatira keessatti taatota adda baasuu gofa.
10. Ga'ee qopheessaan Og-tyaatira keessatti qabu keessaa tokko yaadanoo qopheessaa hojjechuudha.
11. Diraamaan jecha Girikii 'dran' irraa kan madaqedha.

II. Gaaffilee gadii dubbisuun deebii sirriidha jettu tokko filadhuu deebisi.


1. Kanneen gadii keessaa wixineen ibsamu kan **hin** dandeenye isa kami?
 A. Miira B. Gadda C. Aadaa D. Deebiin hin kennamne.
2. Faayidaa wixineen kenu kan **hin** taane isa kami?
 A. Seenaa nutti hima. B. Nu hin bashannansiisu.
 C. Odeeffannoo nuuf dabarsa. D. Nama barsiisa.

3. Yeroo jalqabaaf ilmi namaa wixinee maal irratti wixine?
- A. Holqa B. Keenyan manaa
 C. Gabatee fakkii D. Hunduu deebiidha.
4. Kanneen gadii keessaa kan wixineen hidhata waliin hin qabne isa kami?
- A. Bobboca B. Diba halluu C. Maxxansa D. Deebiin hin jiru
5. Wixinee irratti wixinuuf kan tajaajilu isa kami?
- A. Qubeessaa B. waraqaa C. Cilee D. Deebiin hin kennamne.
6. G meejar iskeeliin, shaarpii (#) meeqa qaba?
- A. 4 B. 3 C. 2 D. 1
7. Suuta dabalaaykna hir'achaa deemuun sagalee maal jedhama?
- A. Daayinaamiksii jijjiiramaa B. Foortee
 C. Daayinaamiksii dhaabbataa D. Foortiisimoo
8. Furtuun gadii gabatee muuziqaa irratti barreefamee jiru
 kun _____ maayinariidha.



- A, b^b B, d C, e^b D, b

9. Furtuun meejarii gaditti ijaarame kun kan maaliiti?




- A. B maayinarii B. A meejarii C. D meejarii D. A^b maayinarii
10. Furtuu B^b Meejar iskeeliin kan isa kamtu sirriidha?
- A. B^b, E^b B. D#, A fi D^b C. B^b, A^b D. B^b, E^b fi A^b


11. Jalqabbii fiilmii keessatti namni jalqaba maqaan isaa waamamu eenyuu?
- Edwaardi Muybirijii
 - Toomas Idiseen
 - Wilbert Goldi
 - Lumiriyye Biraazer
12. Fiilmii hojjechuuf meeshaaleen barbaachisan
- | | |
|----------------------|----------------------|
| A. Kaameraa | C. Ibsaa |
| B. Sagalee waraabduu | D. Hunduu deebiidha. |
13. Tiyaatirri tokko jalqaba maal irraa eegaluu qaba?
- Yaada barreeffamu argachuu
 - Meeshaalee tiyaatiraa qopheessuu
 - Qopheessaa
 - Hunda
14. Kanneen gadii keessaa kamtu madda ogummaa tapheeti?
- Qalbeeffata
 - Sadaa
 - Tas-taphee
 - Hunduu deebiidha.

III. Gaafilee asii gadii akkaataa gaafatamteen barreessi.


- Tuutni Piichiawan muuziqaa tartiibaan dabalaan deemu yookiin hir'isaa deemu maal jeedhama?
- Furtuu Meejar iskeelii yeroo ijaarru, Sagalee ___ fi___, akkasumas, ___fi___gidduu jiru yeroo hundaa tarkaanfi walakkaa ta'uu qaba.
- Maqaan sagalee istaafii Beez kileefii gadii irratti mul'atuu maal jedhama?




4. Gabatee muuziqaa gadii irratti, F Meejar iskeelii, nootaa guutuu fayyadamuun ijaarii agarsiisi.



5. Gabatee muuziqaa gadii irratti, mallattoo furtuu **g** maayinar iskeelii kaa'uudhaan iskeelichas nootaa walakkaafi nuusaa fayyadamuun hojjadhuu agarsiisi.



6. Mallattoo furtuuwan fakkii gadii irratti gaafatamte, gabateerratti barreessuun furtuu meejar iskeelii isaan bakka bu'aniin moggaasi.



E_b Meejarii E Meejarii D_b Meejarii B Meejarii C[#] Meejarii

BOQONNAA 2

DANDEETTII KALAQAA

Bu'aawwan Barannoo Boqonnaa Kanaa:

Ga'umsa barachuu yoo xiqlaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura Barannoo Boqonnaa kanaatti:

- Garaagarummaa tireebil kileefiifi beezi kileefiifi adda baastee ni beekta.
- Yeedaloo rukuttaa sasalphaa qaban ni qayyabatta.
- Sagalee ol ka'aafi gadi bu'aa adda baaste ni hubatta.
- Hidhata wixineefi akaakuuwan og-argaa gidduu jiru niraajeffatta.
- Faayidaa wixineen diba halluu, maxxansaafi bobboca keessatti qabu nihubatta.
- Akkaataa wixineen diba halluu itti wixinamu adda nibaafatta.
- Wixine wantoota sasalphaa hojii diba halluuf ta'an niwixinta.
- Akkaataa itti yaada ofi og-tiyaatiraafi og-filmii fayyadamanii ibsatani nihubatta. Faayidaa wixineen dibahalluu, maxxansaafi bobboca keessatti qabu nihubatta.
- Akkaataa wixineen diba halluu itti wixinamu adda nibaafatta.
- Wixine wantoota sasalphaa ta'anii hojii diba halluuf niwixinta.
- Akkaataa itti yaada ofi og-tiyaatiraafi og-filmii fayyadamanii ibsatani nihubatta.

Seensa

Boqonnaa tokko keessatti hiika furtuu meejariifi maayinar akkasumas piichiifi mallatloo furtuu faayidaa isaaniis barattee jirta. Boqonnaa kana keessatti immoo waa'ee hiika sagalee olka'aafi gadi bu'aa akkasumas tireebil kileefifi beez kileefii irratti yeedaloo sasalphaa akkamiin akka gabatee muuziqaa irraa dubiiftee faarsuu dandeessu nibaratta.

Akkasumas, wixineen ka'uumsa akaakuu og-argaa hundaati. Hojii og-argaa tokko hojjechuun dura yaada walii galaa hojii hojjennu tokko wixineen agarsiisna. Kanaaf, wixineefi akaakuuwan og-argaa kanneen biroo gidduu walitti dhufeenyaa guddaatu jira. Hojiiwan og-argaa hundinuu wantootaafi akkaataa ittiin hojjetaman irratti hundaa'uun garaagarummaa niqabu. Wixineen tokkoo tokkoo isaaniif wixinamus, akkaataa amala hojii isaaniin garaagarummaa niqabaata.

Karaan yaada sammuu keenyaa ittiin ibsannu keessa tokko og-tiyaatira. Yaada tiyaatiraan ibsachuu yoo jennu namni tokko sammuusaa keessatti kuufama yaadaa hedduu qaba yoo ta'e, yaadasaa sana gara kalaqaatti jijjiiruun og-tiyaaraan ibsachuu og-danda'a. Barattoonis, yaada isaanii waan ibsachuu barbaadan og-tiyaatira gargaaramuun kan ibsatan ta'a.

2.1. Faarulee sasalphaa ta'an Kileefota Irratti barreessuu

Gaaffii Hubannoo

- Ka'uumsa sagalee qal'aa, furdaafi giddugaleessaa adda baasnee taphachuuf, dhaga'uuf ykn faarsuuf mallattoon itti gargaaramnu maalfaa dha?

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura mata duree kanaatti:

- Garaagarummaa tireebil kileefiifi beez kileefin, qabu ni ibsita.
- Faarulee sasalphaa ta'an nitaphatta.

Gocha 1

- Kileefota gabatee muuziqaa irratti fayyadamuun, maaliif barbaachise?

Faarulee sasalphaa tireebil kileefiifi beez kileefii fayyadamuun barreessuufi shaakaluuf qabiyyeewan bu'uraa adda ba'anii beekamuu qaban keessaa, akaakuu kileefotaa, mallattoo agarsiisa yeroo, piichii, yeedaloofi rukuttaan wantoota murteessoo ta'aniidha.

Mallattoon agarsiisa yeroo lakkofsaan kan ibsamuufi jalqaba gabatee muuziqaa irratti kileefiitti aanee kan barreeffamu ta'uu barattee jirta. Muuziqaan kamiyyuu rukuttaa murtaa'aa, cimaafi laafaa ta'een qindeeffama.

Mallattoon agarsiisa yeroo immoo, rukuttaa sarara qoodduu tokkoofi

kan biraa kan itti aanu gidduu jiru dhaabbataa ta'ee akka itti fufu yookiin gatii rukuttaa walfakkaataa akka qabaatu taasisa.

Lakkoofsonni lamaan jalqaba istaafii irratti baarreeffaman, hanga rukuttaa qoodduu tokko keessa jiruutiifi amala muuziqaan sun ittin qindaaye ibsu.

Innis, gubbaafi jalatti kan barreeffamu ta'ee kan gubbaarratti argamu lakkoofsa rukuttaa sarara qoodduu tokko keessa jiru kan agarsiisuufi kan gara jalaa jiru immoo nootaa kamtu rukuttaan akkamii akka kennameef kan agarsiisuudha. Kanaafis, mallattooleen agarsiisa yeroo beekamoon yeroo baayyee hojiirra oolaa jiran:

4 2 3 6
4' 4' 4' 8 fi kkf...dha.

Dabalataanis, faarulee uumuu keessatti kileefonni gabatee muuziqaa irratti barreeffamuun, akaakuu faaruu barreeffamuu sana kallattii agarsiisuun hiika akka qabaatu kan taasisanidha.

Kileefin seensa gabatee muuziqaa irratti kan barra'u ta'ee, Sagalee furdaa, giddu galeessaafi qal'aa kan ittiin adda baafnuudha. Yeroo hedduu seensa gabatee muuziqaa irratti kan barreeffamuudha. Haaluma kanaan, nootaan iddo kamitti akka barreeffamu /ka'aamu kan agarsiisanis.

Inni biroon immoo, piichii yoo ta'u innis faaruu kalaquu keessatti ga'ee kan qabu ta'ee, sagaleewan olka'oofi gadi bu'oo ta'an adda baasuuf kan nugargaaruudha.

Kan itti aanummoo ritimii yoo ta'u, innis qoqqoodamiinsa rukuttaalee faaruu kalaqamuu/uumamuu san akkamitti yeroodhaan hiramee akka ibsamu agarsiisa.

Karaa biroon immoo, yeedaloon yaa'insa sagalee qindaawaa haala gurra dhaggeeffattootaa hawwatuun uumamuudha.

Walumaagalatti faaruu adda addaa shaakaluufis ta'ee gabatee muuziqaa irratti bifa hiika qabuun ibsuuf wantoonni olitti ibsaman kуниин ga'een isaan qaban olaanaadha.

Qabxiilee kanarraa ka'uun Kanaafuu faaruu yeedaloo ykn yaa'a sagalee hawwataa ta'een, rukuttaa sasalphaa qaban kileefota fayyadamuun gabatee muuziqaa irratti barreesuu, sagaleedhaniifi meeshaa muuziqaatiin taphachuun nidanda'ama.

Jii kileefii (Tireebil kileefii) fayyadamuun faaruu rukuttaa sasalphaa gabatee muuziqaa irratti yeroo barreeffamu akka gadiitti haa ilaallu.

Fkn 1. Yeedaloo rukuttaa salphaan ijaarame

The image shows four staves of musical notation. Each staff begins with a treble clef and a key signature of one sharp (F#). The time signature is 4/4. The notation consists of quarter notes and rests. The first three staves are identical, while the fourth staff begins with a different note pattern.




Fkn 2

Fakkeenya 3 Faaruu barnootaa

Bar noo taa Bar noo taa a m mas bar noo taa

ka na taa uu qa baa ka yyon Oro mo o taa.....

Beez kileefi fayyadamuun, yeedaloo rukuttaa sasalphaa gabatee muuziqaa irratti yeroo barreefamu akka gadiitti fakkeenyaa barra'a ilaalii kan ofikeetii immoo shaakali.



Nootaaleen harka caalaatti gabatee muuziqaarra yeroo oolaniifi sarara gargaartuu (ledger line) irra oolan, muuziqaa dubbisuufis ta'ee barreessuuf kan salphatu yeroo kileefota fayyadamnudha.

Gabatee muuziqaa gadii irraa akkuma hubachuun danda'amu nootaleen tireebil kileefiifi beez kileefi irra jiran walfakkaatoodha.

Garaagarummaan jiru kan beez kileefirra jiran sarara gargaartuu irra yookaan jala gabatee muuziqaan daballee barreessuuf nugargaaran baayyeen ibsamuu isaaniiti.

Sararoota Gargaartuu


Sararonni gargaartuun, sararoota gaggabaabduu dabalataan istaafii gubbaatti ykn jalatti bakka istaafiin sagaloota sanniin hammachuu hin dandeenyetti muuziqaa barreessuuf kan tajaajiludha. Haata'u malee, baay'ina sararoota gargaartuu xiqqeessuun bifa salphaan ta'een kileefii nootaalee hunda (caalaa) hammachuu danda'utti fayyadamtu filatamaa ta'a.

Fakkeenya muuziqaa F (beez) kileefii irratti sararoota gargaartuutiin barraa'e irra, isuma sana jii(tireebil) kileefii irratti baarreesuutu gaarii akka ta'e ilaali.



Fakkii 2: 1. Fakkii Sagalee muuziqaa walfakkaatoo ta'an yeeroo tireebil kileefifi beez kileefii irratti barreeffaman agarsiisu.

Qubeen nootaa G tireebil kileefirra jiru qabee nootaa C giddu-galeessaati (C kileefii) olitti kan argamu yeroo ta'u qubeen nootaa F (beez) kileefirra jiru immoo qabee nootaa C giddu-galeessaatii gaditti argama. Kana jechuun tireebil kileefifi beez kileefin yeroo iddo tokkotti kaa'amu nootaalee daangaa sagalee (reenjii) sagalee namaafi meeshaalee muuziqaa bal'inaan agarsiisa jechuudha.



Fakkii 2:2. Fakkii Tireebil kileefifi beez kileefii gidduu, C-giddu galeessi (middle C) jiraachuu isaa argisiisa

A. Sagalee Olka'aafi Gadi Bu'aa

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban

Xumura barnoota mata duree kanaatti:

- Sagalee olka'aafi gadi bu'aa adda baastee nihimta
- Ga'ee sagalee olka'aafi gadi bu'aaan muuziqaa keessatti qabu adda baastee ni ibsita.

Yeroo sagalee olka'aafi gadi bu'aa irra deeddeebi'uun shaakallu miirri nuti piichiif qabnu dabalaan deemuun sagaleen nuti jennu ykn dhageenyu sirriitti yeedaleeffamuu isaa yookiin hanqina qabaachuu isaa addaan baasuu dandeenya. Gama biraatiin yeroo faarsinu yookiin sirbinu piichii eegnee, iskeelii keessaa osoo hinba'iin akka taphannu nutaasiisa.

Gocha 2

Shaakala gadii furtuu piyaanoofi gabatee muuziqaa walbira qabuun irra deeddeebi'uun shaakali.

(Furtuuwan cuqliisa dibaman bakka sagaleewwan akka shaakalluuf ajajamne mullisuu qofaaf.)





1. Sagalee Muuziqaa Ol-Ka'aa

Sagaleen Muuziqaa ol-ka'aa ykn qal'aan 'Jii' (Tireebil) kileefii irratti taphatama. Sagaleen muuziqaa ol-ka'aan meeshaalee muuziqaa sagalee qal'aa baasu (haayer rejisterii) jedhamanii beekamaniifi namoota warra sagalee qal'aa baasuu danda'aniin taphatama.

Gocha 3

Muuziqaa gadiitti barreeffame sagalee olka'aan (qal'aan) meeshaa muuziqaan/sagaleessuun shaakali.



2. Sagalee Muuziqaa Gadi-Bu'aa


Sagalee muuziqaa gad-bu'aan ykn furdaan 'F' (Beezi) kileefii irratti taphatama. Sagaleen muuziqaa gadi-bu'aan meeshaalee muuziqaa sagalee furdaa baasu (looyer rejisteersii) jedhamanii beekamaniifi namoota warra sagalee furdaa baasuu danda'aniin taphatama.

Gocha 4

1. Muuziqaa gaditti kaa'aman sagalee furdaan shaakali.



2. Yeedaloo gadii barsiisaa/tuu waliin ta'ii shaakali.



3.



2.2. WIXINEE DIBA HALLUUFİ MAXXANSAA

Gahumsa barachuu yoo xiqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura mata duree kanaatti:

- Wixinee diba halluufi maxxansaaf hojjetamu adda nibaasta.
- Wixinee wantoota sasalphaa ta'anii hojii diba halluuf niwixinta.
- Wixinee wixinte halluuwanitti gargaaramuun diba halluu nihojjetta.

Gocha 5

Wixineen maali?

Wixineen ka'uumsa akaakuu og-argaa hundaa akka ta'eefi, namni tokko wixinee sirriitti wixineessuu hin danda'u taanaan hojii diba halluu, bobboca, maxxansa sirriitti hojjechuu akka hin dandeenye boqonnaa darbe keessatti baratteetta. Kanaaf, wixinee sirriitti wixineessuun barbaachisaafi murteessaadha.

Sararoonni walitti dhufuun/siquun, addaan fagaachuun, walirra qaxxaamuruun haala ifummaafi dukkanaa'ummaa garaagaraa uumuu nidanda'u. Sararri tokko kan birootti yoo siqaa (maxxanaa) adeemu gaaddisa, dukkanaafi furdina adda addaa kan uumuu yoo ta'u, sararoota wal irraa butuun (*siqsuun*) agarsiisuun immoo laafina, haphinaafi ifa kan agarsiisanidha. Sararri nuti sararru furdachuu yookiin gurraacha'uun kan danda'u yoo qubeessaa yookiin waan ittiin wixinaa jirru sana jabeessinee qabannee, dhiibbaa itti taasisuun sirriitti gadi qabnee sararredha. Wixinee keessatti sararri sararame kan gurraacha'e yookiin furdate yoo ta'e, wantichii faakkeeffame dukkana yookiin gaaddisa keessa/faallaa madda ifaa jira jechuudha. Akkasumas jabinaafi ulfaatina guddaa kan qabudha.

Sararri nuti sararru qal'achuu yookiin haphachuu kan danda'u, yoo

qubeessaa ittiin wixinaa jirru sana laaffisnee qabannee, osoo dhiibbaa itti hin taasisiin sararreedha. Wixinee keessatti sararri sararame kan addaate yookiin qal'ate yoo ta'e immoo wanti nuti hojjennu kan ifni itti bahu/ kallattii madda ifaan kan jiruufi ulfaatina guddaa kan hin qabne ta'uu agarsiisa.

Kanaaf, wixinee yeroo wixinnu kan diba halluu, bobbocaa, maxxansaatiimoo kan biraati jennee addaan baasuu qabna. Wixineen wixinamu akkataa hojii/ og-arga hojjetamuun amala mataa isaafi garaagarummaa niqabaata jechuudha.

2.2.1 Wixinee Diba Halluu

Dibni halluu foormiifi halluu wanta hojjetamuu irratti xiyyeffachuu kan hojjetamudha. Diba halluu keessatti wixineen wixinamu akaakuu halluu nuti gargaaramnu irratti hundaa'uun garaagarummaa niqaba. Yoo halluu bishaaniin bulbulamitti gargaarammuun diba halluu kan hojjennu ta'e, wixineen nuti wixinnu kan sararri isaa qal'aafi haphii ta'e ta'uu qaba. Sababni isaas yoo sarara furdaa/gurraacha'aa sararree halluu bishaaniin kan hojjennu ta'e, sararri nuti jalqaba qubeessaatiin wixineessine jalaa bahee mul'ata/hin badu jechuudha. Kanaaf, sarara haphiitti garaarammuun diraqama ta'a.



Fakkii 2:3. Fakkii akkaataa wixineen diba halluu bishaaniitif hojjetamu agarsiisu.

Shaakala 1

Qajeelfama barsiisaa/tuu irraa siif darbu hordofuun gocha siif kenname hojjedhu.



1. Fakkii wixinee diba halluu bishaanii asii olii qubeessaadhaan wixini.
2. Waraqaa irratti wixinee foormii sasalphaa ta'an hojjedhu.
3. Wixineewwan hojjette sana ilaaluun wantoota fooyya'u qabu barsiisaa/tuu irraa yaada fudhachuun halluu naannootti argachuu dandeessuun dibuun agarsiisi.

2.2.2. Wixinee Bobbocaa

Oggeessi/ttiin bobbocaa tokko yaada isaa /ishee wantoota bobbocni irraa hojjetamuun bobboca/ foormii kalaquu osoo hin eegaliin duratti, wixineen isaa waraqaa irratti hojjechuu qaba/di. Sababni isaas:

- Ogeessota bobboca hojjetaniif wixinee hojjechuun kan isaan barbaachisuuf, wanta argan yookiin kalaquuf yaadan akka hin daganneef battala yaadni dhufuufitti waraqaa irratti wixinuun isaan barbaachisa. Wixineen bifa kanaan dalagamu hojii og-argaa keessatti kan xumurame miti. Garuu, hojii hojjetamuuf daandii yookiin yaadni wixineedhaan ittiin qo'atamuuti.
- Osoo hin dalagiin dura yaada ofii waliin akka haasa'an isaan gargaara.
- Wantu hojjetan sana akka sirriitti ilaalanifi gadi fageenyaan hubataniif isaan gargaara. Ogeessonni bobbocaa hojii hojjetan kallattii garaagaraan akka ilaalan isaan taasisa.
- Yaada adeemsa ogeyyiin bobbocaa tokko hojjachuuf, akkaataa, hanga, foormiin haala gaariin hojjatamee xumuramu kan ittiin gabbifataniidha.

Wixineen bobbocaafi diba hallutiif hojjetamu garaagarummaa niqaba. Sararoonii wixinee wantoota hojii bobbocaa ta'aniif hojjetamu, kan diba halluuf kan hojjetamanirra nijabaata. Akkasumas, wixineen bobbocaa qo'anno foormii irratti kan bu'uureffatedha.



Fakkii 2:4. fakkiwwan wixinee bobbocaaf hojjetamu agarsiisu.

Shaakala 3

Fakkii wixinee bobbocaaf hojjetame olii qubeessaadhaan wixini.

Shaakala 4

Qajeelfama barsiisaa/tuu irraa siif kennamu hordofuun gocha siif kenname hojjedhu.

1. Waraqaa irratti qubeessaadhaan wixinee wantoota naannootti beektu (kanneen akka jabanaa, shinii, kubbaayyaa, xuwwee, okkotee, gabateefi kan kana fakkaatan) keessaa tokko filadhoo hojjedhu.
2. Wixinee hojjette sana barsiisaan/tuun erga siif ilaaleen/teen booda yaada barsiisaa/tuu irraa siif kenname fooyyessi.
3. Itti aansuun biyyee suphee yookiin wantoota biroo naannootti argachuun dandeessu, kan bobboca hojjechuuf mijatuun wixinee wanta hojjettee sana ilaaluun bobbocaan hojjedhu. Wanta hojjetteefi faayidaa inni hawaasa keessatti qabu dareef ibsi.

2.2.3 WIXINEE MAXXANSAA

Wixineen hojjiwwan ogummaa maxxansaatiif bu'uura kan ta'effi hariiroo jabaa wal wajjiin kan qabaniidha. Fakkeenyaaaf, maxxansa isteensilii, bilookii, poostera, loogoo yookan koolaajii, moozaayikiifi kanneen biroo hojjechuuf; duraan dursa wixinee saxaxa hojjetamu barbaadame sanatu hojjetama. Erga wixineen wanta hojjetamu sanaa wixinameen booda tartiiba hojji itti aanuutti darbama.

Akkuma ogummaan maxxansa garaagarummaa qabu, tooftaan ittiin maxxanfamanis garaagara. Ogummaa maxxansa salphaan boca waraqaa irratti maxxansuun akkuma raawwatu, maxxansi sadarkaa ol aanaatti maashinoota garaagaraa gargaaramuun maxxanfamanis hedduudha. Maxxansa salphaafi turaa ta'e keessaa tokko maxxansa boca/saxaxa muka/gabatee irratti sarara baay'ee gurraacha, furdaafi ulfaataa ta'een

wixinuun, bakka sararri gurraacha'e hin jirre keessaa soofanii baasuun kan dalagamudha. Yeroo gabateen sun halluu dibamu, bakka keessaa soofamee bahe halluun hin argatu. Kanaaf, yeroo waraqaa irratti maxxansinu kan maxxanu/ waqaraa tuqu bakka duraan sarara gurraachaan saxaxni irratti wixiname yookiin kan hin soofamiin hafe ta'a.



Fakkii 2:5. Fakkii suuraa wixinee maxxansaaf hojjetamu agarsiisu.

Kana malees, Maxxansi waraqaa keessaa muranii baasuun hojjatamu isa baay'ee salphaa ta'eefi kan yeroo gabaabaa keessatti hojjatamudha. Maxxansa kana hojjachuuf waraaqaa furdaa irratti wixinee hojjachuu barbaannee sana erga wixinneen booda iddo ifaafi gaaddisa fakkiichaa adda baasuun agarsiisuun barbaachisaadha. Itti aansuun, iddo gaaddisaa murre keessan baasna, bakka ifa qabuu immoo osoo keessa hin murin irratti dhiisuun kan hojjatamuudha. Garuu, yeroo kana taasiisnu waraqaan keenya akka addaan hin ciccinne iddo wal qabsiisu akkaatuma barbaachisummaa isaatti hambisuun baay'ee barbaachisaadha. Kanaan booda waraqaa wixinee irratti hojjannee keessaa murree sana waraqaa biraa irratti qabsiisuun iddo muramee keessaa baafamee sana halluu gurraacha ispoonjiin yookiin wanta biraa ittiin dibuuf nu fayyadu kamuu gargaaramuungurraachessuudhaan kan maxxansinuu ta'a. Walumaagalatti gaheen wixinneen og-argaa keessatti qabu hedduu jechuudha.



Fakkii 2:6. Fakkii maxxansa mala waraqaa muruun hojjetame

Shaakala 5

1. Fakkii wixinee olii kan maxxansaaf hojjetame ilaaliitii qubeessaadhaan waraqaa furdaa irratti wixini.
2. Akkaataa tartiiba hojii maxxansa waraqaa muranii keessaa baasuun maxxansuu hordofuudhaan isa wixintee maxxansii dareef dhiheessi.

2.3. Ibsa yaadaa Tiyaatira, Suur-Sagaleefi suuraa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura mata duree kanaatti:

- Yaada mataa kee og-tiyaatira,suur-sagaleefi suuraan ni ibsita.

Og-tiyaatira yookaan og-filmii akkasumas suuraa fayyadamne yaada mataa keenya keessa jiru tokko ibsachuun nidanda'a. Kunis, bifa tiyaatiraatiin akka waltajjiif ta'utti qopheessuun waltajjiirratti dhiheessuudhaan yaada keenya ibsachuu yoo ta'u, og-filmiin immoo yaada keenya sana kaameeraa fayyadamuun waraabuun bifa Suur-sagaleetiin ibsachuun nidanda'ama.

Suuraan fakkii namaas ta'e bineensotaa ykn wantootaa suureffamanii fakkaattii waan barbaadame sanaa kan mul'isuudha.Kana jechuun waan suuraan sun fakkaatu ergaa mataa isaa kan qabu, miira keenyas ta'e ergaa suuraan dabarsuu dandeenyaa.Fakkeenyaaf namni tokko aaree jira yoo ta'e miira sana suuraadhaan ibsuun ni danda'ama. Fakkeenya gadii yaada tiyaatiraan ibsachuu jedhu ilaali.

Iddoon Mana maatii obbo kumsaa keessatti

Obbo Kumsaa: Ilmakoo bashannanuu na barbaachiseera

Mee muuziqaa jabanaa dalagde sana nadhageessisi.

Yeroon: Tole daadii koo atumtuu muuziqaa jabanaa ana

waliin dhaggeeffachuun anaaf gammachuu addaati sin dhageessisa(muuziqaa hujjatesana banuundhageessisa)...

Obbo Kumsaa: (Muuziqaa sana waliin akka dargaggeessaatti

shubbisa ammayyaa eegal)

(Aadde Sooreen maaltu lafa dhidhiitajettee suuta gara goor-duubaati dhufuun dhokattee yeroo ilaaltu jaarsi abbaan warraa ishii muuziqaa

jabanaa waliin shubbisu argitee qaaneffattee ofirra deebiti)

Yeroon: Ga'a daadii al tokko taa'ii nimari'annaal!

Obbo Kumsaa: Tole maal jette ilmakoo?

Yeroon: Amma ammayyummaa waliin hordofuu qabna kan durii sun siwaliin hindeemu.

Obbo Kumsaa: Isa na darbeef iyuu na aarsaa jira ati jabaadhu waan garagaraa hojjedhu an si waliinan jira .

Yeroon: Yeroon nuti keessa jirru

Giloobaalaayizeeshiniidha (ammayyummaadha).

Isa hordofuu qabna

Obbo Kumsaa: Namtichi eenyu maqaansaa naan jette?

Yeroon: (ni kolfee) Gilobaalaayizeeshiniin nama miti yeroodha malee (haati yeroon gidduudhumatti gadi baatee)

Aadde Sooree: Anaan homaa hin beektu naan jettuu kunootikaa ijoolle wajjin waan umrii keessan alaa shaakaltanii salphattanii!

Obbo Kumsaa: (Areee) Salphadhu ati maalitti beekta waan jabanaa cal'isii mana keessa taa'i (rukutuuf mana keessa olii gadi kaachisa)

Yeroon: (gidduu galee gargar qabee walitti araarsee)
daadii har'aa kaasii maqaa kiyya gara ammayyummaa kanatti naaf jijiiri.

Obbo Kumsaa: maqaankee yeroon Kan ture har'aa kaasee "time" jedhamteetta.

Fakkeenya kanaa olii irraa kan ati hubattu namni kalaqa sammuu isaa keessa jiru yaada og-tiyaatiraan ibsachuun akka danada'amuufi dandeetti kalaqa sammuu keenyaa gabbisuu akka danda'u nuhubachiisa. Karaa biraa ammo aadaa ofii dhiisanii aadaa Ormaa leellisuun akka nama qaanessu nama barsiisa.

Gama biraan yaada filmiin ibsuu keessattimmo akkuma og-tiyaatiratti

gargaaramnee yaada ibsinu akkasumas filmiitti gargaaramnee yaadas ibsachuu dandeenya. Fiilmii jechuun kalaqa yaadaa kaameeraatti ykn iskiriiniitti gargaaramnee ergaa barbaadne tokko hawaasaaf miidiyaa ittiin dabarsuudha. Fakkeenya asii gadii kalaqa filmiitiin yaadni akkaataa ittiin qophaa'u hubadhu.

Mil'uu tokko

ALA-MOORAA MANA BARUMSAA-YEROO SAAFAA

(Tolasheefi Caalaan barattoota kutaa 6^{ffaa} daree 'B' barataniidha. Wayita boqonaa isaanii gamoo abbaa darbii afurii irra dhaabbatanii Magaala Shaggar daawwatu. Socho'a namootaafi wantoota garaagaraa daawwachuun ajaa'ibsiifatu)

TOLASHEE:

Addunyaan namoota sammuu lamaa
baattatee jiraatti.

CAALAA

Maal jechuudha? Naaf hin galle!

TOLASHEE

Jechuun koo kan sammuu dukkanaafi
sammuu ifaa!

CAALAA

Ibsaa hin qabu jechuukeedhaa inni
dukkanaa sun?

TOLASHEE

Ati qoosuutti jirta an waanan taajjaben qaba.

CAALAA

Oggaa sila gamoorra turre Sana immoo
yaada baay'eetu gara sammuu
keetti dhufe jechuudhaa?

TOLASHEE

Namni tokko tokko sammuunsaa dukkana...
 jechuunkoo namni yoo itti dhufe
 akka bineensaatti ilaaluu barbaada.
 Kan sammuunsaa ifaa immoo
 yoo sareen itti dhuftellee akka
 namaatti kabajee ilaala.

CAALAA

Kun yaada ulfaataadha Tolashee!

TOLASHEE

Eeyyee, yaada nama kamittuu ulfaatuudha.
 Garuu, utuu hundi namaa sammuu ifaa
 qabaatee kabaja waliif laatee seera
 duudhaa keenya ganamaan jiraate
 jedheen hawwuu kiyya.

CAALAA

Dhiisi ati ammallee umriinkkee ijoolleedha
 hanga kana hin dhiphatin!

TOLASHEE

Ijoollummaan yaada gaarii sin dhorku
 ta'us aadaa abbootii keenyarraa
 waan gaarii yaaduu baranne

*(tasa bilbilnaan gara daree barnootaatti ol deebi'uun barnoota
 isaanii ildilee itti fufan)*

Gabaabaadhumatti fakkeenyi olii Kun akkamitti yaada kalaqa fiilmitti
 gargaaramnee akka ibsannu nu barsiisa.

Gocha 6

Og-tiyaatira, suur-sagaleefi suuraa fayyadamuun Yaada keessan
 ibsaal!


Cuunfaa Boqonnaa lamaa

- Muuziqaa tokko haala salphaan barreessuufi dubbisuuf kan dandeenyu kileefitti yoo fayyadamneedha.
- Sareroonni gargaartuu (ledger lines) muuziqaa istaafin alatti barreeffaman ittiin barreessuun kan nutajaajiludha.
- Wixineen ka'uumsa akaakuu og-argaa hundaati. Namni tokko wixinee sirriitti wixineessuu hin danda'u taanaan hojii diba halluu, bobboca, maxxansa sirriitti hojjechuuf ni rakkata jechuudha.
- Diba halluu keessatti wixineen wixinamu akaakuu halluu nuti gargaaramnu irratti hundaa'uun garaagarummaa niqaba. Kunis, wixineen nuti wixinnu kan sararri isaa qal'aafi haphii ta'e ta'uu qaba. Kana malees, maxxansaafi bobboca keessatti dursa wixinee saxaxa hojjetamu barbaadame sanatu hojjetama.
- Sararoota wal irraa butamanii sararaman laafina, haphinaafi ifa kan agarsiisanidha.
- Sararri furdachuu yookiin gurraacha'uu kan danda'u yoo qubeessaa jabeessinee qabannee dhiibbaa itti taasisuun sararredha.
- Wixineen wixinamu akkaataa og-arga hojjetamuun amala mataa isaafi garaagarummaa niqabaata.
- Diba halluu keessatti wixineen wixinamu akaakuu halluu nuti gargaaramnu irratti hundaa'uun garaagarummaa niqaba.
- Wixineen bobbocaa, wixinee diba halluuf hojjetamu irraa garaagarummaa niqaba.
- Ogummaa maxxansaa hojjetamu hunda keessatti wixineen isa bu'uuraadha.
- Kalaqni dandeettii waan haaraa agarsiisuudha.
- Og-tyiaatiraafi suur-sagaleeffi suuraa fayyadamnee yaada ofii ibsachuu nidanda'ama.


Gilgaala Boqonnaa 2

Tokkoon tokkoo nootaa gabatee muuziqaa lamaan gadii irra jiraniif, tartiiba laakkofsa isaanii qal'aa irraa gara furdaatti eegii barreessi.

A.



B.



2. Nootaawwan gadii gabatee muuziqaa gubbaafi jalatti argaman kileefii kam keessatti akka shaakaltu filadhu. Mallatoo kileefii filatte, gabateerratti erga barreessitee booda maqaa nootaa sirrii ta'ee tokkoon tokkoo nootaa jalatti barreessi.

Musical notation for Gilgaala Boqonnaa 2, Part 2, showing a sequence of notes and rests on two staves.

I. Hima dhugaa ta'een "Dhugaa" kan dogoggora ta'een immoo "Soba" jedhii deebisi.

1. Sararoota wal irraa butuun sararuun ifa kan agarsiisanidha.
2. Sararri nuti sararru furdachuu yookiin gurraacha'uu kan danda'u yoo qubeessaa laaffisnee qabnee ittiin sararredha.
3. Wixineen ogummaawwan og-argaa kaaawwaniif bu'uura.
4. Wixineen hojjetamu wanta hojjetamu irratti hundaa'a garaagarummaa hin qabu.
5. Maxxansi waraqaa muranii baasuun maxxansuu keessatti iddoon muramee bahu bakka ifaati.
6. Wixineen bobbocaafi diba hallutiif hojjetamu akaakuu tokkodha.
7. Diba halluu bishaanii keessatti sarara haphii yoo sararre, yeroo halluu irra deebinee dibnu bahee mul'achuu nidanda'a.
8. Maxxansa salphaafi turaa ta'e keessaa tokko maxxansa waraqaa muruun maxxansuuti.
9. Wixineen bobbocaa, wixinee diba halluuf hojjetamu irraa garaagarummaa niqaba.
10. Wixineefi ogummaan maxxansaa hariiroo jabaa ta'e qaba.
11. Piichiin gocha/sochii/ yeroo wajjiin qindaa'ee raawwatamuudha.
12. Kileefonni muuziqaan tokko sagalee akkamiitiin akka taphatamu agarsiisu.
13. Sararri gargaartuu muuziqaa istaafii oliin ykn istaafii gadiin barra'u kan ittiin barreessiuudha.

II. Deebii qubee sirrii ta'e filadhu.

1. maxxansa Waraqaa keessaa muruun irratti maxxansuudhaaf akaakuu waraqaa isa kamtu barbaachisa ?
 - A. Haphii
 - B. Furdaa
 - C. Bal'aa
 - D. Hunduu deebiidha.
2. Wixineen diba halluu bishaaniif hojjetamu sarara akkamiitiin wixinama?
 - A. Qal'aa
 - B. Furdaa
 - C. Ulfaataa
 - D. Deebiin hin kennamne.
3. Wixineen bobbocaa irra caalaa maal irratti xiyyeffata?
 - A. Halluu
 - B. Boca
 - C. Foormii
 - D. Sarara
4. Wixinee maxxansa salphaa sarara akkamiin dalagama?
 - A. Qal'aa
 - B. Haphii
 - C. Ifaa
 - D. deebiin hin kennamne.
5. Baay'inna nootaalee qoodduu tokko keessa jiranii kan agarsiisu

A. Kileefii	B. Mallatoo furtuu
C. Mallatoo agarsiisa yeroo	D. Piichii.
6. Maqaan sarara 4^{ffaa} istaafii beezi kileefii eenyu?

A. Mii	B. Ree
C. Laa	D. Faa
7. Mallatoo agarsiisa yeroo keessatti, lakkooftsi jalaa maal agarsiisa?

A. Akaakuu nootaa qoodduu sana keessa jiruu	B. Baay'inna nootaalee qoodduu tokko keessa jiruu
C. Rukuttaa nootaalee 1/8ffaa	D. Sagalee muuziqaan sun taphatamuun.

III. Gaaffii gadii gochaan agarsiisi

1. Yaada keessoo keetti uumame tiyaatira, suursagaleefi suuraatti fayyadamuun ibsil!

BOQONNAA 3

HAALA QABATAMAA AADAAFI SEENAA

Bu'aawwan Barannoo Boqonnaa Kanaa:

**Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban:
Xumura Barannoo Boqonnaa kanaatti:**

- Seenessa og-tiyaatiraan ni barreessita.
- Akaakuuwan meeshaalee muuziqaa aadaafi shubbisa aadaa nihubatta.
- Garaagarummaa meeshaaleen muuziqaaifi shubbisni qaban adda baastee nibeekta.
- Meeshaalee muuziqaa aadaa wantoota naannoo keetti argamu irraa nihojjetta.
- Hidhata dur-duriifi og-argaa gidduu jiru niraajeffatta.
- Faayidaa og-argaan dur-durii ibsuu keessatti qabu nihubatta.
- Akkaataa og-argaati fayyadamuun dur-duriin itti ibsamu adda nibaafatta.

Seensa

Og-tiyaatiras ta'e og-filmiin qophaa'ee dhihaachuuf jalqaba seenaan jiraachuu qaba. Seenaa og-tiyaatiraafi og-filmiif ta'u tokko madda garaagaraa irraa arganna. Maddeen seenaan irraa argaman keessaa tokko seenessa hawaasaati. Mata duree kana jalattis seenessa hawaasaa keessaa seenessa aadaa sirna mirga dubartootaa Oromoone

akkaataa kamiin akka eegu seenessa og-tiyaatiraa fayyadamuun agarsiiftu. Kana malees, tireebil kileefifi beezi kileefii akkasumas ol-ka'uumsaaf gadi bu'iinsa sagalee muuziqaa, faayidaa isaafi gabatee muuziqaa irraa akkamiin akka faarsiitu barattee jirta. Akkasumas, akkaataa meeshaalee muuziqaa aadaa itti hojjetamaniifi taphataman, hiikaafi faayidaa isaaniifi shubbisa aadaa nibaratta. Dabalataanis, aadaan kamiyyuu durdurii mataa isaa niqaba. Durduriin aadaa, seenaa, duudhaa, gootumma saba/hawaasa tokkoo agarsiisuuf hedduu fayyada. Durduriin irra caalaa og-aartiwwaniin kan agarsiisamudha.

Seenessa Og-tiyaatira Fayyadamuun Agarsiisuuf

Gahumsa barachuu yoo xiqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura barnoota mata duree kanaatti:

- Seenessa aadaa gara og-tiyaatiraatti jijiiruun ni agarsiista.

Gocha 1

1. Seenessa aadaa beektan kutaa keessatti waliif himaa.
2. Seeneffama aadaa waliif himtan keessatti hirmaattoota seenaa sanaa bakka bu'uun hiriyoota kee waliin taphadhu

Boqonnaa kana keessatti waa'ee qabatama seenaafi aadaa irratti hundaa'uun kutaawan darban keessatti afoola Oromoo irraa dubbataa turre.Afoola og-tiyaatiraafi filmiitti jijiiruu barattaniittu. Ammammoo Seenessa og-tiyaatiraan mata duree jedhu kana jalatti seenessa falaasama oromoo keessatti beekaman kanneen akka seenessa hidda latiinsa Oromoo,seenessa madda ka'uumsa Oromoo, seenessa sirna bulchiinsa Oromoo, seenessa Odaa shanan Oromoo, seenessa mirga Uumamaa fkf mirga Bineensotaa,biqilootaa,ilma

namaa, keessattuu kan dubartootaa fi kkf ilaalchisee og-tiyaatiratti jijiiruun agarsiisuun ni danda'ama. Haaluma kanaan seenessa falaasama Oromooneen mirga dubartootaa eeguu keessatti qabu akka fakkeenyaaatti fudhachuun gara og-tiyaatiraatti jijiirame haala gadiin hubadhu.

Heera Fannoo Sagalii

Barattoonni lama dubaraafi dhiirri daree isaanii keessatti waliin ta'uun waa'ee mirga dubartootaa yaada daree barnoota lamummaafi amala gaarii keessatti baratan irratti hundaa'uun waliin dubbataa jiru.

Barataa: Ayii kana booda warra dubraa kana hin dandeenyu

Barattuu 1ffaa: Maaliif?

Barataa: Mirga keessan barsiisaan gadi qabee isin barsiisee nutti dammaqsan

Barattuu 1ffaa: Nuti mirga keenya har'a sirna barnootaa irraa dhageenye seetaa?

Barataa: Eessaa dhageessee beektaree?

Barattuu: Heera Oromoo ganamaarraa, heera fannoo sagalii kan fannisaan sagaltamii sagaliitu mirga keenya nuuf eege

Barataa: Akkamitti? Falaasama akkasiimmoo eessaa fidde?

Barattuu: Dhaga'i ! falaasamni Oromoo hundi heeraa seerri gadaa akka dubartootaan eegamu beeki

Barataa: Heeraafi seerri abbootii gadaa bira jira malee isin biraa maal godha?

Barattuu: Ilaal..... Dur yeroo sirni bulchiinsi oromootaa biyya kana keessatti akka hin geggeeffamneef dhowwame barreessitoota biyya alaatiin akka barreeffamu gaafatamnaan

jaarsonni heera keenya nu jalaa jal'isanii barreessuu
 waan danda'aniif heeraa seera keenya sammuu dubartii
 ,daa'immaniifi dikee keessatti eegganna jedhanii sadarkaa
 kana nuuf kennaniiru

Barataa: Ati raajii haasofta kan biraadaraa mallatu isiitti
 kennname?

Barattuu: Adaraa caalaa bakka guddaatu nuuf kennname

Barattuu ^{2ffaa}: Sirriidha; waan shan addunyaa kanarratti mootii
 ta'an keessaa tokko dubartiidha.

Mootiin dachee karaadha;

Mootiin mukaa jirbii

Mootiin sibiilaa lilmoo

Mootiin rifeensaa nyaara

Mootiin namaad dubartii

Barataa: KKKKK! (kolfa dhiiraa)..ammallee oftuulummaa
 baay'istan isin kan seeras tumuu nuyi jechuu hin ooltan!

Barattuu ^{1ffaa}: Maarree! bara durii dubartiin gumii yaatee
 heera tumti ture

Barataa: Ani jedheera raajiin keessan hin dhumu

Barattuu ^{2ffaa}: Dhugaa bar! Heera tumte keessatti "Dubartiin
 jaamaa, duudaafi naafatti hin heerumtuu muramte" jettee
 heera murtee jennaan qaalluu gadaafi "dubartiinis qaama
 hir'u ni dhalatti ,ni fuuti ni heerumti.Kana booda dubartiin
 heera hin tumtuu muramte" jedhe malee walumaan heera
 tumaa turte.

Gaaffii marii

Seenessa falaasama Uummata Oromoo biratti beektan yoo jiraate hiriyootakee waliin daree keessatti waliif ibsaa!

3.2 Meeshaalee Muuziqaa Aadaafi Shubbisa Aadaa

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura mata duree kanaatti:

- Akkaataa qoqqoodiinsa meeshaalee muuziqaa aadaa garaagaraa ni ibsita.
- Akaakuwan meeshaalee muuziqaa aadaa nitarreessita
- Meeshaalee muuziqaa aadaa wantoota naannoo keetti argamu irraa nihojjetta.

3.2.1. Meeshaalee Muuziqaa Aadaa

Gocha 2

Gareen ta'uun meeshaa muuziqaa aadaa naannoo keessanitti argaman keessaa tokko filachuun wantoota salphaatti naannoo keessanitti argaman irraa hojjadhaatii dareef dhi'eessaa.

Meeshaaleen muuziqaa aadaa biyya keenya keessatti erga hojiirra ooluu eegalanii barri murta'aa ta'e beekamuu baatuuyyuu waggoota dheeraa akka lakkoofsisan haalli qabatamaan jiru ni mirkaneessa.

Akkuma kanabiyya keenya keessatti meeshaaleen muuziqaa aadaayeroo dheeraaf faayidaa irra oolaa turaniifi jiran lakkoofsaan hedduudha. Kana malees tiranna waligoota dheeraan booda meeshaaleen duraan jiran fooyya'uun meeshaaleen muuziqaa hammayyaa hedduun isaanii kalaqamaniiru.

Meeshaalee muuziqaa hammayyaa kan jedhaman warshaadhaan bifa walxaxaa ta'een kan hojjetaman gosa, bifaaifi boca adda addaa kan qabaniifi akkaataa garagaraatiin kan taphatamaniidha. Meeshaalee muuziqaa aadaa biyya keenya keessatti argaman iddo gurguddoo sadiitti qoodamu. Isaanis:

- A. Kan rukuttaa
- B. Kan afuuraafi
- C. Kan ribuu

A. Meeshaalee Muuziqaa Aadaa kan Rukuttaa

Gocha 3

Gosoota meeshaalee muuziqaa aadaa rukuttaa tarreesi.

Meeshaalee muuziqaa aadaa rukuttaa kan jedhaman bara durii irraa kaasee namoonni adeemsa jiruufi jirenya isaanii keessatti harka walitti ruktuufi muka walitti ruktuu irraa eegalani hanga ammaatti itti fayyadamaa jiru.

Meeshaaleen kуннеен bifaaifi boca garaagaraa kan qabaniifi yeroo adda addaatti dhimma garagaraaf kan itti fayyadamaniiidha.

Kana jechuun yeroo ayyaanawaggaa, yeroo cidhaa, yeroo waqeffannaafi k.k.f itti fayyadamu. Isaan keessaa muraasa isaanii haa ilaallu.

- Dibbee:** *Gosootni dibbee*; kanneen harkaan rukutaman dibbee xiqqaa, giddu-galeessa, gurguddaa fa'aafi Waabaa/hubboo guguddaa afaan hidhuudhaan ittiin taphatamaniidha.
- Kabalaa:** Muka xixiqaan shamarran harka lamaanitti qabatanii walitti rukutuun ittiin taphatamaniidha.
- Buushoo:** gaafa loonii guguddaarraa tolfamee, gogaa re'eetiin kan haguugame yoo ta'u, muka xiqqoodhaan rukutama.
- Marakaashaa:** Buqee hadhoftuu, keessi qulqulleeffamee,

cirracha/dhagaa xixiqqaa itti naqamee, sosochoosuun /
hargufuu taphatamuufi kkf...

B. Meeshaalee Muuziqaa Aadaa Kan Afuuraa

Meshaalee muuziqaa hafuuraa aadaa kan jedhaman kan afuufamuun taphatamaniidha. Isaan keessaas muraasni isaanii kan gadiiti.

1. **Ulullee:** meeshaa yeroo baay'ee leemman qal'aa irraa hojjatamuufi uraa/qaawwa afur kan qabuufi afuufamuun kan sagalee baasudha.
2. **Faaggaa:** Leemman furdaa ykn muka faaggaa jedhamu irraa kan hojjatamuufi innis kan hafuuraan sagalee baasuudha.
3. **Xurumbaa:** meeshaan kun yeroo baay'ee sibiilarra kan hojjatamuufi yeroo cidhaa, waamichaa fi kkf irratti afuufuu sagalee fageenyatti dhagayamu baasa.
4. **Fiingee:** Gaafa borofaa irraa kan hojjatamuufi guyyaa labsii adda ta'e jiru ummata fageenya jiruuf ergaa dabarsuuf hafuuraan sagalee kan baasudha.

Gocha 4

1. Akaaku meeshaalee muuziqaa aadaa kan afuura barreesii daree keef ibsi.
2. Meeshaaleen muuziqaa aadaa kan hafuuraa maal maal irraa akka hojjetamaniifi haala tapha isaanii ibsi.
3. Meeshaalee muuziqaa aadaa afuuraa keessaa ulullee ykn xurumba wantoota naannoo keetti argaman irraa hojjedhuu agarsiisi.

C. Meeshaalee Muuziqaa Aadaa Kan Ribuu

Gocha 5

1. Akaakuu meeshaalee muuziqaa aadaa kan ribuu barreesii daree keef ibsi.
2. Meeshaaleen muuziqaa aadaa ribuu maal mal irraa akka hojjetaman tarreesii.
3. Meeshaalee muuziqaa aadaa ribuu keessaa tokko filachuun gareen hojjedhuu agarsiisi.

Meeshaaleen muuziqaa bara durii irraa kaasee akkuma beekamu xiyya darbachuu jirbii idduufi kan kana fakkaatan irraa eegalee hanga ammaatti ammayyaa'uun hojiirra oolaa jira. Meeshaaleen muuziqaa ribuu, ribuu isaanii lamaan walitti rirriguun ykn dhooftuun fayyadamuun kan taphatamaniidha. Meeshaalee kanniin keessaa muraasni isaanii kan gadiiti.

- 1. Masiinqoo**
- 2. Kiraara**
- 3. Dubbi himaa/Baganaa/**

3.2.2. Shubbisa Aadaa

Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban

Xumura barnoota mata duree kanaatti:

- Shubbisa aadaa naannoo keetii addaan baastee ni ibsita
- Shubbisa aadaa godinaalee Oromiyaa nitarreessita.
- Shubbisa aadaa naannoo keetii tokko nihojjetta.

Gocha 6

Akkaataa shubbisni aadaa naannoo keetii itti taphatamu garee kee waliin tokko filadhuu shaakalii daree keef agarsiisi.

Shubbisni aartii yaadota, miiraafi muuxannoowwan keenya sochiin fayyadamnee kan ibsinu yoo ta'u sabni keenya akkuma saboota addunyaa kaanii saba jirenya isaa aartiin wal simsiisee jiraatuudha.

Aartiiwan keessaa shubbisni isa tokko yoo ta'u Sabni keenya miira isaa, aadaa isaafi kalaqa isaa ittiin ibsataa tureera. Kana jechuun sagaleeffi sochii qaamaan walsimsiisee bifa shubbisaatiin ibsata. Shubbisni, aadaa muuziqaa/sirba hawaasaa, sochii yeedaloon, meeshaa muuziqaaifi, meeshaa muuziqaa malees qindeessanii dhiyeessuun ni danda'ama.

Shubbisni, sochii qaamaafi miira namaa hawatuun qindaa'ee, aadaa ittiin shubbifamu sanaan dabaalamee, miira ibsachuuf kan gargaarudha. Akkuma beekkamu Oromoont, lafa bal'aafi aadaa bal'aa waan qabuuf, aadaa naannawasaa jiru hawaasa naannoo isaa irraa fagoo jiruutti agarsiisuuf, walbarsiisuudhaafis ta'ee, gosoota shubbisa aadaasaa dhalootaa dhalootatti dabarsiifis kan itti fayyadamudha.

Shubbisni sochii qaamaafi yeedaloo namootaan/shubbistootaan/ kan raawwatamu yoo ta'u, shubbisni aadaa kanneen akka: Geeloo, Kumkummee, Ragada, Dhiichisa, Shaggooyyee, Gadtumeeffi Oltumee, Tirriifi kan kana fakkaatan bal'inaan beekamu.

3.2. Dur-durii Og-argaa Fayyadamuun Fakkeessanii Agarsiisuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura mata duree kanaatti:

- Dur durii fakkiin ibsame ilaaluun nirajeeffatta.
- Faayidaa og argaan durduriin haala salphaan ibsuu keessatti qabu nihimta.
- Hidhata dur-duriifi og-argaa gidduu jiru ni raajeffatta.
- Dur-durii fakkiin ni agarsiifta.

3.3.1. Durdurii og-argaan

Gocha 7

1. Maanguddoонни durdurii yeroо haasa'an dhageessanii beektuu?
Durdurii fakkiidhaan ibsame hoo argitee beektaa?
2. Durdurii naannoo keessanitti jechamaanifi fakkiin beektan dabaree dabareen akkaataa qajeelfama barsiistuu/saa irraa isiniif kennamuun dareef ibsaa.

Durduriin dalagaa aadaafi hawaasaa ibsa. Aadaan kamiyyuu durdurii yookiin seenessa mataa isaa, kan akka bashannanaa, barnootaa, kunuunsa aadaafi duudhaatti qooddatu qaba. Durduriin seenaa, aadaa, duudhaa, gootummaa, amantaa hawaasaafi kan kana fakkaatan dhalootaa gara dhalootaatti kan dabarsudha.

Durduriin jecha/ haasaa/ afaaniin gargaaramuuniifi og-argaan immoo waraqqaafi kan kana fakkaatan irratti hojjechuun himamuu nidanda'a. Irra caalaa og-aartiwwan gargaaramuun kan himamudha. Kuniis, wanta

haasa'aan jiru gara fakkiitti jijjiruun irra caalaa ifa akka ta'uufi otoo hin dagatamiin yeroo dheeraadhaaf akka turu kan taasisudha. Sababni isaa og-aartiiwan yeroo gabaabaa keessatti odeeffannoo hedduu dabarsuu waan danda'anii jechuudha. Og-aartiiwan dur-durii ibsuuf kan gargaaran kanneen akka suuraa, fak-ibsa, waraabbii suur-sagalee, muuziqaa, waraabbii sagaleefi kan kana fakkaatanidha.

3.3.2. Faayidaa Og-Argaan Durdurii Keessatti Qabu

Marii 1

Faayidaa og-argaan durdurii ibsuu keessatti qabu maali? Garee gareen irratti mari'achuun dareef ibsaa.

Fakkiowan durdurii waan ibsaniif, uummanni seenaa /taatee darbe sanaa salphaatti akka hubataniif, aartistiin fakkiitti gargaarama. Fakkiin durdurii uummanni karaa asoosama, taphaafi walaloo agarsiisan sanaa akka dubbisan yookiin hubatan gochuu keessatti gahee guddaa qaba.

3.3.3. Fak-ibsa/Illustireeshinii

Marii 2

Ogummaa fak-ibsa jechuun maal jechuudha? Faayidaa maaliis qaba? Garee gareen irratti mari'achuun dareef ibsaa.

Wantoota uumamaa yookiin nam-tolchee naannoo tokkoo, fakkiidhaan deeggaramuun haala salphaafi ifaa ta'een barumsi yookiin ergaan barbaadame kan ittiin darbu fak-ibsa jedhama. Barreeffamni yookiin qabiyyeen tokko fakkiin deeggaramuun ergaagahaat'a'e kennuu jechuudha. Fakkeenyaaaf, dubbisa dubbisu keessatti ergaan barreeffama irra jiru sun yoo nuuf galuu dide, fakkicha irraa hubanna jechuudha. Kanaafuu ibsi fakkiidhaan deeggarame kun fak-ibsa jedhama.

Bara durii uummanni ergaafi hasawaa adda addaa kan ittiin walii dabarsaa ture keessaa sagalee ol kaasanii iyyuudhaafi kolfuudhaan akka ture seenaan ni ibsa. Yeroo booda karaa milli namaa adeemu irratti dhagaa tuuluudhaan, baala mukaa kutanii waliif kaa'uudhaaniifi kan kana fakkaataniin ergaa dabarsuu barbaadan mallatoo fakkiin deggerame hojjechuun ergaa isaanii waliif dabarsaa turan. Yeroo booda garuu, hanguma beekumsi ilma namaa dabalaa dhufe, ilmi namaa wantoota garaagaraa kalaquu yookiin yaada haaraa maddisiisuun adeemsa jiruufi jirenya isaa salphifachuu itti fufe. Ogummaa fak-ibsa kanas yoo ilaalle kanneen adeemsa jirenya ilma namaa salphaa taasisan keessaa isa tokkodha.

Ogummaan fak-ibsi hojjetamuu kan eegale bara durii yeroo dhalli namaa holqa dawoo jirenyaa taasisatee keessa jiraachaa turetti, keenyan holqaa/ dhagaa battee yookiin diriiraa ta'e irratti hojjechuu eegalan jedha seenaan yeroo waa'ee fak-ibsaa ibsu. Yeroo booda biyyoonni baha Eeshiyaa maxxansa fak-ibsa muka soofamaa irratti hojjechuu jalqabani. Bu'uruma kanaan, booda keessa muka soofamaa barreeffamoota, barruuleefi kitaabonni adda addaa maxxanfamuu eegale. Faayidaan fak-ibsi qabu hedduudha. Isaanis:

- Ragaa qabatamaa barreeffamni tokko qabu dhugummaa isaa mirkaneessa.
- Barruullee adda addaa irratti ergaa barreeffamaa ittiin dabarsuuf nugargaara.
- Kitaabolee daa'immaniif oolan irratti fakkii adda addaan deeggaramee akka maxxansamuufi ergaa barreeffamichi qabate daa'imman fakkiidhaan akka hubatan isaan taasisa.

Walumaagalatti, faayidaan fak-ibsi barreeffamaan, suuraan, dibaa halluufi kan kana fakkaatan gargaaramuun haalaan wal fudhatee akka qalbii namaa sirriitti hawwatuufi namni kamuu ilaalee hubachuu danda'utti

dur-duriis ta'e ergaa barnoota biroo dabarsuu keessatti qabu daran ol aanaadha.

Waraabessafi Harree



Bara Dur-durii Harreefi waraabessi wal hinbeekan turan. Gaaf tokko harreen sagalee waraabessaa samii keessaa dhageessee, "maaloo yaa waaqi sagalee akka kana bareedu isa qabu kana na agarsiisi" jettee waaqayyoon kadhate.

Waaqayyo akka harreefi waraabessi waliin hingalle waan beekuuf akka Harreen waraabessaa wajjin wal arguu hinqabne itti hime. Harreen garuu diddee arguuf hawwite. Waaqayyoos waraabessaa samii keessaa gadi buuse. Akka harreefi waraabessi wal arganiif waaqayyoo sababa taasisee ilmo waraabessaa ajjeese. Harreenis du'aa gahii waraabessa deemte. Harreefi ijoolleen ishee waliin deeman. Akkas jedhanii boo'an: Yeroo fagoo yuuftani asuma sagaleen keessani Halkan yoo deemtan qoreen hinwaraanu miila keessani gurracha yoo nyaattani adiidha udaan keessani Kaleessa hoo nagaadhaa har'a maaltu argate ilmo keessani? Haati ijolletti boossee yagguu xumurtu nagaa itti dhaamuuf waraabessa dhungachuuf yagguu deemtu huuruu ishee ittii cuffate. Ilmoon Harree osoo ol lixanii hin booyin sodaatanii sokkinaan, waraabessi "maal osoo nagaa natti hindhaamin deemtuu?" jedhee duukaa fiige. Isaanis ariitiin waan fiiganiif qaqqabuu dadhabee,

"Dhaqaa, booddeen keessanis kanuma kootii," jedhe waraabessi jedhama.

Gocha 8

1. Fakkeenya asii oliitti kaa'ame kana erga hubatteen booda, durdurii beektu kan biraa filachuun tokoo keessaa fak-ibsaan agarsiisi.

Cuunfaa Boqonnaa 3

- Seenessa og- tiyaatiratti jijjiiruun ni danda'ama.
- Hirmaattooni seenessa aadaa keessatti argaman akka nam-fakkiitti fudhatamuu danda'u.
- Seenessi aadaa yaada bartaphee tiyaatiraa ta'uun nitajaajila
- Durduriin seenaa, aadaa, duudhaa, gootummaa, amantaa hawaasaafi kan kana fakkaatan dhalootaa gara dhalootaatti kan dabarsudha. Kuniis, wanta haasa'aan jiru gara fakkiitti jijjiiruun irra caalaa ifa akka ta'uufi otoo hin dagatamiin yeroo dheeraadhaaf akka turu kan taasisudha
- Og-aartiiwan dur-durii himuuf gargaaran suuraa, fak-ibsa, waraabbii suur-sagalee, muuziqaa, waraabbii sagaleefi kan kana fakkaatanidha.
- Fak-ibsa jechuun barreeffamni yookiin qabiyyeen tokko fakkiin deeggaramuun ergaa gahaa ta'e kennuu jechuudha.
- Ogummaa fak-ibsaa jirenya ilma namaa salphaa kan taasisan keessaa isa tokkodha.
- Meeshaaleen muuziqaa aadaa akaakuu, bifaafi boca adda addaa kan qabaniifi akkaataa garagaraatiin kan taphatamaniidha.
- Shubbisni aartii yaadota, miiraafi muuxannoowwan keenya sochiin fayyadamnee kan ibsinuudha.

Gilgaala Boqonnaa 3

I. Gaaffilee asii gadii yoo sirrii ta'an 'Dhugaa', yoo sirrii hin taane immoo "Soba" jechuun deebisi.

1. Seenessa og- tiyaatiratti jijjiiruun hindanda'amu.
2. Hirmaattooni seenaa sheekkoo keessatti argaman akka nam-fakkii bartapheetti fudhatamuu danda'u.
3. Seenessi aadaa yaada bartaphee tiyaatiraafi fiilmii ta'uu nidanda'a
4. Dur-duriin seenaa, aadaa, duudhaa, gootummaa, amantaa dhalootaatti kan dabarsudha.
5. Dur-duriin waraqaa irratti bifa fakkiitin hojjechuun ibsamuu nidanda'a.
6. Og-aartiiwan yeroo gabaabaa keessatti odeeffannoo hedduu dabarsuu hindanda'ani.
7. Suurri dur-durii himuuf nigargaara.
8. Ibsi fakkiidhaan deeggarame kun suuraa jedhama.
9. Ogummaan fak-ibsaa jirenya ilma namaa salphaa kan taasisan keessaa isa tokkodha.
10. Meeshaaleen muuziqaa aadaa bakka gurguddoo saditti qoodamu.
11. Buushoon meeshaalee muuziqaa aadaa ribuuti.
12. Shubbisni aadaa Oromoo godinaa godinatti garaagarummaa qaba.
13. Faaggaan meeshaalee muuziqaa aadaa hafuuraati.
14. Masiinqoon meeshaa muuziqaa aadaa ribuu baay'inaan beekkamuudha.
15. Shubbisni aadaa hundaa haala itti taphamuufi yeroo itti taphatamu kan mataa ofii qaba.

Boqonnaa 4

Hawwannaan Og-aartiiwanii

4. Hojiiwan Og-Aartiiwanii hawaasaa Raajeffachuu

Bu'aawan Barannoo Boqonnaa Kanaa:

Xumura Barannoo Boqonnaa kanaatti:

- Bu'aa hojii og-aartiiwanii hawaasaa og-tiyaatiratti jijjiiruun ni raajeffatta.
- Bu'aa hojii og-argaa hawaasa keessa jiru adda baasuun niraajeffatta.
- Faayidaa og-argaan hojii hawaasaa keessatti qabu nixiinxalta.
- Faayidaa beekumsa xabboo hawaasaa muuziqaan raajeffachuuun qabu addaa nibaaffatta.

Seensa

Bu'aan hojii og-aartiiwan hawaasni tokko aadaa yookiin bartee godhatee dhalootaa gara dhaloota daddabarsaa tureefi jiru kamiiyyuu akka enyuummaa isaatti fayyadamuufi ittiin beekkamuudha. Hawaasnii kamiiyyuu beekumsa xabboo kan isaa ta'e ni qaba. Beekumsi xabboo aadaa hojii, fuudhaafi heeruma, ittiin bulmaata, jiruuf jirenya saba tokkoo hojiiwan og-aartiiwaniitin ibsama. Kun immoo, midhaginnaafi hawwatamuummaa qabaachuu bira darbee eenyuummaafi qaroominna hawaasa sanii ta'uun akka beekkamu taasisa.

4.1. Beekumsa Xabboo Hawaasaa

Og-tiyaatiraan Raajeffachuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura mata duree kanaatti:

- Beekumsa xabboo hawaasaa og-tiyaatiraan jiran niraajeffatta.

Beekumsa xabboo hawaasaa hedduutu jira. Kanneen akka dawoo gopheeffachuu, soorata bilcheessuu, adamoo, bishaan daakuu, meeshaalee soorata tolfachuu, nageenyaafi jaalala hawaasumma karaaleen ittiin eegan qabaachuufi kanneen kana fakkaatan kaasuun ni danda'ama. Akkuma boqonnaa tokko keessatti tiyaatirri waa'ee jiruufi jirenya dhala namaa kan keessatti daawwatan ta'u baratte, beekumsawan xabboo hawaasaa tiyaatiraan raajeffachuuifi ittiin barsiisaa barachuu dandeessa.

Tiyaatira beekumsa xabboo uummata Oromoo irratti xiyyeffate tiyaatira 'Gumaa kan bara 1992 Diimaa Abarraafi Mulgeetaa Nagaasatiin barreeffame keessaa Kan fudhatame akka fakkeenyatti kan asii gaditti siif dhiyaate ilaali:

Jaarsoliin lama Odaa jala taa'u. Ibsaan suuta jedheeti ifa.

Jaarsoleen lama odaa jala taa'aniiti mari'achaa jiru. Jaarsoliirraa achi hiiqanii namoonni baayyina qaban yeroo sagada jalqaban ibsaan ni ifa, caaccuufi kallacha qabataniiru. Meeshaawwan kakachiisuuf gargaaran fuuldura jaarsoolii jiru.

Tuuta namootaa- Araaraa yaa lammikoo

Loosi mala nuu himimee (2)

Colleen luugaamame

Araara yaa lammiiikoo loosi
 Mala nu himimee
 Kallachaa fi caaccuun bahe
 Araar yaa lammiiikoo
 Loosii mala nuu himimee,
 Beera kalaalee fi durba guduruun baye
 Araara yaa lammii koo
 Loosi mala nu himimee
 Jaarsa guulaa fi beera cifireen bayee
 Araar yaa lammiiikoo
 Loosi mala nu himimee
 Dhugaafi guma kennuu dhufne
 Arara yaa lammikoo
 Loosi mala nu himimee
 Nagaa busuuf waraanatu ciise
 Araara yaa lammikoo loosi
 Mala himimee!/yaadalloon nijjjirama/
 Caaccuutu dhaabbata kallachatu dhaabbata
 Adaraa waaq!
 Fardaatu luugamaan dhaabbata!
 Adaraa waaq!
 Adaraa waaq!

Obbo Jabeessa- (Warraa sagadaa jiran harkaasanii itti qabaniiti callisiisu)

Obbo Jaalata lubbuu namaatu nu harkatti bade, gumaa baafanna jedhanii sagaduu erga jalqabanii bultiin sagal guuteera. Gurbaan ajjeeses "dhiiga Buliitiin harkikoo faalamee yakka narraa dhiqaa lubbuu koo ambisaal!" jedhee erga harka

nutti kennatee bubbuleera. Ergasii sansalataan hidhamee, rifeensi irratti dheeratee, uffanni irratti xuraa'ee gaddaa jira. Kanaafuu, bitaafi mirgaan duubaafi fulduraan laalle, soorree gingilchinee dhugaa addeessinee, soba fageessinee madaala keenya dhiyeessinee akka tumanneetti, akka seera keenyaatti yabuu (dhaddacha) teenyee murtii mirkanaa kenu qabna.

Jaalataa - Dursinee yabuu ykn dhaddacha teenyeerra. Kan badeefi kan balleessee addaan baafanneera. Qorannee, qorachiifhee dhuga arganneerra. Waqoon Daangulee akka hingalafanee hubanneerra. Garuu ammas qulqulleeffachuu qabna.

Obbo Jabeessaa- Obbo Jaalataal! Jiraadhu waan sirrii dubbatte. Kallattii tuutaatti argamanii yabuu ykn dhaddacha taa'anii murtii kenuun dura dhugaa mirkaneeffachuu, ragaa qulqulleeffachuuudha. Kanaaf Waqoos ta'e bakka bu'aan lammii harkisaa dhiiga namaatiin xuraa'uu dhiisuusaa fuuldura tuutaatti kakachuu qaba. Kuni duudhaa ganamaati. /Eeboon, albeen, dhagaan, daaraan, qawween rasaasti, ibiddi, bishaan...fuuldura dhaddachaaaatti dhiyaataniiru)

Jaalataa- Gaariidha. Akka dhiyaatan haataasisamu/Dhaabaafi Waqoon xinnooshi jaarsoleerraa hiixuu turan)

Obbo Jabeessaa- Dhaabaa! Dubbiin kee dubpii dhaaba qabu haata'u. egaa araara busuuf qabbaana uumuuf nageenya dhugoomsuudhaaf aadaan keenya kabajamu qaba. Waan jaarsi biyyaa jedhe fudhachuudha. Haati lammooke bakka buute waqoon ofi ta'ee akka kakatu.

Waaqoo- /Bakka taa'e utaalee ka'eeti) Qacceen ofuma rukutteeti ofumaa iyyiti. Haadhookoon ajjeese jedheen kakadhaa?

Haaloo haadhookootiin baafadha malee /na qabaa! nagad lakkisaa jedheeti gama/

Jabeessaa- Gumaa Obboleessa keetii sagadaa jiru. Harkikee qulqulluu ta'uusaa mirkaneeffachuufi. Dubbi hingallisiin! nutti hingamin! Gamtee eessayuu hingeessu! Seera Oromoo cabsitee hin baatu! Guulaa irra ejjattee hin miliqxu. Jaarsi abaaru niballeessa eebbisu nibadhaasa kallacha irra hin tarkaanfatu jammaa bayee kallachaafi caaccuu qabatanii sagadaa jiru nu araarsaa gumaa baafannaajechaa jiru. Ati maal ta'uu keeti? Seera keenya irraa baqachuun ofirraa baqachu dha. Aadaa keenyarraa fagaachuun ofirraa fagaachuudha. Kan sin jennuu yoo diddee abaarsaan xaxamta. Duudhaafi aadaa abbaa ketiin takaalamta. Tarkaanfattee hin fagaattuu! Utaalte laga hinceetu; figgim jetta.

Waaqoo- /Imimmaan ijaa calalee/ Isinirraa baqadhee aadaa abbaa kootirraa baqadhee eessan gaya.

Jabeessaa- Ammaa karaa qabatteetta. Asi hiiqi!/ bakka meeshaawwan kakachiisuuf dhiyaatanitti siqa waqoon/

Jabeessaa- Hoodhueeboo kana ciniin! Yoon lubbuu Daangulee ajeessee dhokse eeboo kanaan lubbuun koo du'ee haadhokatu jedhi.

Waaqoo- Yoon ajeese lubbuun koo haadhokatu!

Jabeessa- Yoon ajeesee dhokse waraanni kun nadhabu, rasaasni nan dhabiin!

Waaqoo- Nandhabiin!

Jabeessa- Yoon ajjeese dhokse kuni dhagaadha xannacha hamma
dhagaa kana ga'u sammuu na haka'u jedhi

Waaqoo- sammuu na haa kaa'u

Obbo Jabeessaa- jinfuu gadi nuu dhaabbadhaa! Wali hin miidhinaa
dhugaatti nuu galaa!

Kakaatti nuu galaa! /Warra gumaa baasu Kakachiisuun ni jalqaba.
Warraa kakatu wayitii kakachiisan nijilbeefffachiisu/

Obbo jabeessaa- Gumaa namaa ni baafta

Obbo Galgaloo- Eeyee nan baasa

Obbo Jabeessaa- Gumaa booranaa hin tortorsitu

Obbo Galgaloo- hintortorsu

Obbo Jabeessaa- Margaan mana kootti hin dhalatin

Obbo Galgaloo- Mana kootti hindhalatin

Obbo Jabeessaa- Alaa mana, sa'aa nama, manaa maatii naa dhaalu

Obbo Galgaloo - Naa dhaalu

Obbo Jabeessa - Gumaan natti haagalu

Obbo Galgaloo - Natti haagalu

Obbo Jabeessaa - Akakayyuu ta'ee abbaabayyuu ta'ee akkan
akkaakayyuu lakkaawwadhusi lakkaawwatee mana
kootti haagalu

Obbo Galgaloo - Mana kootti haagalu

Obbo Jabeessaa - kanaafuu intortorsu waan amma kanaa

Obbo Galgaloo - In tortorsu waan hamma kanaaf

Obbo Jabeessaa - Warri gumaa baaftan takka nuuturaa kakaan kan
keessan ni gaya. Warri guma fudhattan asi koottaa

Obbo Jabeessaa - Dhugaa kee fudhatta malee gumaa fudhatta malee
akkatti duute daba kee himatta malee daba hin yaadduu?

Obbo Waqoo - Eeyee daba hin yaadu kenni ganamaa kaaye kenni
gaafa Booranaa baate gaafa kenni dhufte waraanni ciisee
gandaan shanaan dhaabbatee kennatti nuu galtaa

Waqoo - Eeyee nangala

Jabeessaa- Kana keessaa yoo baate, xayeen gumaa sindhaabiin?

Waqoo- Nan dhabiin

Obbo Jabeessaa- Facaasu sanyiin naan margin

Waqoo - naan margin

Obbo Jabeessaa- Dhaalattu ilmoon naan guddatin

Waqoo - Naan guddatin

Obbo Jabeessaa - Abbaan ajjeesa, ilmoon ajjeesa yoo jette waraanni
kun waraanaa waraanee sin dhabin

Waqoo - Eeyee nan dhabin

Waraana ganamaa kenni kaaye

Kan Oromoonganama kaaye

Nuti kan akkaakayuutiin kan abbaabayutiin itti dhufne
duudhaa ganamaa hin diiganne, hin diigamin!

Kana booda

Kan gumaa baaftaniis, kan gumaa fudhattanis

Gabaa tokko nagadduu

Laga tokko ceetu

Walfuutu, miinjee walkadhattu! Waliin

Nyaattu waliin dhugdu! Koottaa!

Cumaa keessaa harkka loosaa! Walqabadhaa

Dhiiga walirraa dhiqaa! (Fufaan ol jedheeti

Sansalanni irraa bu'a. Fufaanifi Galgaloon gama tokkoon, waqoofi Dhaabaan gama biraatiin harkaasaanii cumaa keessa loosaniiti walqabatu. Aannan okoleen, dammi geephaan dhiyaateera. /Damma wal afaan kaa'u!

Fakkeenyaa olii kanarraa kan barataan barachuu danda'u beekumsa xabboo Oromoo Keessaa Sirni araara buusuu aadaa uumata Oromoo ta'uusaafi Gumaan adeemsa mataa isaa kan qabu seera nama wal dhabe yookaan lubbuu balleesse jaarsoliin biyyaa walitti dhufanii mari'atanii, warra miidheefi miidhame qoratanii dhugaa barbaraadannii qaama maatii miidhamaafi isa miidhee akka duudhaa Oromootti sirna gumaatiin walitti araarsuun nagaa deebisuudha.

Seera gumaa baasuu kana keessatti akkaataa uummanni Oromoo itti kan miidhameefi kan miidhe walitti araarsuun nageenyafi jaalala hawaasummaasaa eegaa ture irraa baranna. Beekumsa xabboo og-tiyaatiraan raajeffachuu keeessatti wanti nuti irraa barannu inni guddaan faayidaa beekumsi xabboo hawaasummaa keessatti qabuudha. Dabalataanis, beekumsa xabboo hawaasa keenyaa gara og-tiyaatiraatti jijiiruun akka ittiin barachaa hawaasa keenya barsiisnuu nu akeeka.

Gocha 1

1. Beekumsa xabboo hawaasaa beektan keessaa tokko filachuun og-tiyaatiratti jijiiruun agarsiisaa.

4.2. Bu'aa Hojii og-argaa Hawaasaa Keessa Jiran

*Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gGonfachuu qaban:
Xumura mata duree kanaatti:*

- Hojii og-argaa hawaasa keessatti dalagamaa turan midhaginna inni qabu niraajeffatta.
- Bu'aa ogummaa og-argaa hawaasaaf qabuu nihimta.
- Faayidaa og-argaan aadaa hawaasaa beeksiisuu keessatti qabu adda nibaasta
- Bu'aalee hojii harkaa hubachuun kunuunsa barbaachisu ni taasista.

Marii 1

- a) Beekumsaafi Ogunmaa hawaasni ati keessa jiraattu durii kaasee ittiin beekamuufi hedduuminaan itti tajaajilamaa tureefi jiru addaan baastee beektu? Yoo beektan ta'ee garee gareen waliin erga mari'attaniin booda dareef dhiyeessaa.

Hojiiwwan og-argaa hawaasni tokko kalaqee yeroo dheraadhaaf itti fayyadamuun gara eeyummaafi qaroominna isaa ta'utti jijire akka beekkumsa xabboo hawaasichaatti fudhatama. Beekumsi kuniis, beekumsa hawaasni waggoota dheeraaf fayyadamaa ture kanneen meshaawan qonnaa, waraanaa, nyaata, kunuunsaafi eegumsa naannoo, aadaafi sirna bulchiinsaaf fayyadamaa turefaadha. Akkasumas, wantoota biroo hawaasni naannoo jiruuf jirenyaa isaa ittiingaggeeffatu baroota dheeraaf itti dhimma bahaa ture of keessatti hammata.

Kana malees, haawaasnii sirna jiruufi jirenyaa isaa keessatti mallattooleeffi fakkoominna isa ibsanifi seera adda addaa irratti

tumachuun akka beekkamtiifi qaroominna isaatti fudhatuu heddu ni qaba. Fakkeenyaaf, ummanni Oromoo sirna gadaa keessatti kannen akka odaa, kallacha, caaccuu, siinqee, halangee, teessoo aadaa, bokkuu, eeboo, gaachana, boraatii, meshaalee nyaata aadaafi dhugaatiifi kan kana fakkaatan akka eenyuummaafi qaroomina isaati kan ilaallamaniidha.

Dabalataan, hawaasni og-argaatti fayyadamuun aadaa, dur-durii, seera bulchiinsaa, afoola, barmaatileefi kan kana fakkaatan dhalootaaf achii as dabarsaa ittin dhufe keessaa tokkofi isaan baramaadha. Kunis, beekumsi xabboo hawaasni tokko hawaasa biroo irraa sirriitti ittin adda baasudha. Akkasumas, kunuunsaafi eegumsa qabeenya uumamaaf taasisuu keessattillee gahee ol aanaa taphata. Fakkeenyaaf, jechoota, mammaaksa, safuuwan garaagaraa waa'ee kunuunsaafi eegumsa uumamaa waliin wal qabatee hawaasa keessa jiran, hawaasa sanaaf odee effannoofi beekumsa dabarsuu keessatti shoora ol aanaa taphatan karaan fakkii, mallattoo, fakkoominaafi maloota hojii og-argaa birootin gargaaramuun akka ta'ee seenaawan adda addaa ni ibsu.

Walumaa galatti, hawaasni bu'aa hojii og-argaan, kan akka meeshaalee aadaa mala bobbocaa, diba halluu, kolaajiifi saxaxa adda addaatiin hojjatanii itti fayyadamuufi akka isaaniitti midhaguuf faayessaa kan turaniidha. Kanaan alas, bu'aa hojii og-argaa hawaasa keenya keessatti umrii dheeraafi akka qaroomina isaati kan beekamu keessaa inni tokko ogummaa harkaati.

Marii 2

- Ogummaa harkaa jechuun maal jechuudha?
- Wantoonni ogummaa harkaa ta'an hawaasa tokkoof bu'aa maalii qaba jettanii yaaddu? Garee gareen irratti mari'adhaatii, akkaataa garee keessaniin dareef dhiyeessaa.

Ogummaan harkaa beekumsa xabboo hawaasa keessatti argaman ta'ee, mala aadaa qofa gargaaramuun karaa wantoonni adda addaa ittiin hojjetaman jechuudha. Namoonni ogummaa harkaa hojjetan hedduun isaanii wantoota uumamaan jiran caalaattuu wantoota xabboo naannootti argaman gargaaramuun kan hojjettanidha. Oomishni hojiiwwan ogummaa harkaa beekumsa xabboo aadaa, duudhaa, amantaa, eenyummaa, qaroominafi kan kana fakkaatan keessatti argaman ibsuu nidanda'u.

Ogummaan harkaa tooftaa ogummaa ittiin hojjetamuufi meeshaalee irraa hojjetamu irratti hundaa'uun bakka adda addaatti qoodama. Isaan keessaa muraasni isaanii kan gadiiti:

1. Ogummaa suphee dhahuu
2. Ogummaa huccuu dhahuu
3. Ogummaa gogaa
4. Ogummaa hojii sibilaa
5. Ogummaa hojii mukaa
6. Hodhaa hodhuu
7. Ogummaa hojii warqeefi meetii
8. Ogummaa hojii kachoofi kan kana fakkaatanidha.

4.2.1 Ogummaa suphee dhahuu

Marii 3

Meeshaalee kanneen akka eelnee, jabanaa, okkotee, gaaniifi kan kana fakkaatan hawaasni keenya akka gabaa irraa bitaniin osoo itti hin fayyadamiin dura maaliif ibiddaan gubu/siilessu? Garee gareen irratti mari'adhaatii dareef dhiyeessaa.

Ogummaan suphee dhahuu, ogummaa bakka garaagaraatti dur irraa

kaasee hojjetamaa tureefi ammas hojjetamaa jirudha. Ogummaan suphee dhahuu biyyee suphee irraa kan hojjetamudha. Biyyeen suphee akkuma albuuda warqeefi kanneen biroo albuuda lafa keessatti argaman keessaa isa tokkodha. Albuudni biyyee suphee keessatti argamu yeroo ibiddaan gubatu amala walitti butamuu/ suntuuruu qaba. Kanaafi haawasni keenya wantoota oomisha suphee ta'an (eelee, jabanaafi kan kana fakkaatan) osoo itti hin fayyadamin dura kan isaan ibiddaan siilessan. Osoo ibiddaan hin siilessamin yoo itti fayyadamnee salphaatti cabu yookiin bishaan yaasa jechuudha.



Fakkii 4:1. Fakkii nama ogummaa suphee dhahu



Fakkii 4:2. meshaaLEE suphee irraa hojjataman ibiddaan siilessuu

Yoo osoo hin siileffamiin hafe akka cabu nibeeku. Kanimmoo namni isaanitti hime hin jiru. Durdurii eegalaniii kan dalagaa turaniifi itti fayyadamaa as gahanidha.

Shaakala 1

Biyyee suphee irraa bobboca jabanaa, eelee, xuwwee, okkotee/ootteefi kan kana fakkaatan keessaa tokko filadhuu hojjedhu.

4.2.2. Ogummaa huccuu dhahuu

Marii 4

Naannoo keetti namoonnii huccuu dhahan nijiruu? Yoo kan jiran ta'e namoonni huccuu dhahan sun huccuu maaliif dhahu? Huccuu akkamii akka dhahaniifi akkaataa isaan itti dhahan garee gareen irratti mari'adhaatii dareef dhiyeessaa.

Dhalli namaa osoo huccuu dhahee uffachuu hin jalqabiin dura, bara durii keessa wantoota baala babal'aa qaban muree ofitti naannesee hidhata ture. Yeroo booda hanguma beekumsi isaanii guddachaa dhufe gogaa bineensota adamsanii ajjeesan irraa baasuun akka huccuutti uffachuu eegalani. Haata'u malee, dandeettiin waan haaraa yaaduufi kalaquu isaanii kanaan hin dhaabbanne. Akkaataa isaaniif ta'utti huccuu dhahaniii uffachuu jalqabni.

Huccuun jirbii, kirriifi kan kana fakkaatan irraa dhahamuu nidanda'a. Huccuun jirbii irraa dhahamu kanneen akka bullukkoo, gaabii, huccuu aadaa garaagaraa kan uffatamaniifi hidhataman fa'a yommuu ta'u, kan kirrii irraa dhahaman immoo kanneen akka uffata siree, teessoo, meeshaaleetti uwvisuuf oolaniifi kan kana fakkaatanidha.

Akkaataan huccuun itti dhahamuufi wantoonni miidhaginaaf irratti

hojjetaman seenaa, duudhaa, aadaa, maalummaa, eenyummaa saba tokkoo kan ibsanidha. Fakkeenyaaf, uffanni aadaa Oromoo uffata aadaa saba biroo irraa garaagarummaa niqaba.



Fakkii 4:3. Fakkii nama ogummaa huccuu dhahuu agarsiisu

Marii 5

1. Naannoo keessanitti huccuwwan aadaa dhiiraafi shamarraniin uffataman, marxifataniifi qabataman maal maal akka ta'e garee gareen mari'adhaati ibsaa.
2. Akkasumas, yeroo akkamiifi sababa maaliif akka uffatan, hidhataniifi marxifatan, adda baasaatii garee gareen irratti mari'adhaa. Waan mari'attan immoo dareef ibsaa.

4.2.3. Ogummaa Gogaa

Marii 6

Namoonni gogaa irraa wantoota adda addaa hojjetan naannoo kee nijiruu? Yoo kan jiran ta'e gogaa irraa maal maalfaa akka hojjetan gareen irratti mari'adhaa.

Ilmi namaa bara durii irraa kaasee gogaa hojii adda addaatiif akka itti fayyadamaa tureefi ammas fayyadamaa jiru beekamaadha. Gogaa irratti saxaxa adda addaa hojjechuun meeshaalee garagaraa ittiin miidhagsachaa kan turanidha. Fakkeenyaaaf, kooraa fardaa, boraatii, afata irra ciisan, waan soorata/galaa itti baattatan, waan midhaan itti naqatan/ kal'ee, uffata, qabattoo, borsaafi kan kana fakkaatan maqaa dhahuun nidanda'ama.

Baradurii osoo waraqaan hin hojjetamiindura bakkagaraagaraa kanneen akka mana amantaa, galma mootummoota duriifi kan kana fakkaatan keessatti akka waraqqaatti irratti barreessanii itti tajaajilamaa turani. Doktora kabajaa Looreet Artisti Lammaa Guyyaa yoo ilaalle, ogummaan isaan ittiin beekaman diba halluu gogaa irratti hojjechuutiin beekamu. Kanaaf gogaan barreeffama irratti barreessuuf qofa osoo hin taane fakkiwwan/ diba halluu garaagaraa irratti hojjechuufillee tajaajilaa kan tureefi ammas bakka garaagaraatti itti tajaajilamaa kan jiranidha. Gabaabumatti, tajaajilli gogaan kennaa tureefi kennaa jiru hedduudha.

Ogummaan gogaa ogummaa harka namaan dalagamu ta'ee kan saxaxa baay'ee of keessaa qabudha. Ogummaan gogaa haala lamaan dalagama. Isaanis:

1. Erga rifeensi isaa irraa ka'een booda wixinee irratti wixinuun halluun miidhagsuu
2. Gogaa rifeensa qabu irratti wixinee barbaadame hojjechuu



Fakkii 4:4. Fakkii Doktora kabajaa Looreet Artisti Lammaa

A. Garaagarummaa ogummaa harkaafi og-argaawwanii

Lakk.	Og-argaa	Ogummaa harkaa
1.	Karaa argaan miiraafi yaada namaan akkaataa adda ta'een ibsa.	Kalaqa harka namaan wantoota kalaqamaniiti.
2.	Hojii adda ta'eefi hedduminaan nama dhuunfaan kan daanga'eedha. Kanaafuu, nama kan biroon irra deebi'amme hojjetamuu yookiin baay'ifamuu hin danda'u.	Namni kan biroo ogummaa sana hojjechuu danda'u akkataa itti hojjetame hordofee irra deebi'ee hojjechuu nidanda'a.
3.	kennaa uumamaa irratti hundaa'a.	Kennaafi dandeetti muuxannoo wanta murtaa'e tokko irratti hundaa
4.	Yaada/Miira ibsuu irratti xiyyeefata.	Wanta kalaqamee harkaan hojjetamee argame irratti xiyyeffata.
5.	Fakkiidha.	Meeshaa/ mi'adha.

4.3 Beekumsa Xabboo Hawaasaa Muuziqaan Raajeffachuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura mata duree kanaatti:

- Beekumsa xabboo hawaasni muuziqaa irratti qabu adda baastee ni ibsita
- Safuufi duudhaa hawaasichaa keessatti ga'ee beekumsi xabboon qabu nihimta.

Beekumsi xabboo hawaasni keenya muuziqaa irratti qabu kan dingisiifatamuufi barumsa bal'aa laatuudha. Kana jechuun jiruufi jirenyaa isaa keessatti gamtaa isaa eeggachuuf, hojiirratti walsi'eessuuf, quuqama isaa ibsachuuf, safuufi duudhaa hawaasichaa ittiin ibsuu, sirna amantii isaa ittiin geggeeffachuufi k.k.f. dhimma itti ba'aa tureera; ammas itti fayyadamaa jira.

Kana jechuun haalli itti sirbuun ergaa dabarfatu, meeshaan muuziqaa itti dhimma ba'uufi haalli itti shubbisu beekumsa hawaasni sun qabu calaqqisiisa. Beekumsa xabboo hawaasichaa muuziqaa keessatti calaqqisiifaman keessaa muraasni isaanii kanneen gadiiti.

A. Sirna Gadaa keessatti

Sirni Gadaa sirnoota aadaa ummata Oromoo keessaa isa hangafaafi sirna bulchiinsaati. Ummanni Oromoo bara durii irraa kaasee sirna Gadaatiin wal bulchaa waan tureef yeroo baallii Gadaa wal irraa fuudhaniifi yeroo jilaa Gadaa geggeessan muuziqaa aadaan/sirbaan walarkaa fuudhaa sirnichi hawwataa akka ta'uuf ergaa waliif dabarsu.

Sirbi Gadaa kun Ummata Oromoo hunda biratti beekamaa kan ture yoo ta'u yeroo ammaa kana garuu naannoo Oromiyaa keessatti godinaalee muraasa qofa keessatti beekkama. Karaa biroon yeroo ilaallu Kutaalee Gadaan qabu keessaa Foolleen isa tokkoodha. Foolleen sirna Gadaa keessatti kutaa Gadaa isa sadaffaa ta'ee ga'een isaa nageenya hawaasichaah tiksudha.

Turtii yeroo Foollee keessatti warri Foollee jedhaman sirba/faaruu garagaraatti fayyadamanii kan akka goota faarsuu, namoota arjaa ta'anifi amala gaarii qaban faarsuun, kan amala yaraa qaban immoo arrabsuuniifi k.k.f. tti fayyadamuun hawaasichaaf ergaa dabarsu.

Kana malees misseensonni Foollee yeroo sirni Gadaa geggeeffamu, akkasumas, ayyaanota garagaraa irratti sirboota haaraa baasuu, kan dura turan fooyessuufi hawaasaaf dhiyeessuu keessatti ga'ee olaanaa taphatu. Kun beekumsa xabboo hawaasicha muuziqaan walqabatu keessaa tokko ta'ee kan dargaggooni ulaagaa Gadaa keessa darban walitti dabarsaa deemaniidha. Dargaggooni yeroo Foollee sirbuuf bahan meeshaaleen muuziqaa isaan itti fayyadaman xurumbaafi gaachana rukutuu dha.

Gocha 2

Akkaataa sirboonni Foollee naannoo keessanitti taphatamaaniifi ergaa ittiin dabarfatan irratti mari'achuun dareef dhiheessaa.

Fakkeenyaa sirba foollee

Foolliyyoo roobaa

Birbirsi daraare yaa Foollee Yaa foollee birbirsi daraare yaa
Foollee

Birbirsi sangootaa. yaa Foollee

Mirmirsi Gadaakee.....yaa Foollee
 Gadaa Abbootaa.....yaa Foollee
 Foolliyoo roobaa
 Birbirsi daraarre yaa Foollee.....Yaa Foollee birbirsi daraare yaa
 Foollee
 Kunoo akkana wayyaa roobaa
 birbirsi daraarre yaa foollee.....Yaa foollee birbirs daraaree yaa
 foollee,
 Birbirsi jabbootaa..... yaa foollee
 Mirmirsi garaakee..... yaa foollee
 Jabeessi gadaakee..... yaa foollee
 Gadaa abbootaa..... yaa foollee
 Kunoo akkana wayyaa roobaa.
 Birbiris daraaree yaa foolle..... Yaa foollee birbirsi daraare yaa
 foollee...

B. Ateetee

Ateeteen faaruu aadaa Uummata Oromoo keessaa isa guddaafi kan
 yeroo maraa dubartootaan kan raawwatamuufi dhimma adda addaatiif
 oolu ta'ee ergaa kan qabuufi beekumsaan kan geggeeffamuuudha. Kunis:

Dhimma amantaatiif:

- ✓ Yeroo caamni dheerate rooba kadhachuuf,
- ✓ Yeroo roobni guddate nuu caamiif,

Dhimma hawaasummaaf:

- ✓ Yeroo dubartii deessuu
- ✓ Yeroo abbaan warraa arraba itti bade/dhaane/rukute/

Dhimma siyaasaatiif:

- ✓ Naannawa isaaniitti tasa waldhabdeen uumamee, gosti/qomoo

adda-aaddaa lola walitti bananii, haawwonni siinqee qabatanii
woraana gidduu seenuun woraanichi akka dhaabbatuufi araarri
akka bu'u ni taasisu.

Haala kanaan, dubartoonni yeroo ateetee bahan, siinqeefi sardoo/
coqorsa, qarruu/biyyee qarqara bishaan yaa'atii fudhatame qabatanii
ateetee jechuun faarsaa, ililchaas deemu. Faaruleen ateetee,
akkaatuma sababoota ateeteen sun ittiin wolgeettee kan agarsiisan
yoo ta'an, bifaaifi baay'inna hedduu kan qabaniidha.

Gocha 3

Ateeteen naannoo keessanitti haala kamiiin geggeeffama?
Namoota beekan gaafachuun dareef ibsaa.

Cuunfaa Boqonnaa 4

- Beekumsa xabboo tiyaatiratti jijjiiruun dhalootaa dhalootatti dabarsuu ni danda'ama.
- Beekumsa xabboo gochaan agarsiisuun, nageenyaa fi walitti dhufeenya hawaasummaa cimsuu keessatti bakka guddaa qaba
- Jaarsummaan sirna gumaa baasuu beekumsa xabboo uummata Oromooti.
- Ogummaan harkaa beekumsa xabboo hawaasa keessatti argamudha.
- Namoonni ogummaa harkaa hojjetan wantoota uumamaan jiran caalaattuu wantoota beekumsa xabboo naannootti argaman gargaaramu.
- Albuunni biyyee suphee keessatti argamu yeroo ibiddaan gubatu amala walitti butamuu/ suntuuruu qaba.
- Akkaataan huuccun itti dhahamufi wantoonni miidhaginaaf irratti hojjetaman seenaa, duudhaa, aadaa, maalummaa, eenyummaa saba tokkoo kan ibsanidha.
- Bara durii osoo waraqaan hin hojjetamiin dura gogaa irratti barreffama barreessuufi fakkii irratti kaasuun itti tajaajilamaa turani.
- Jechoonni Sirbi/faaruun aadaa irraa ijaarameefi haalli itti qindaa'ee sirbamu agarsiistuu eenyummaa sabichaa qofa osoo hin taane qaroominaafi beekumsa sabni sun irra ga'e kan agarsiisuudha.
- Aadaan eenyummaa ofi waan ta'eef kallattii hundaan kunuunfamuufi kabajaan barsiifamuun dhalootaa dhalootatti darbuu qaba.

Gilgaala Boqonnaa 4

I. Gaaffilee gadii yoo sirrii ta'an dhugaa yoo dogoggora ta'an immoo soba jechuun deebisi.

1. Beekumsa xabboo tiyaatiraan agarsiisuun nageenyaafi walitti dhufeenyaa hawaasummaa hincimsu.
2. Beekumsa xabboo hawaasaa tiyaatiratti jijjiiruun nidanda'ama.
3. Ogummaan harkaa beekumsa xabboo hawaasa keessatti argaman ta'anii, mala ammayyaan kan hojjetaman jechuudha.
4. Albuunni biyyee suphee keessatti argamu yeroo ibiddaan gubatu amala caccabuu qaba.
5. Dhalli namaa bara dur durii irraa kaasee harka isaan huccuu dhahee uffachaa ture.
6. Ilmi namaa gogaa irratti saxaxa adda addaa hojjechuun meeshaalee ittiin miidhagsachaa tureera.
7. Bara durii osoo waraqaan hin hojjetamiin dura, gogaa irratti barreessaa turani.
8. Ateeteen yeroo hundaa haawwota qofaan geggeeffama.
9. Ummanni Oromoo bara durii irraa eegalee aadaafi seenaa ofii muuziqaan ibsachaa ture.

II. Qabee deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Kamtu beekumsa xabboo uummata Oromooti.
 - A. Jila
 - B. Jaarsummaa
 - C. Gaa'ilaa
 - D. Hunduu deebiidha.
2. Namoonni ogummaa harkaa hojjetan irra **caalaa** wanta akkamiitti gargaaramuu?
 - A. Wantoota beekumsa xabboo ta'anitti.
 - B. Wantoota naannootti argamanitti.
 - C. Wantoota ammayyaa ta'anitti.
 - D. Hunduu deebiidha.

3. Oomishni hojiiwwan ogummaa harkaa kanneen gadii
keessaa isa kam ibsa?
A. Duudha B. Eenyummaa C. Seenaa D. Hunduu deebiidha.
4. Akaakuuwwan ogummaa harkaa maal irratti hundaa'uun
qoodamu?
A. Ogummaa ittiin hojjetaman. B. Meeshaa irraa hojjetaman.
C. Bara hojjetaman. D. A fi B' deebiidha.
5. Kanneen gadii keessaa kan ilmi namaa uffachaa ture isa
kami?
A. Baala babal'aa B. Gogaa Bineensotaa
C. Huccuu dhahamaa D. Hunduu deebiidha.
6. Akkaataa huccuun itti dhahamuufi wantoonni miidhaginaaf
irratti hojjetaman Kan hin ibsine isa kami?
A. Seenaa B. Maalummaa C. Aadaa D. Amantaa
7. Oomisha gogaa kan ta'e isa kami?
A. Boraatii B. Afata irra ciisan
C. Saqqii D. Hunduu deebiidha.

BOQONNAA 5

Hojiirra Oolmaa Og-Aartiiwanii

5. Hariiroo Og-Aartiiwan Dhimmoota Bilbituu Wajjiin Qaban

Bu'aawwan Barannoo Boqonnaa Kanaa:

Xumura Barannoo Boqonnaa kanaatti:

- Hariiroo og-aartiwwan qabeenya uumaamaa eeguufi tiksuu keessatti qaban nihubatta.
- Og-aartiwwan dhimmoota garaagaraa (koorniyaa, balaa tiraafikaa, HIV, koroonaa, fayyaa...) waliin walitti hidhuun ergaa dabarsuu nidandeessa.
- Hariiroo og-aartiwwan akaakuu barnootaa biroo keessatti qaban nihubatta.
- Balaa tiraafikaa, dhukkuba HIV, wantoota sammuu namaa adoochan, koorniyaa og-aartiwwanitti dhimma bahuun ni agarsiista.
- Faaruu balaa tiraafikaa, dhukkuba HIV, wantoota sammuu namaa adoochanii nifaarsita.

Seensa

Og-aartiwwan kallattiinis haa ta'u al-kallattiin barnoota akaakuu biroo barsiisuufi milkeessuu keessatti ga'ee olaanaa qaba. Keessumaa,

barnoota sadarkaa tokkoffaafi idilee duraa barsiisuuf baay'ee gargaara. Kanamalees, gaheen og-argaan kunuunsa naannoofi dhimmoota garaagaraa irratti hawaasaaf hubannoo umuu keessatti qaban danuudha. Gabaabumatti faayidaan og-aartiiwan jiruuf jirenya guyyaa guyyaa keenyaa mijataafi salphaa taasisu keessatti qaban guddaadha.

5.1. Og-aartiiwan akaakuu barnoota biroo waliin walitti Hidhuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura mata duree kanaatti:

- Faayidaa og-aartiiwan barnoota biroo barachuu keessatti qabu nihubatta.
- Faayidaa og-aartiiwan qabeenya uumamaa tiksuu keessatti qaban nihimta.
- Faayidaa og-aartiiwan qabeenya uumamaa tiksuu keessatti qaban ni ibsita.
- Harriiroo og-aartiiwan barnoota biroo waliin qaban nihimta.

Marii 1

Faayidaa og-aartiiwan barnoota biroo barachuu keessatti qabu maali? Akkaataa taa'umsa keessaniin cimdi cimdiin irratti mari'adhaatii dareef dhiyeessaa.

Gaheen og-aartiiwan barnoota biroo barachuu keessatti qaban hedduudha. Kallattiinis ta'e al kallaatti barnoota akaakuu biroo

barachuuf og-aartiitti nifayyadamna. Keessumaa, barnoota sadarkaa tokkoffaafi giddu galeessaa milkeessuu keessatti ga'een og-aartiwwan taphatu hangas jedhamee ibsamuu hin danda'u. Guutummaa guutuutti bifa jedhamuu danda'uun og-aartiwwan malee barnoota sadarkaa tokkoffaafi giddu galeessaa barachuus ta'e, milkeessuun hin yaadamu. Barnoonni saayinsiidha. Saayinsiin immoo artiidha.

Nibarreessina. Barreeffamni nuti akaakuu sararootaa garaagaraatti gargaaramnee barreessinu aartiidha. Nidubbisna, dubbisnee sagaleessinee yeedaloo itti uumhee bareechinee dubbisnu aartiidha. Tapha garaagaraa gargaaramnee inni nuti wantoota adda addaa ittiin barannu aartiidha. Gabaabumatti gahee aartiin barnoota biroo barachuu keessatti qabu hedduudha. Karaan nuti wantoota adda ittiin baasnu, karaa qaamolee miiraa keenyaani. Qaamoleen miiraa shantu jiru. Isaanis: Harkaan tuxxuquu, ijaan ilaaluu, arrabaan dhamdhamuu, gurraan dhagahuifi funyaaniin suufuudha. Kanneen shanan kun karaa odeeffannoon gara sammuu keenyaatti ittiin geeffamaniifi wantoota akkaataa uumamaafi amala isaaniitiin kan ittiin addaan baasuuf nugargaaranidha. Kanaaf, hidhata akaakuuwwan og-argaaifi qaamolee miiraa keenya gidduu jiru yoo ilaalle kanneen asiin gadiiti:

Og-argaa - Diba halluu (Ijaan ni ilaalla)

- Bobboca (Ijaan ni ilaalla, harkaanis nituxxuqna)
- Wixinee (Ijaan ni ilaalla)
- Maxxansa (Ijaan ni ilaalla) fi kan kana fakkaatan ilaaluu nidandeenya.

Muuziqaa - gurraan nidhageenya, ijaanis ni ilaallaa

Og-tiyaatira - Ijaan ni ilaalla, gurraanis nidhageenya.

Aartiin barnoota akaakuu garaagaraa waliin hariiroo qaba. Tiyaatirri waa'ee fayyaa irratti qophaa'e, qabiyyeen isaa waa'ee dhukkubaafi akkaataa daddarbaa isaa ta'uu danda'a. Tiyaatirri mala baruufi

barsiisuu irratti qophaa'e waa'ee barnootaa kaasuu mala. Gama maraan og-artiiwaan akaakuu barnoota biroo kamiyyuu waliin hariiroo qaba. Fakkeenya gadii og- tiyaatirri fayyaa waliin qindoomina qabu:
(Yeroonsaa bara koroonaan addunyaa kana weerare keessa. Ganama barii caalaafi caaltuun haala dhibee koroonaa sammuu isaanii keessatti miira dhiphinnaa agarsiisuun mul'atu)

Caalaa: Ganama har'aa miidiyaa yeroon dhaggeeffadhu
gurra qabachuu ijakoo jaamsachuutu na hafe

Caaltuu: Animmo sodaafi raafamni dhukkuba koroonaa
fayyaatti na fuudhee darbuuf jedha.

Caalaa: Lakkii Caaltuu akkasumatti sodaachuu osoo hin
taane maloota ittisa isaa sirriitti kabajnaan koroonaan
sadarkaa nu qabuu isaa xiqqaadha.

Caaltuu: Atimmmo maal qoostaa biyyi guddatan biyyi
lafti isaanii akka ajaa'ibaatti maloota garagaraa
fayyadaman iyyuu kunoo akka raafuutti dhumaa jiruu
biyyi keenyimmoo akkam taati jettee yaadda?

(Caalaafi Caaltuun utuu waliin haasa'anii dr.fayyaa naannoo isaanii itti
dhufee)

Dokteera: Wal irraa siqaa taa'aa

Caalaa: Tole

Caaltuu: Dhukkubni maatii wal irraa fageessu kun dhukkuba
jibbaa yoo jedhan salphata

Dokteera: Lakkii hubadhaa dhukkubni kun tuttuqaafi
afuuraan daddarba; fageenya keenya yoo eegganne
tatamsa'ina dhukkuba kanaa waliin hir'isuu dandeenya;
yoo mallattoon qufaa cimaafi hargansuu nutti dhaga'ame
immoo gara buufata fayyaa naannoo keessanii deemtanii
ilaalamuu qabdu.

Walumaa galatti fakkeenyi diraamaa gabaabduu olii akkamitti og-tiyaatiraafi fayyaan hariiroo akkamii akka qabaataniifi og-tiyaatiraa gargaaramnee dhimma fayyaa barsiisuu akka dandeenyu nu barsiisa.

Gocha 1

1. Og-tiyaatiraafi og-fiilmii akaakuu barnoota biroo waliinakkataa hariiroo isaa hiriyaan kee waliin mari'adhu. Yaada kee barsiisaa daree keef qoodi.
2. Ga'een og-artiiwan barnoota biroo waliin qaban maal fa'i?

5.2. Hidhata Og-Aartiiwan Qabeenya Uumamaa Eeguufi Kunuunsuu Keessatti Qaban

Faayidaa Og-Aartiiwan Qabeenya Uumamaa Eeguufi Kunuunsuu keessaatti Qabu

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura mata duree kanaatti:

- Shoora og-aartiiwan qabeenya uumamaa tiksuumi kunuunsuu keessatti qaban adda nibaasta.
- Faaruu qabeenya uumamaa tiksuumi kunuunsuu ibsu nifaarsita.

Shoorri og-aartiiwan qabeenya uumamaa tiksuumi kunuunsuu keessatti qaban ol'aanaadha. Uumama bifa dingisiifannaatiin faarsaa, bifa walalootiin miidhagina isaafi faayidaa inni dhala namaaf qabu ibsaa, xiyyeffanna itti laachuun kunuunsuu aartiin deeggarsa guddaa taasisa. Akkasumas, qabeenya uumamaa filataman irratti hojii aartistaawaa ta'an itti dabaluun akka miidhagina addaa gonfatuu taasisuun hawwata turizimiif akka oolufiifi kunuunsi ga'an akka

taasifamuuf gochuu keessatti og-a artiiwan ga'ee olaanaa qabu.
Faaruu eegumsa bosonaa ilaachisee qophaa'e gadii mee haa ilaallu.

Faaruu:- Eegumsa bosonaa

Utubaa jireenyaa

Bu'uura qabeenyaa

Faaydaa guddaa malee hin qabu hammeenya

Maaf cirra maaf gubna mee bosona keenya (x2)

Ceesisa

Yaa handhuura lubbuu

1. Mee maaliif si gubuu

Yaa dagaagsaa jiruu

Mee maaliif si ciruu

Qabeenya hunda irraa kan siin caalu hin jiru

Ilmaan namaa hunduu maqaa keetiif jiru (2)

Ceesisa

2. Amma irraa jalqabnee

Hunduu walii gallee

Bosona yaa eegnuu

Irree tokko taanee

Bosona gubuunii hamaa ta'uu beeknee

Bosona haa eegnu hunduu walii gallee (x2)

Ceesisa

=//=

Gocha 2

- Faaruu waa'ee qabeenya uumamaa ibsu gareen qopheessuun dareef dhiyeessaa.
- Walaloo qabeenya uumamaaa faarsu tokko barreessii yeedaleessii daree keetiif dhiyeessi.

A. Qabeenya uumamaa

Hiika qabeenya uumamaa akaakuu barnoota kan biroo keessatti gadi fageenyaan akka barattan beekamaadha. Haa ta'uutii, qabeenya uumamaa jechuun maal jechuudha?

Akkuma maqaa isaa irraa hubachuun danda'amu, qabeenya uumamaa jechuun uumamaan kan argaman, harka namaan kan hin tolfamne jechuudha. Wanti uumamaan argamu kamiyyuu qabeenya uumamaa jedhamnee beekama. Fakkeenyaaaf; Bineensota, Simbirroota, Albuudota, Bishaan, Lafa, Ifa, Biyyee, Qilleensa, Annisaa fi kan kana fakkaatan hunduu qabeenya uumamaa jedhamanii beekamu.

B. Qabeenya uumamaa eeguufi kunuunsuu

Gocha 3

Qabeenya uumamaa eeguufi kunuunsuun maaliif barbaachise?

Qabeenya uumamaa eeguu jechuun qabeenya uumamaa ammaafis ta'e, dhaloota dhufuuf tiksanii; kunuunsanii eeguu jechuudha. Jiruufi jireenyi ilma namaa guutummaa guutuutti qabeenya uumamaa irratti kan hirkatedha.

Qabeenyi uumamaa osoo hin jiru ta'ee, ilmi namaa jiraachuu hin danda'u. sababni isaas qabeenya uumamaa kan ta'an keessaa kan hin haareffamne nijiru. Sooranni nuti soorannuufi bishaan nuti dhugnu, qilleensi ol fudhannee gadi baafannu, bakki dawoon jirenyaaaf tolfannee itti jiraannu hunduu qabeenya uumamaa irraa kan argamanidha.

Dalagaa ilma namaa keessaa irra caalaatti fayyadamni wantoota hin haareffamnee irraa maddan, kan akka cilee/ aara boba'aawwan waarshaaleefi kan kana fakkaatan irraa gara samiitti ol gadhiifaman

akka qilleensa baramaa naannoo dacheetti argamu jeeqamu/jijjiiramu taasisa. Kanaaf, pilaanetiin keenyaafi sanyiin namaa dacheerra jiraachaa jiru akka fayyaa qabeessa ta'uufi bara dheeraa jiraatuuf, qabeenya uumamaa uumamni nubadhaase kana eeguufi kunuunsuun barbaachisaadha dhaloota hundaati.

Gocha 4

- a. Gaheen hojiiwan og argaa kallattiinis haa ta'u al kallattiin jirenya keenya keessatti qabu maalidha?
- b. Gaheen og- argaan eegumsaafi kunuunsa naannoo keessatti taphatu maali?
- c. Og-argaan akkamiinis eegumsaafi kunuunsa qabeenya uumamaa keessatti gahee ol aanaa taphachuu danda'aa? Garee gareen irratti mari'adhaatii dareef gabaasaa.

Jireenyi keenya yeroo hundaa aartiin kan guutameeffi bu'urri jirenyi keenyaas aartii irratti kan hundaa'edha. Garuu namoonni hedduun gahee aartiin jirenyi isaanii keessatti taphatuufi hangam jirenyi isaaniis aartii irratti hundaa'ee akka jiru hin hubatani. Jirenya keenya guyyaa guyyaa keessatti faayidaan og-argaan qabu kan muuziqaan qabu waliin wal fakkeinya guddaa qaba.

Og-argaan jirenyi keenya gammachiisaa, bashannansiisaafi tasgabbaa'aa akka ta'uufi akkasumas miirri adda ta'e akka nutti dhagahamu taasisa. Rakkoon ulfaataa ta'e tokko (dhiphinni guddaan) osoo numudate yookiin miirri dadhabbiin nutti dhagahamee muuziqaa yoo dhaggeeffanne nusi'eesssee/ dadammaqsee miira sirrii ta'etti akka deebinu nutaasia. Og-argaanis akkasuma nudadammaqsa.

Hubannees ta'e osoo hin hubatiin hojiiwwan og-argaan bu'uura jirenya keenya guyyaa guyyaa irratti eessattuu haa ta'u dhiibbaa nigeesisa. Dhiibbaan inni geesi su waan gaarii kan ta'e yookiin immoo gaarii kan hin taane ta'uu nidanda'a. hojiiwwan og-argaa tokko tokko miira namaa kan jeeqan, nama aarsan, dhiphina guddaa keessa kan nama galchan/ akka dhiphannu kan nutaasisan/ nijiru.

Kanaaf, miirri gaariin akka nutti dhagahamuuf hojiiwwan og-argaa akkamiitu naannoo keenyas ta'e, mana keenya keessa jira kan jedhu beekuu qabna. Hojiin og-argaa miira gaarii ta'e nutti uumu; akka nuti gammannu, tasgabboofnu, yaada gaarii akka yaannu, akkasumas wanta ta'e hojjechuuf akka nuti si'oofnu/ dadammaqnu nutaasisa.

Eessayyuu yoo deemne aartiin jira. Paarkiiwwan garaagaraa hojiiwwan bobbocaatti gargaaramuun fedhii dabaluu, odeeffannoo namootaaf dabarsu. Hojiiwwan poosteraa daandii cinaa yookiin keenyan irratti maxxanan, odeeffannoo dabarsu, dabalataanis dadammaqina nama keessatti uumu. Muuziqaa raadiyoon taphatu anniisaa nutti hora. Walumaa galatti, osoo hin hubatin/ hin beekin yeroo baay'ee galaana aartiin marfamnee yookiin liqimsamnee of argina.


Og- argaawwan eegumsaafi kunuunsa naannoo keessatti gahee ol aanaa taphatu. Mata dureewwan /qabiyyeewan hojiin og-argaa keessatti irratti hojjetaman hedduudha. Isaan keessaa muraasni isaanii:

- ↗ **Haala teessuma lafaa** (mukkeen, gaarren wal qabatoo, suulala, simbirroota, bineensota, daandii, yaa'a bisaaniifi kan kana fakkaatan of keessatti haammata.)
- ↗ **Haala teessuma magaalaa** (qamoowwan, daandii konkolaataa, konkolaataa, baabura, muka ibsaa elektirikii, shiboo elektirikiifi kan kana fakkaatan haammata.)

- ↗ **Haala teessuma galaanaa** (galaana, doonii, qurxummiileefi kan kana fakkaatan)
- ↗ **Haala teessuma samii** (duumessa, aduu, addeessa, ji'aafi kan kana fakkaatan of keessaa qaba.) fi kan kana fakkaatan irratti hundaa'uun hojjetamu.

Sababa kanaaf ogeessonni/ artistoonni/ diba halluu hojjetan; mukkeen, gaarreen, haroo, duummessaa, yaa'a bishaaniifi kan kana fakkaatan mata duree hojii isaanii taasisanii diba halluudhaan, wixineefi kan kana fakkaatan hojjechuun isaanii wantoonni olitti tarreeffaman akka mul'atan yookiin xiyyeffannoo addaa akka argatan taasiseera. Erga aartistoonni naannoo jaarraa 19^{ffaa} hedduuminaan mata dureewwan eeraman irratti xiyyeffannoona hojjetanii uummata agarsiisuu eegalaniit asitti, hojiin isaanii akka ilaalchi namootaa uumamaaf qaban jijiiramu, uumama akka jaalataniifi raajeffatan isaan taasiseera.

Biyyoota garaagaraa keessatti agarsiisa hojii namoota kanaa booda, miidhaginniifi barbaachisummaan bakkeewwan uumamaan hawwatoo ta'an hedduun isaanii beekamtii argachuun akka paarkii biyyalessaatti hundaa'uun kunuunsii/ eegumsi addaa akka ta'uuf hojjetameera. Kuni kan ta'e sababa hojii aartistootatiini. Har'as ta'u, hojiwwan og-argaa eegumsaafi kunuunsa qabeenya uumamaaf ta'u keessatti gahee hangas hin jedhamne taphachaa jiru.



Fakkii 1. Fakkii hojii diba halluu qulqullina naannoo agarsiisu

A. Bineensotaafi Simbirroota bosonaa eeguu

Sababni inni guddaan eegumsi bineensotaafi simbirrootaaf barbaachiseef akkaataa faca'insa isaanii eeguufi guddisuufidha. Akkasumas, akka isaan miidhamanii hin banneefi wal horaniif gargaara. Akaakuuwwan simbirrootaafi bineensotaa hedduun dacheerraa badaa waan jiraniif, lubbuun jiraatanii turuufi wal horanii dhaloota dhufuuf darbuuf, eegumsiifi kunuunsi taasifamuufi qabu daran ol aanaadha. Keessumaa addatti bineensotas ta'an simbirroota naannoo yookiin biyya biraatti hin argamneef xiyyeffannoona addaa taasisamuu qaba. Fakkeenyaaaf, Jeedala diimtuu, Gadamsta/Niyaalaa, Waaliyaa Ayibeeksii, Jaldeessa cilaadaafi kan kana fakkaatan.



Fakkii 2. Suuraa Jeedala Diimtuu agarsiisu

Shaakala 1

Fakkii Jeedala Diimtuu olitti argitu waan barbaadde irraa hojjedhuu agarsiisi.

B. Kunuunsaafi Egumsa Lafaa

Haala jijjiirama qilleensaa waliin wal qabatee egeree/fuuldurri pilaaneetii/ dachee keenyaa baay'ee yaaddessaadha. Dachee kana dhaloota dhufuuf tursiisuuf, ilmi namaan taateewwan naannoo lafaa miidhan hir'isuun waan uumama fayyadu dalaguu qaba.



Fakkii 3. fakkii hojii diba halluu teessuma lafaa agarsiisu

C. Fayyaa Namaa Eeguu


Sababni inni guddaan eegumsaafi kunuunsa qabeenya uumamaa irratti hojjechuun barbaachiseef, dhiibbaa fayyaa dhala namaa irratti waan qabuufidha. Naannoo bineensonnis ta'an simbirroonni addatti jiraatan/ Bidoolee/ qabaachuun baay'ee barbaachisaadha.

Bidooleen addatti jiraachuun dhukkuboonni daddarboon bineensota irraa gara namaatti akka hin dabarre gargaara. Garuu kuni ta'u baannaan carraa bineensoni bosonaafi beelladoonni manaa waliin bakka tokko ooluu ni uumama. Kunimmoo dhukkubni daddarbaan bineensota irraa gara beelladootaatti, beelladoota irraa gara namaatti akka darbu karaa bana. Akkaataa kanaan kunuunsiifi eegumsi sirriin addatti bineensotaafi simbirrootaaf hin ta'u taanaan, fayyaa dhala namaa miidhuu nidanda'a. Akkasumas, daawwaa namni bineensotaafi biqiloota adda addaa irraa qopheessee fayyaa isaa itti eeggachuuf ittiin fayyadamu dibuu nidanda'a.



Fakkii 4. Fakkii akkaataa faalamni naannoo fayyaa namaa itti hubuu danda'u agarsiisu.

Faalamni qilleensaas daran hammaatee fayyaa dhala namaa balaa irraan qaqqabsiisuu nidanda'a. Walumaagalatti waa'ee eegumsaafi kunuunsa qabeenya uumamaa dubbachuu jechuun, fuulduree/ borii keenya kunuunsuu jechuudha.



Fakkii 5. Fakkii faalama qilleensa agarsiisu

Shaakala 2

Fakkii faalama qilleensa agarsiisu olitti argitu barruullee kee irratti kaasi.

5.3. Hariiroo Og-aartiiwan Dhimmoota Bilbiltuu Waliin Qabu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate barattooni gonfachuu qaban:

Xumura mata duree kanaatti:

- Walitti dhufeenyaa og-aartiiwan dhimmoota garaagaraa waliin qaban adda ni baasta.

Gocha 5

1. Faaruu qabiyyeen isaa dhimma:

- ☞ Jiruuf jirenyaa
- ☞ Koorniyaa,
- ☞ Balaa tiraafikaa,
- ☞ HIV,
- ☞ Koroonaa
- ☞ Jijjiirama qilleensaafi kkf

Dhimmoota bilbiltuu oliitiif, kanneen biroos keessaa tokko filachuun gareen walaloofi yedaloo qopheessaatii, keeroogiraafidhaan shaakaltanii dareef dabaree dabareen dhi'eessaa.

Og-aartiiwan dhimmoota garagaraa waliin kallattiinis ta'e al-kallattiin hariiroo guddaa qabu. Keessumaa, jiruuf-jirenyaa, dhibee daddarboo, balaa tiraafikaa, jijjiirama qilleensaa, walqixxummaa koorniyaa kkf faaruudhaan, gochaafi keeroograafidhaan /shubbisaan dhiyeessuun nidanda'ama. Kunis miidhaa wantootni kunniin qabaniifi furmaata isaa faaruufi shubbisaan dhaan hawaasa bal'aa biraan gahuu keessatti og-aartiiwan iddo olaanaa qabu.

Fakkeenyaaaf, balaa tiraafiikaafi dhukkuba daddarboo garagaraa irratti ummanni hubannoo argatee akka of-eeggannoo taasisu karaa

miidiyaatiin, faaruun qindaa'ee hawaasa barsiisuu keessatti gahee guddaa qaba. Kana malees walqixxummaa koorniyaa karaa faaruu, fakkiifi gochaan agarsiisuun nidanda'ama.

Og-argaa tiyaatiraafi filmiin tokko yommuu dhukkubni daddarbaafi dhibeen balaa tasaa, kanneen dhukkuba HIV, Covid 19, weerara bookee busaafi balaa tiraafikaa irratti barnoota kennuufi barsiisuun karaa ittin dhibee irraa of qusatani, hubannoo kennan keessaa tokkodha.

Qophii bashananaa dhimmoota akka biyyaatti jiran konfirensii garaagaraa, ajandaa mootummaafi miti mootummaa keessatti, tiyaatira gabaabaafi akka fiilmii gabaabaan dhiyeessuun beekamaadha. Kanneen akka beeksisa, yaadachiisaafi kanneen biroo kana waliin wal fakkaatan baay'ee keessatti tiyaatiraafi filmiin ni argamu.

Cuunfaa Boqonnaa 5

- Gaheen og-aartii barnoota biroo keessatti qabu hedduudha.
- Barreeffamni nuti akaakuu sararootaa garaagaraatti gargaaramnee barreessinu aartiidha.
- Qabeenya uumamaa eeguu jechuun qabeenya uumamaa ammaafis ta'e, dhaloota dhufuuf tiksanii; kunuunsanii eeguu jechuudha.
- Eessayyuu yoo deemne aartiin jira.
- Qabeenya uumamaa jechuun uumamaan kan argaman, harka namaan kan hin tolfamne jechuudha.
- Qabeenyi uumamaa osoo hin jiru ta'ee, ilmi namaa jiraachuu hin danda'u.
- Og- argaawan eegumsaafi kunuunsa naannoo keessatti gahee ol aanaa taphatu.

Gilgaala Boqonnaa 5

Gaaffiilee gadiitiif hima sirrii ta'een Dhugaa kan sirrii hin taaneen immoo Soba jechuun deebii kenni.

1. Gaheen og-aartii barnoota biroo keessatti qabu hedduudha.
2. Barnoota akaakuu biroo barachuuf og-argaan hin fayyadu.
3. Barreeffamni nuti akaakuu sararootaa garaagaraatti gargaaramnee barreessinu aartiidha.
4. Diba halluu harkaan ni qaqqabama.
5. Og-aartiitti gargaaramuu ofitti amanamummaa barattootaa ni gabbisa.
6. Jireenyi keenya yeroo hundaa aartii kan guutamedha.
7. Akaakuuwan og-argaaifi qaamolee miiraa keenya gidduu hidhanni nijira.
8. Hojiin og-tiyaatiraa ijaan ni ilaalla, gurraanis ni dhageeffatama.
9. Qabeenyu uumamaa harka namaan kan tolfammedha.
10. Qabeenyu uumamaa osoo hin jiru ta'ee, ilmi namaa jiraachuu hin danda'u.
11. Jireenyu keenya guyyaa guyyaa keessatti faayidaan og-argaan qabu kan muuziqaan qabu waliin wal fakkeenyu guddaa qaba.
12. Jireenyu keenya yeroo hundaa aartiin kan guutameefi bu'urri jireenyu keenyaas aartii irratti kan hundaa'e miti.
13. Hojiiwan og-argaa yeroo maraa miira gaarii ta'e nutti uumu.
14. Og- argaawwan eegumsaafi kunuunsa naannoo keessatti gahee taphatu hin qabu.



Biirro Barnootaa Oromiyaa 2014/2022

OG-AARTIIWWAN

**Kitaaba Barattootaa
Kutaa 6**

Gatii _____